

**INSTITIYUUTHI LEENJII OGEESSOTA QAAMOOLEE HAQAA FI  
QO'ANNOO SEERAA OROMIYAA**



**SAKKATA'INSA FEDHII LEENJII FI QORANNOO QAAMOOLEE HAQAA  
NAANNOO OROMIYAA BARA 2007**

**Qorattooni:** Alamaayyoo Waaggaarii

Abdusalaam Aabbee

Geetaachoo Fayyeeraa

Shaambal Hordofaa

Tolasaa Damee

**Fulbaana 2007, ILOQHQS**

**ADAMAA**

## Contents

BOQONNAA TOKKO.....	5
GUMEE QORANNOO SAKKATA'INSA FEDHII LEENJII FI QORANNOO QAAMOLEE HAQAA NAANNOO OROMIYAA .....	5
1. Seensa .....	5
2. Hima Rakkoo .....	8
3. Kaayyoo Qorannoo .....	8
4. Daanga Qorannichaa.....	9
5. Faayidaa Qorannichaa.....	9
6. Fayyadamtoota Qorannoo.....	9
7. Mala Qorannoo .....	10
BOQONNAA LAMA.....	11
DAATAA FEDHII LEENJII FI QORANNOO QAAMOLEE HAQAA BARA 2007.....	11
Seensa .....	11
2.1. Fedhii Leenjii Mana Murtii Kan Bara 2007.....	12
2.1.1. Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa .....	12
I) Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa Mana Murtii Aanaa.....	12
A) Dhimmoota seera yakkaa.....	12
B) Seera Adeemsa Falmii Yakkaa .....	14
C) Seera Maatii, Seera Hojjataa fi Hojjachiisaa, Itti gaafatamummaa Waliigalteen alaa, Lafa Baadiyyaa .....	15
G) Dhimmoota Biroo .....	20
II) Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa Mana Murtii Ol'aanaa.....	21
A) Seera Yakkaa fi Adeemsa falmii yakkaa .....	21
B) Labsiiwwan.....	23
C) Seera Hariiroo Hawaasaa.....	24
D) Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa.....	25
E) Seera Daldalaa fi seera kalaqasammuu .....	26
F) Dhimmoota biroo .....	27
III) Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa MMWO .....	28

A) Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa.....	28
B) Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa.....	30
C) Waliigalaa Seera Daldalaa Fi Kalaqa Sammuu .....	31
D) Labsiiwwan biroo .....	32
E) Dhimmoota Biroo .....	32
IV) Fedhii Leenjii Ofiiseeroota Seeraa.....	33
2.2. Daataa Bar-Gaaffii Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa/Waajjira Haqaa/ fi Abukaatoo ittisaa.....	36
I) Fedhii leenjii Abbootii Alangaa Aanaa .....	36
A) Seera yakkaa .....	36
B) Seera Adeemsa Falmii Yakkaa .....	37
C) Labsiiwwan Adda Addaa.....	38
D) Dhimmoota Biroo .....	39
II) Fedhii leenjii Abbootii Alangaa Godinaa fi Abuukaatoo Ittisaa.....	40
A) Seera yakkaa .....	40
B) Seera Adeemsa Falmii Yakkaa .....	41
C) Labsiiwwan.....	42
D) Dhimmoota Biroo .....	43
III) Fedhii leenjii Abbootii Alangaa Naannoo fi Abbootii Alangaa koomishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa.....	44
A) Seera yakkaa .....	44
B) Seera Adeemsa Falmii Yakkaa .....	45
C) Labsiiwwan.....	47
D) Dhimmoota Biroo .....	48
2.3 Fedhii Lenjii Qoratoota Poolisiitiif Dhiyaatee.....	49
2.4. Daataa Sakatta'a Fedhii Qorannoo Agarsiisu.....	53
BOQONNAA SADI .....	55
XIINXALA DAATAA fi SADARKEESSA MATADUREEWWAN LEENJII HOJIIRRAA fi QORANNOO BARA 2007.....	55
Seensa .....	55
3.1 Xiinxala Daataa fi Sadarkeessa Duraa Duuba Mata Dureewwan Leenjii.....	56
3.1.1 Xiinxala Daataa fi Sadarkeessa Duraa Duuba Mata Dureewwan Leenjii Abbootii Seeraa Manneen Murtii Aanaa, Ol'aanaa fi MMWO.....	56

I)	Seera Yakkaa fi Adeemsa Falmii Yakkaa.....	58
II)	Labsiiwwan adda addaa .....	61
III)	Hariiroo Hawwasaa.....	64
IV)	Dhimoota Hariiroo Hawwasaa Biroo.....	67
V)	Dhimoota Seera Adeemsa Hariiroo Hawwasaa .....	69
VI)	Dhimoota Biroo .....	72
VII)	Sakkata’a Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Bifa Af-Gaaffiin Argamanii fi Kanneen Sadarkaa Hinarganne.....	73
VIII)	Fedhii Leenjii Ofiiseeroota Seeraa.....	74
3.1.2. Xiinxala Daataa fi Sadarkeessa Duraa Duuba Matadureewwan Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa fi A/Ittisaa .....		
		78
I)	Seera Yakka Ilaalchisee .....	83
II)	Labsiiwwan Adda Addaa.....	86
III)	Seera Deemsa Falmii Yakkaa .....	88
IV)	Dhimmoota Biroo .....	91
V)	Sakkata’a Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Bifa Af-Gaaffiin Argamanii fi Kanneen Sadarkaa Hinarganne.....	94
VI)	Dhimmoota Dabalataan Abbootiin Alangaa fi A/Ittisaa fedhii Leenjii irratti qaban Bar-Gaaffiirra Kan Walitti Qabaman.....	97
3.1.3. Fedhii Lenjii Qoratoota Poolisiitiif Dhiyaatee.....		
		99
3.2. Daataa Sakatta’a Fedhii Qorannoo Agarsiisu .....		
		103
1.	Ragaa Sobaa Barreefamaa .....	105
2.	Rakkoowwan Wixinee Seeraa, Adeemsa Seera Baasuu fi Hojirra Oolmaa Seeroota Caffee Bahan Walqabate Rakkoowwan Mul’atan.....	106
3.	Qorannoo Fooreensiikii.....	108
4.	Raawwii Seera Liizii.....	109
5.	Dhimma Hariiroo Hawwasaa Keessatti Gahee A/A .....	110
6.	Rakkoolee Naamusa Ogeessoota Qaamoole Haqaa.....	112
7.	Waliigaltee Hojjataaf Hojjachiisaa .....	113
8.	Daangaa fi Walitti Dhufeenya Hoji Bulchiinsa Mana Murtii fi Bulchiinsa Dhimmaa.....	115
9.	Hojirra Oolmaa Kominiitii Poolisiingii .....	115
	Dhimmoota Qorannoon Akka Irratti Gaggeeffamu Akeekaman Biroo .....	116
3.3. YAADA GUDUUNFAA.....		
		121

## **BOQONNAA TOKKO**

### **GUMEE QORANNOO SAKKATA'INSA FEDHII LEENJII FI QORANNOO QAAMOLEE HAQAA NAANNOO OROMIYAA**

#### **1. Seensa**

Naannoo tokko keessatti kenniinsi tajaajila haqaa saffisa, qulqullinaa fi dhaqqabamummaa qabu jiraachuun murteessaadha. Garuu haalli tajaajila kenniinsa haqaa naannoo keenyaa baroota hedduu darban keessa rakkoo walxaxaa keessa waan tureef tajaajila hawwataa hawaasaaf kenneera jechuun hin danda'amu. Sirna haqaa rakkoo walxaxaa keessa ture kan akka hanqina humna namaa, ogummaa,naamusaa fi gahumsa tajaajiltummaa kana furuudhaaf Inistiitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamoolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa danbii lakk 77/99 tiin akka mootummaa naannoo Oromiyaatti hundeeffame.Kaayyoon Inistiitiyuutii kanaas,ogeessota seeraa kabajamuu Heera Mootummaa fi sirna Heera Mootummaatiin hundeeffame kutannoodhaan dhaabbatan baay'inaa fi qulqullina barbaadamuun horachuu;Sirna haqaa naannichaa ogeessota dandeettii olaanaa,naamusa gaarii akkasumas amantaa ummataa fi quuqama qabaniin akka ijaaramu gochuu fi qo'annoo seeraa taasisuun rakkoo sirna haqaa naannichaa hiikuu fi

dhimmoota seeronni haaraan bahuuf yookiin kan hojii irra jiran akka fooyya'uu qaban qaama dhimmi ilaaluuf dhiyeessuu dha.

Bu'uuruma kanaan, Inistiitiyuutichi kaayyoo hundaa'e galmaan ga'uuf adda dureedhaan ogeessota haaraan gara qaamoolee haqaa naannichaatti osoo hin makamiin dura leenjii hojiin duraa,qaamolee haqaa hojii irra jiraniif immoo leenjii hojiirraa yeroo dheeraa fi gabaabaa kennaa jira.Akkasumas, hojmaannii fi kenninsi tajaajila qaamoolee haqaa bu'aa qabeessaa fi iftoomina akka qabaatanii fi sirnichi hammayyaawaa akka ta'uuf,rakkoolee qaamoolee haqaa keessatti mul'atan hiikuuf qorannoo fi qo'annoo fedhii maamiltootaa giddugaleessa godhate gaggeessuun yaada furmaataa burqisiisuun fooyya'insa sirnichaaf gahee isaa bahaa jira.<sup>1</sup>

Kenninsa tajaajila leenjii fi gaggeessa qorannoo bu'aa barbaadamu argamsiisuuf dursee odeeffannoo kam irratti akka kennamuu fi gaggeeffamuu qabu qaama tajaajila sana irraa kallattiin bu'aa argatu irraa sakatta'a fedhii gaggeessuun dirqama. Kanaaf, sagantaan fedhii fi bu'aa sakatta'uun tarkaanfiwwan tarsimoo'aa 11 keessa akka tokkootti fudhatamee irratti hojjetamaa jira.<sup>2</sup>

Kanaafuu, sagantaa leenjii qopheessuun dura sagantaan sun fedhii leenjifamtootaa fi hojmaatni barbaadu irratti kan bu'uureffatee ta'uu qaba. Kunis iddoo isaan hir'ina qaban irratti leenjii kennuun dandeettiin leenjifamtootaa akka fooyya'u taasisa. Kana gochuuf immoo dursamee feedhiin naannoo irratti jiru, eenyuuf leenjiin akkamii? Yeroo akkamiitti? Kennamuu akka qabu, akkasumas rakkowwan hojmaataan walqabatani qamolee haqaa keessatti mul'atan qorannoon furuuf naannoo qorannoon irratti gaggeeffamuu qabu sakatta'uun barbaachisaa dha. Fedhii leenjii fi qorannoo gaggeessuun hoggansi bu'a qabeessumma sagantaalee kanaa fi baajata irratti murtii sirrii akka kennuuf gahee olaanaa qaba.

Sakatta'insa fedhii maamilaa jechuun, adeemsa garaagarummaan hojii hojjetamaa jiruu fi fedhiin maamilaa ittiin wal-simuu danda'udha.Kunis hojmaata keessatti hanqinaalee mul'atan irratti

---

<sup>1</sup> Sirna madaallii bu'aa karoora tarsii moo ILQSO, bara 2003 kan hin maxxanfamne

<sup>2</sup> Sirna madaallii bu'aa karoora tarsii moo ILQSO, bara 2003 kan hin maxxanfamne, fuula 89.

furmaanni kennamee fedhii maamilaa guutuun akka hojjetamuu taasisa.<sup>3</sup>Yaada kana barreefamni tokko akka itti aanutti ibsa:

*Needs assessment is a systematic process for determining and addressing needs or “gaps” between current conditions and desired conditions or “wants.” The discrepancy between the current conditions and the wanted conditions must be measured to appropriately identify the need. The need can be a desire to improve current performance or to correct a deficiency.*<sup>4</sup>

Dabalataanis,hayyuun ‘Jacob Converstone’ jedhamu sakatta’insa fedhiif hiikkaa yoo kennu ‘needs assessment is the process of identifying and measuring areas of improvement in target audience and determining the methods to achieve improvement’<sup>5</sup> jechuun teechiseera.

Walumaa galatti, sakatta’insi fedhii adeemsa saayinsaawaa garaa garummaa (qaawwaa) raawwii fi fedhii barbaadamu gidduu hanqinaalee jiran fooyyessuun walsimsiisuu akka ta’e barreeffamoota armaan olii irraa hubachun ni danda’ama. Haaluma walfakkaatuun sakatta’insa fedhii leenjii fi qorannoo sirna qaawwaan (garaagarummaan) leenjii fi qorannoo gaggeeffamaa jiruu fi fedhiin maamilaa ittiin walgituu danda’udha.<sup>6</sup>

Fedhii maamilaa leenjii fi qorannoo irratti qaban dursanii sakatta’uun faayidaa guddaa qaba.Isaan keessaa:-ummanni sirna haqaa irraatti amantaa akka horatu, falmiin sirnaan, baasii xiqqaan akka gaggeeffamu, qabeenyaa fi yeroo jiru maalii fi akkamitti fayyadamuun hojjechuu akka qabu adda baasuu fi dhimma dursi kennamuufii qabu dursa akka argatu godha.Waluumaagalatti, ergamaa fi mul’ata hundeeffameef bira akka gahuuf shoorra guddaa taphata.<sup>7</sup>

Haaluma kanaan Inistitiiyuutiin Leenjii Ogeessota Qamoolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa tajaajila leenjii fi qorannoo kennu irratti hanqinaalee jiru guutuun,dhimmoota dursa argachuu qabaniif dursa kennee hojjechuun toora xiyyeeffannoo isaa galmaan ga’uuf

---

<sup>3</sup>[Http://en.wikipedia.org/wiki/Needs\\_assessment](http://en.wikipedia.org/wiki/Needs_assessment)

<sup>4</sup>[Http://en.wikipedia.org/wiki/needs\\_assessment](http://en.wikipedia.org/wiki/needs_assessment)

<sup>5</sup>[www.statetraining-ca.gov/files/TNA\\_DOE.ppt](http://www.statetraining-ca.gov/files/TNA_DOE.ppt)

<sup>6</sup> Review of Judicial Training and education in other Jurisdiction [Http://www.ucl.ac.uk/laws/judicial-institute/docs/Judicial\\_Training\\_Report.pdf](http://www.ucl.ac.uk/laws/judicial-institute/docs/Judicial_Training_Report.pdf)

<sup>7</sup> Akkuma Olitti lakk.2<sup>ffaa</sup>

sakatta'iinsi fedhii leenjii fi qorannoo maamilaa gaggeessuun barbaachisaa waan ta'eef qorannoo kana adeemisisuun barbachise.

## 2. Hima Rakkoo

Leenjiin kennamus ta'e qorannoon gaggeeffamu bu'aa barbaadame fiduu kan danda'u yoo fedhii qaama leenjii fudhatuu fi qorannicha hojiitti hiikuu wajjin walsimatedha.

Ergama leenjiin ogeessota qaamolee haqaa gahumsa olaanaa gonfachiisu itti fufinsaan kennuun ogeessota sirna heeraa fi seera kabajanii fi kabachiisan baay'inaa fi qulqullinaan horachuu; rakkoowwan sirna haqaa irratti qo'annoo fi qorannoo gaggeessee yaada haaraa burqisiisuun fooyya'insa sirna haqaa itti fufinsaan akka jiraatu gochuuf sakatta'a fedhii gaggeessuun dhimma murteessaadha. Odeeffannoo gahaa fi qabatamaa ta'een osoo adda hin baasiin leenjiin qophaa'us ta'e qorannoon gaggeeffamu ergama inistiitiyuutichaa galmaan gahuuf gaheen inni qabu xiqqaadha.

Leenjiin fedhii leenjifamtootaa irratti hin bu'uureffanne hir'ina gahumsa ogeessota qaamolee haqaa akka barbaadamuun olkaasuu fi fooyyessuu hin danda'u. Qorannoon rakkoo qabatamaa ogeessota sirna haqaa mudatan irratti hin xiyyeeffannes fooyya'insa sirnichaaf bu'aan isaa muraasa. Kanaaf qorannoon kun gaaffiiwwan armaan gadiif deebii ni kenna.

- Maamiltoonni fedhii leenjii mata dureewwan kam irratti qabu?
- Maamiltoonni fedhii qorannoo mata dureewwan kam irratti qabu?
- Dhimmoonni leenjiin dursa argachuu qaban kam faa'i?
- Dhimmoonni qorannoon dursa argachuu qaban kam faa'i?

## 3. Kaayyoo Qorannoo

Kaayyoon waliigalaa sakatta'insa fedhii leenjii fi qorannoo kanaa walduraa duubaan sagantaa leenjii osoo hin qopheessiin dura bakka hir'inni dandeettii, ogummaa fi ilaacha ogeessota qaamolee haqaa itti mul'atu adda baasuun dandeettii ogeessota qaamolee haqaa leenjiin cimsuu fi rakkoolee hojmaata sirna haqaa naannichaa xaxanii jiran, kan qorannoon furmaata argachuu qaban, adda baasuun qorannoo irratti gaggeessuun kallattii furmaataa akeekuu dha.



Kaayyoo adda armaan gadiis ni qabaata

- ❖ Dhimoota Leenjii fi qorannoon irraatti kennamu adda baasuun sadarkessuu.
- ❖ Kallattii fi fedhii leenjii fi qorannoo qaamoleen haqaa Oromiyaa qaban sadarkeessuun kallattii gara fuulduraa akeekuu.
- ❖ Leenjii fedhii qaamolee haqaa irraatti hundaa’ee kennuun Ogeessota qaamolee haqaa naannichaa beekumsa, ogummaa fi ilaalcha isaan irraa barbaadamu goonfachiisuu.
- ❖ Qaawwaa hojmaataa adda baasuun qorannoo itti aanee gaggeefamuun hojmaatni qaamolee haqaa qulqullinaa fi iftoomna akka qabaatu gochuu.

#### **4. Daanga Qorannichaa**

Qorannoon kun akka naannoo Oromiyaatti kan gaggeeffamu ta’ee, fedhii leenjii fi qorannoo Abbootii Alangaa, Abbootii seeraa, poolisootaa, koomishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa, ofiseerota seeraa fi qorattota poolisii sadarkaa sadarkaan jiran addaa baasuu irraatti kan xiyyeeffatu dha.

#### **5. Faayidaa Qorannichaa**

Toorawwan xiyyeeffannoo inistiitiyuutiin kun irratti hojjechaa jiru isaan bu’uuraa lamaan qorannoo fi leenjii bara 2007’tti haala milkaa’ina qabuun raawwachuuf sakatta’insi fedhii leenjii fi qorannoo gaggeessuun murteessaa dha.

Leenjii fi qorannoon fedhii ogeessota qaamolee haqaa irratti hundaa’uun gaggeeffamu sirna haqaa naannichaa bu’a qabeessa, amanamaa, dhaqqabamaa fi si’aawaa akka ta’u taasisa.

#### **6. Fayyadamtoota Qorannoo**

Qorannoo kananaan qaamoleen adda addaa fayyadamtoota ni ta’u .Calqaba irratti Inistiitiyuutiin kun ergama isaa fiixaan baasuuf, hoggansi gama leenjiinii fi qorannoon jiru sirreeffamuun fedhii maamiltootaa giddugaleessa godhachuun dhimmi dursa argachuu qabu dursa waan argatuuf fayyadamaa ta’a. Akkasumas, ogeessonni qaamolee haqaa iddoo hir’ina dandeettii qabanitti leenjiin ogummaa isaanii cimsachuun hojii isaanii gahumsaan akka bahan waan isaan gargaaruuf kallattiin fayyadamoodha.

Dhuma irratti ummanni bal'aanii fi mootummaan naannichaa tajaajila sirna haqaa si'aawaa, dhaqqabamaa fi qulqullina qabu waan argataniif fayyadamoo qorannoo kanaa ni ta'u.

## 7. Mala Qorannoo

Daataawwan qorannoo kana gaggeessuuf barbaachisan maloota adda addaatti fayyadamuun kan guuraman ta'u. Maloonni gurguddaan daataa funaanuuf hojiiirra oolan bar-gaaffii fi af-gaaffiitti gargaaramuun ta'us, Karoorrii fi gabaasni qaamolee garagaraa rogummaa qabanis dabalataan ni sakatta'mu.

Qorannichi akka naannootti kan gaggeeffamu yoo ta'es, Godinaalee Oromiyaan qabdu kessaa kudhan (10) fi akka nannootti wajjiraleen jiran filatamaniiru. Godinaaleen kuni haala Oromiyaa bakka bu'uu danda'uun tessuma isaaniin filatamaniiru. Godinaalee kana jala aanaalee jiran lama, lama irraa daataan ni funaanama. Isaanis:-Godina Shawaa Bahaa (A/Fantaallee fi A/dugda), Harargee Bahaa(A/gooroo fi A/Baabbillee), Baalee(A/roobee fi A/Goobbaa),Arsii Lixaa(A/Nagallee fi A/Asaasaa),Godina Jimmaa(Aanaa Sokorruu, A/jimmaa,), Iluu AbbaaBooraa(A/mattuu fi A/Badallee),Godina A/N/F (Aanaa Sabbataa Hawaas,Sandaafaa), Godina Shawaa Lixaa (Aanaa Ejeeree fi Amboo),Godina Qeellam Wallaggaa (Sayyoo fi Daallee sadii), Shawaa kaabaa(A/giraar Jaarsoo fi garba gurraacha) fi sadarkaa naannootti(M/M/W/O,B/H/O,K/P/O,K/N/F/M/O, Waajjira Qindeessaa sagantaa fooyya'insa sirna haqaa, koree dhaabbii dhimma seeraa) irraa daataan ni funaanama. Haaluma kanaan baay'inni daataa funaanamuuf karoorfameera. Baay'ina daataan funaanamu akka kanaa gadiitti gabateen ibsameera.

### a) Gabatee 1.1: Baay'ina daataa fedhii leenjii

Gosa Daataa	Baay'ina karoorfame	Baay'ina daataa funaaname	Dhibbeentaan
Bar-gaaffii	365	351	96.2%
Af-gaaffii	101	87	86.1%

## B) Gabatee 1.2: Baay'ina daataa fedhii qorannoof funaanamuu

Gosa Daataa	Baay'ina karoorfame	Baay'ina daataa funaaname	Dhibbentaa
Bar-gaaffii	266	247	92.9%
Af-gaaffii	101	87	86.1%

### BOQONNAA LAMA

#### DAATAA FEDHII LEENJII FI QORANNOO QAAMOLEE HAQAA BARA 2007

##### Seensa

Qorannoon kun bara 2007 tti dhimmoota leenjiin hojii irraa adda durummaan irratti kennamuu qabuu fi mata dureewwaan qorannoo irraatti gaggeeffamuu qabu adda baasuuf fedhii ogeessota qaamolee haqaa bu'uureffateera. Kunis rakkoolee qabatamatti ogeessota qaamolee haqaa kanneen mudachaa jiru adda baasuudhaan leenjii fi qorannoon gaggeeffamu wayitawaa, qabatamaa fi bu'a qabeessa akka ta'uuf kan gargaaru waan ta'eefi dha.

Akkuma boqonnaa tokkoffaa keessatti ibsame fedhii qorannoo fi leenjii ogeessota qaamolee haqaa sadarkaa sadarkaan jiran adda baasuuf daataawwan bar-gaaffiin argamanii fi ibsoota af-gaaffiidhaan ogeessotni qaamolee haqaa kennan kan bu'uureffanne yoo ta'u boqonnaa kana keessatti daataa bar-gaaffiin argame gosa gosaan agarsiifamuuf yaalameera. Daataawwan fedhii leenjii agarsiisan mata dureewwan Abbootiin seeraa, Abbootiin Alangaa, poolisii, ofiseera seeraa, adda durummaan irratti leenjii fudhachuuf filatan kan agarsiisu yoo ta'u ibsii fi daataan fedhii qorannoo immoo mata dureewwan fi dhimmoota qorannoon seeraa akka irratti gaggeeffamuuf ogeessotni qaamolee haqaa kun akka waliigalaatti adda durummaan filatan kan agarsiisu dha.

## **2.1. Fedhii Leenjii Mana Murtii Kan Bara 2007**

### **2.1.1. Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa**

Fedhii Leenjii hojii irraa bara 2007 abbootii seeraa Manneen Murtii Aanaa, ol aanaa fi Waliigalaa adda baafachuudhaaf bar-gaaffiiwwan garaagaraa abbootii seeraaf akkasumas afgaaffiin prezidaantotaa manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiraniif kan dhiyaate yoo ta’u dabalataan hooggantootni waajjiraalee haqaa, fi waajjiraalee poolisii, sadarkaa sadarkaan jiranis mata dureewwan /dhimmoota /abbootii seeraaf leenjiin hojii irraa kennamuuf qabu irratti yaada kennaniiru. Haaluma kanaan Abbootiin seeraa mana murtii aanaa lakkoofsaan 78, mana murtii ol’aanaa 36 fi kan mana murtii waliigalaa 5 walumaa galatti abbootiin seeraa baay’inaan 119 (dhibba tokkoo fi kudha sagal) ta’an bar gaaffii guutuun hirmaataniiru.

Bu’uuruma kanaan armaan gaditti fedhii leenjii abbootii seeraa manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiran bara 2007 tti mata dureewwan adda durummaan irratti leenji’uuf filatan akkakanaa gadiitti agarsiifameera.

#### **D) Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa Mana Murtii Aanaa**

Abbootii seeraa manneetii murtii naannoo keenyaa aanaalee 20 godinoota Harargee bahaa, Shawaa bahaa, Arsii lixaa, Baalee, Shawaa Kaabaa, Godina addaa naannawaa finfinne, Jimmaa, Iluu abbaa Booraa, Qeellam wallagaa fi shawaa lixaa keessatti argaman baay’inni isaanii 78 ta’an mata dureewwan garaagaraa Yakkaa fi Hariiroo Hawaasaa irratti leenji’uu barbaadan akka filataniif bar-gaaffiin raabsameef ture irratti abbootiin seeraa kunneen mata dureewwan adda durummaan irratti leenji’uu barbaadan filataniiru. Filannoon isaaniis akka armaan gadiitti wal duraa duubaan ka’ameera.

#### **A) Dhimmoota seera yakkaa**

Abbootii seeraa sadarkaa mana murtii aanaa irra jiraniif mata dureewwan leenjii dhimmoota yakkaa irratti xiyyeeffatan gara garaa filannoof dhiyaataniiru. Dabalataan dhimmoota yakkaa biroo filannoof hin dhiyaatne bifa ibsuu danda'amuun bar-gaaffiin dhiyaateera. Bu'uuruma kanaan mata dureewwan 1-4 abbootii seeraa kanaan leenjii bara 2007 dhaaf adda durummaadhaan filataman kanneen gabatee armaan gadii keessatti argisiifamani dha.

**Gabatee 2.1: Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii seeraa Mana Murtii aanaa dhimmoota seera yakkaa irratti qaban agarsiisu.**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota filatan	Baay'iina namoota bar-gaaffii guutan ijoo kana filatan	Dhibeent aadhaan %	Sadarcaa
Itti gaafatamummaa ijoollota yakka raawwatani, adabbii fi tarkaanfii isaan irratti fudhatamu.	39	66	59.09%	1ffa a
Yakkoota qabeenya irratti raawwataman(amantaa hir'iisuu, gowwomsuu, hanna fi dhoksa)	25	66	37.87%	2ffa a
Addaan citiinsa falmii yakkaa fi darbiinsa yeroo	24	66	36.36%	3ffa a
Ragaa sobaan walqabatee dhimmoota jiran.	19	66	28.78%	4ffa a
Adabbii fi tarkaanfiwwan biroo haala raawwii isaa	19	66	28.78	4ffa a

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamu abbootiin seeraa mana murtii aanaa dhimmoota yakkaan wal qabatee mata dureewwan 8 filannoodhaaf dhiyaateef keessaa kanneen adda durummaan sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> fi 2<sup>ffaa</sup> irratti leenjiiidhaaf filatan wal duraa duubaan mata dureewwan *Itti gaafatamummaa ijoollota yakka raawwatanii, adabbii fi tarkaanfii isaan irratti fudhatamuu fi Yakkoota qabeenya irratti raawwataman(amantaa hir'iisuu, gowwomsuu, hanna fi dhoksaajedhan dha.*

## B) Seera Adeemsa Falmii Yakkaa

Mata dureewwan leenjii seera adeemsa falmii yakkaa waliin wal-qabatee dhiyaatee 6(jaha) keessaa mata dureewwan sadarkaa 1-4 argatan kanneen armaan gaditti gabateen agarsiifamani dha.

**Gabatee 2.2.:Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii seeraa Mana Murtii aanaa dhimmoota seera deemsa falmii yakkaa irratti qaban agarsiisu**

Lakk.	Mata duree leenjii	Baay'ina nama mata duricha filatee	Baay'ina nama bar gaaffii guutee	% dhaan	Sadarkaa
1	Rogummaa, Fudhatamummaa fi madaallii ragaa Dhimmoota yakkaa irratti.	27	66	40.90 %	1ffaa
2	Aangoo manneen murtii yakka ilaalu murteessuu.	19	66	28.78 %	2ffaa

3	Qajeelfama adabbii	18	66	27.28 %	3ffaa
4	Qorannoo duraa(preliminary inquiry)	14	66	21.21 %	4ffaa

Bu’uura daataa gabatee armaan olitti agarsiifame kanaan abbootiin seeraa Mana murtii aanaa bar-gaafficha guutan keessaa namootni 27 mata duree “*Rogummaa, Fudhatamummaa fi madaallii ragaa Dhimoota yakkaa irratti*”jedhu sadarkaa sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> yoo filatan mata duree “*Aangoo manneen murtii yakka ilaalu murteessuu*”immoo namootni 19 filatamuun sadarkaa lammaffaa argateera.

### C) Seera Maatii, Seera Hojjataa fi Hojjachiisaa, Itti gaafatamummaa Waliigalteen alaa, Lafa Baadiyyaa

Mata dureewwan leenjii Seera Maatii , Seera Hojjataa fi Hojjachiisaa, Itti gaafatamummaa Waliigalteen alaa, Lafa Baadiyyaan wal-qabatee abbootii seeraa MM aanaaf dhiyaate keessaa mata dureewwan sadarkaa 1-4 leenjiidhaaf filataman akka armaan gadiitti gabateen agarsiifamaniiru.

### Gabatee 2.3: Seera Maatii, Seera Hojjataa fi Hojjachiisaa, Itti gaafatamummaa Waliigalteen alaa, Lafa Baadiyyaa

Mata duree leenjii	Baay’ina namoota ijoo kana filatanii	Baay’ina namoota bar-gaafficha guutan	% dhaan	Sadarkaa

Hariiroo hojii, daangaa raawwii hojjetaaf hojjechiisaa, Hundeeffama, Addaan citiinsa fi falmii hojjetaa fi hojjechiisaa, Darbiinsa yeroo, Miidhaa Sababa hojiin dhufuu fi bu'aa inni hordofsiisu	39	66	59.09%	1ffaa
Hanga beenyaa murteessuu	25	66	37.87%	2ffaa
Argannaa qabiyyee lafa baadiyaa, mirgoota abbaa qabiyyee, darbiinsa falmii qabiyyee lafa baadiyaa fi haala walldhabbiin furmaata ittiin argatu.	20	66	30.30%	3ffaa
Abbummaa mirkaneessuu	16	66	24.24%	4ffaa

Daataan gabatee armaan olii kunis abbootiin seeraa mana murtii aanaa dhimmota Seera Maatii , Seera Hojjataa fi Hojjachiisaa, Itti gaafatamummaa Waliigalteen alaa, Lafa Baadiyyaa irratti mata dureewwan filannoodhaaf dhiyaatan keessaa sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> irratti ***Hariiroo hojii, daangaa raawwii hojjetaaf hojjechiisaa, Hundeeffama, Addaan citiinsa fi falmii hojjetaa fi hojjechiisaa, Darbiinsa yeroo, Miidhaa Sababa hojiin dhufuu fi bu'aa inni hordofsiisu,*** sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> irratti immoo ***Hanga beenyaa murteessuu,*** sadarkaa sadaffaa irratti ammoo ***Argannaa qabiyyee lafa baadiyaa, mirgoota abbaa qabiyyee, darbiinsa falmii qabiyyee lafa baadiyaa fi haala walldhabbiin furmaata ittiin argatu.*** Sadarkaa araffaa irratti ammoo mata duree ***Abbummaa mirkaneessuu*** jedhu filatamaniiru.

#### **D) Dhimoota Hariiroo Hawaasaa**

Mata dureewwan leenjii seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaan wal-qabatee abbootii seeraa Mana murtii aanaaf dhiyaatan keessaa sadarkaa 1-4 adda durummaan filataman kanneen gabatee armaan gadiin agarsiifamani dha.



**Gabatee 2.4:Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii seeraa aanaa dhimoota hariiroo hawasaa irratti qaban agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay'iina namoota ijoo kana filatan	Baay'ina namoota bar-gaafficha guutan	% dhaan	Sadarkaa
Dhaaltummaa mirkaneeffachuu, qulqulleessuu fi darbiinsa yeroo	31	66	46.91%	1ffaa
Jeequmsa qabiyyee fi qabeenyaan wal qabatu	21	66	31.81%	2ffaa
Dhaamoo fi dhaala keessaa buqqisuu	19	66	28.78%	3ffaa
Wabummaa namaa fi qabeenyaa waliin walqabatee.	18	66	27.27%	4ffaa

Akkuma gabaticha irraa hubatamu abbootiin seeraa mana murtii aanaa bar-gaafficha guutaniin mata dureewwan filannoof dhiyaatan keessaa mata dureen ***Dhaaltummaa mirkaneeffachuu, qulqulleessuu fi darbiinsa yeroo*** jedhu sagalee 31 argachuun 1ffaa, mata dureen ***Jeequmsa qabiyyee fi qabeenyaan wal qabatu*** jedhu sagalee 21 argachuun lammaffaa, mata dureen ***Dhaamoo fi dhaala keessaa buqqisuu*** jedhu sagalee 19 argachuun sadaffaa yoo ta'u, ***Wabummaa namaa fi qabeenyaa waliin walqabatee*** jedhu sagalee 18 argachuun sadarkaa arfaffaa irratti filatamaniiru.

## E) Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa

Kana jalatti mata dureen leenjii seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa ilaallatan keessaa mata dureewwan sadarkaa 1-4 argatan akka kanaa gadiitti gabateen ibsamaniiru.

### Gabatee 2.5:Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii seeraa aanaa Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa irratti qaban agarsiisu

Mata duree leenjii	Baay'ina nama mata duricha filatee	Baay'ina nama bar gaaffii guutee	Dhibe ntaadhan	Sadarkaa
Murtii kename irra debi'uun ilaalu	25	66	37.87 %	1ffaa
Giddu-lixummaa fi makaminsa garee 3ff <sup>aa</sup> fi murtii mormuu	18	66	27.27 %	2ffaa
Adeemsa sirna ariitii fi gabaabaa	16	66	24.24 %	3ffaa
Rogummaa, fudhatamummaa fi madalli raga dhimma hariiroo hawaasaa	15	66	22.72 %	4ffaa

Gabatee kanarraa akka hubatamuutti mata dureewwan seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa ilaallatanii fi abbootii seeraa aanaaf filannoof dhiyaatan keessaa mata dureen ***Murtii kennan irra deebi'uun ilaalu***(*Review of judgement in court of rendition*) jedhu sagalee 25 argachuun sadarkaa 1ffaa yoo argatu, mata dureen, ***Giddu-lixummaa fi makaminsa garee 3ff<sup>aa</sup> fi murtii***

*mormuu jedhu* sagalee 18 argachuun sadarkaa 2ffaa argateera. Dabalataan mata dureen *Adeemsa sirna ariitii fi gabaabaa jedhu* sagalee 16 argachuun sadarkaa sadaffaan yoo filatamu mata dureen *Rogummaa, fudhatamummaa fimadalli raga dhim.hariiroo* jedhu sagalee 15 argachuun sadarkaa 4ffatti filatameera.

#### F) Labsiiwwan Adda ddaa

Labsiiwwan adda addaa abbootii seeraa aanaatiif filannoof dhiyaatan keessaa kanneen sadarkaa 1ffaa- 4ffaa argatan akka kanaa gadiitti gabateen ibsamaniiru.

#### Gabatee 2.6: Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii seeraa aanaa labsiiwwan adda addaa irratti qaban agarsiisu

Mata duree leenjii	Baay'ina nama mata duricha filatee	Baay'ina nama bar gaaffii guutee	Dhibe ntaadh aan	Sadarkaa
Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa shammattotaa	33	66	50%	1ffaa
Labsii liizii	24	66	36.36%	2ffaa
Labsii bosonaa	19	66	28.78%	3ffaa
Labsii investimantii	19	66	28.78%	3ffaa

Gabatee armaan olii kanarraa akka hubatamuutti labsiiwwan filannoof dhiyaatan keessaa **Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa shammattotaa** jedhu sagalee 33 argachuun sadarkaa 1 ffaan yoo filatamu **labsiin liizii** sagalee 24 argachuun sadarkaa lammaffaan filatameera, **labsiin bosanaa fi labsiin investimantiis**sagalee 19 wal-qixa argachuun sadarkaa 3ffaan filatamaniiru.

### G) Dhimoota Biroo

Mata dureen seeraa garagaraa filannoof abbootii seeraa aanaaf dhiyaatan keessaa kanneen sadarkaa 1-4 argatan akka kanaa gadiitti gabateen ibsamaniiru.

#### Gabatee 2.7:Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii seeraa aanaa dhimmoota garagaraa irratti qaban agarsiisu

Mata duree leenjii	Baay'ina nama mata duricha filatee	Baay'ina nama bar gaaffii guutee	Dhibe ntaadh aan	Sadarkaa
Mirga namoomaa kabachiisuu keessatti gahee M/murtii	23	66	34.85 %	1ffaa
Hiikkaa wal diddaa filannoo	21	66	31.81 %	2ffaa
Bilisummaa hojii fi naamusa ogummaa	18	66	27.27 %	3ffaa
Karoorra raawwii mirga namoomaa	15	66	22.72 %	4ffaa
Haala hojimaata mana murtii shari'aa fi	15	66	22.72 %	4ffaa

mirga dubartootaa			%	
-------------------	--	--	---	--

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamuutti mata dureewwan leenjiif dhiyaatan keessaa mata dureen *Mirga namoomaa kabachiisuu keessatti gahee M/murtii* jedhu sagalee 23 argachuun 1ffaa yoo ta'u mata dureen *Hiikkaa wal diddaa filannoo* jedhu sagalee 21 argachuun sadarkaa lammaffaan yoo filatamu mata dureen *Bilisummaa hojii fi naamusa ogummaa* jedhu sagalee 18 argachuun sadarkaa sadaffaan yoo filatamu mata dureewwan *Karoora raawwii mirga namoomaa jedhuu fi Haala hojimaata mana murtii shari'aa fi mirga dubartootaa jedhan* sagalee wal-qixa 15 argachuun sadarkaa 4ffaa argataniiru.

## II) Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa Mana Murtii Ol'aanaa

Abbootii seeraa Manneen murtii Ol'aanaa Godinoota Arsii Lixaa, Baalee, Jimma, Godina Iluu Abbaa Booraa, Shawaa kaabaa, Godina Adda oromiyaa naannawa Finfinnee, Shawaa Lixaa, Qeellam Wallaggaa, Shawaa bahaa fi Harargee Bahaa keessatti argaman keessaa bar-gaaffiin dhimmoota yakkaa fi hariiroo hawaasaa hammate raabsameef abbootiin seeraa kunneenis yaada isaanii ibsataniiru. Yaadni isaanis akka armaan gadiitti ka'meera.

### A) Seera Yakkaa fi Adeemsa falmii yakkaa

Abbootii seeraa sadarkaa MMO irra jiraniif mata dureewwan leenjii dhimmoota yakkaa fi adeemsa falmii yakkaa irratti xiyyeeffatanii filannoof dhiyaataniiru. Mata dureewwan kana keessaa kanneen adda durummaan sadarkaa 1ffaa hanga sadarkaa 4 ffaa leenjiidhaaf filataman kanneen armaan gaditti gabateen agarsiifamani dha.

**Gabatee 2.8:Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii seeraa Mana Murtii Ol'aanaa dhimmoota seera Yakkaa fi Adeemsa falmii yakkaa irratti qaban agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota ijoo kana filatan	Baay'ina namoota bar-gaafficha guutan	Dhibeent aadhaan %	Sadarcaa
Ittigaafatamummaa ijoolotayakkaraawwatanii, adabbii fi tarkaanfiiisaanirrattifudhatamu	27	38	71.05%	1ffaa
Rogummaa, Fudhatamummaa fi madaallii raga Dhimmootayakkaairratti.	17	38	44.73%	2ffaa
Ragaasobaan walqabateed dhimmootajiran.	14	38	36.84%	3ffaa
Hirmaannaayakkaa fi ittigaafatamummaa	12	38	31.58	4ffaa
Aangoomanneen murtii yakka ilalumurteessuu.	12	38	31.58	4ffaa

Haaluma gabatee armaan olii irraa hubatamuun danda'amu ijoo seera yakkaa fi seera deensa falmii yakkaa abbootii seera manneen murtii ol aanaatiin sadarkaa tokkoffaa irratti filatame **Ittigaafatamummaa ijoolotayakkaraawwatanii, adabbii fi tarkaanfiiisaanirrattifudhatamu**, jedhu yoo ta'u, mata dureen **Rogummaa, Fudhatamummaa fi madaallii raga Dhimmootayakkaairratti** jedhu sadarkaa lammaffaan filatameera, mata dureen **Ragaasobaan walqabateed dhimmootajiran** Jedhu sadarkaa sadaffaan yoo filatamu mata dureen **Hirmaannaayakkaa fi ittigaafatamummaa fi Aangoomanneen murtii yakka ilalumurteessuu** jedhu sagalee wal-qixa 12 argachuun sadarkaa 4ffaan filatamaniiru.

## B) Labsiiwwan

Mata dureewwan leenjii seera adeemsa falmii yakkaa waliin wal-qabatee dhiyaatee 6 (jaha) keessaa mata dureewwan sadarkaa 1-4 argatan akka armaan gadiitti gabateen ibsamaniiru.

### Gabatee 2.9:Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii seeraa Mana Murtii Ol'aanaa labsiiwwan irratti qaban agarsiisu

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota ijoo kana filatan	Baay'ina namoota bar-gaafficha guutan	Dhibeent aadhaan %	Sadarkaa
Labsii liizii	24	38	63.15%	1ffaa
Labsii shororkeessummaa	17	38	44.73	2ffaa
Labsii VAT	16	38	42.10%	3ffaa
Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa shammattotaa	13	38	34.21%	4ffaa

Akkuma gabatee armaan olii keessatti ibsameen labsiiwwan filannoof dhiyaatan keessaa **labsiin liizii** sagalee 24 argachuun sadarkaa tokkooffaan yoo argatu, **labsiin shororkeessummaa** sadarkaa 2ffaa argateera, **labsiin VAT** sadarkaa 3ffaa kan argate yoo ta'u **labsiin dorgommii daldalaa fi eegumsa shammattotaa** sadarkaa 4ffaa argachuu danda'eera.

### C) Seera Hariiroo Hawaasaa

Ijoowwan hariiroo hawaasaa abbootii seeraa mana murtii olaanaa gargaraatiif dhiyaatanii filannoowwan sadarkaa tokkooffaa hanga araffaa filataman gabateen akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

**Gabatee 2.10:Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii seeraa Mana Murtii Ol'aanaa dhimmoota hariiroo hawaasaa irratti qaban agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay'iina namoota ijoo kana filatan	Baay'ina namoota bargaafficha guutan	Dhibeenta dhaan %	Sadarkaa
Hanga beenyaa murteessuu	20	38	52.63%	1ffaa
Daangaaraawwiihojjetaafhojjechiisaa, Hundeeffama, Addaancitiinsa fi falmiihojjetaa fi hojjechiisaa, Darbiinsayeroo, MiidhaaSababahojiindhufuu fi bu'aainnihordofsiisu	19	38	50%	2ffaa
Argannaaqabiyyeelafabaadiyaa,mirgootaabbaaqabiyyee, Darbiinsafalmiiqabiyyeelafabaadiyaa fi haalawaldhabbiinfurmaataittiinargatu.	17	38	44.73%	3ffaa
Argannaaqabiyyeelafabaadiyaa,mirgootaabbaaqabiyyee, Darbiinsafalmiiqabiyyeelafabaadiyaa fi haalawaldhabbiinfurmaataittiinargatu.	17	38	44.73%	3ffaa



#### D) Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa

Dhimmoota seera deemsa falmii Hariiroo Hawaasaa irraatti immoo abbootiin seeraa mana murtii olaanaa mata dureewwan kanneen leenjii hojii irraa bara 2007 dhaaf sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> hanga sadarkaa 4<sup>ffaa</sup> ti filataman kanneen armaan gadii ti.

**Gabatee 2.11:Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii seeraa Mana Murtii Ol'aanaa dhimoota seera deemsa falmii hariiroo hawasaa irratti qaban agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay'iina namoota ijoo kana filatan	Baay'ina namoota bar-gaafficha guutan	Dhibeentaadhaan %	Sadarkaa
Gidduulixummaa,makaminsagaree 3 <sup>ffaa</sup> fi murtiimormuu	23	38	60.52%	1 <sup>ffaa</sup>
Makamiinsagareefalmitootaa fi himannagaree (joinder and class action)	17	38	44.73%	2 <sup>ffaa</sup>
Murtiikennanirradeebi'uunilaalu(Review of judgement in court of rendition)	17	38	44.73%	2 <sup>ffaa</sup>
Adeemsaraawwiimurtiifical-baasii	13	38	34.21%	4 <sup>ffaa</sup>

Bu'uurumma gabatee asiin olii irratti ta'uuf yaalame ijoowwaan seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa abbootiin seeraa mana murtii ol aanaan akka filataniif dhiyaate keessaa sagalee 23 argachuun 1ffaa kan ta'e mata duree **Gidduulixummaa, makaminsagaree 3ff<sup>aa</sup> fi murtiimormuu**, yoo ta'u mata dureen **Makamiinsagareefalmitootaa fi himannagaree (joinder and class action)** jedhuu fi mata dureen **Murtiikennanirradeebi'uunilaalu (Review of judgement in court of rendition)** jedhu sagalee wal-qixa 17 argachuun sadarkaa 2ffaa yoo ta'an mata dureen **Adeemsaraawwiimurtiifical-baasii** jedhu sagalee 13 argachuun sadarkaa 4ffaa argateera.

#### E) Seera Daldalaa fi seera kalaqasammuu

Mata dureewwan leenjii seera daldalaa fi seera kalaqasammuu wal-qabatee fedhii leenjii abbootii seeraa Mana murtii ol aanaaf dhiyaatan keessaa mata dureewwan leenjii sadarkaa 1-4 adda durummaan filataman kanneen armaan gaditti gabateen agarsiifamani dha.

#### Gabatee 2.12: Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii seeraa Mana Murtii Ol'aanaa dhimmoota Seera Daldalaa fi seera kalaqasammuu irratti qaban agarsiisu

Mata duree leenjii	Baay'iina namoota ijoo kana filatan	Baay'ina namoota bar-gaafficha guutan	Dhibeentaadhaan %	Sadarkaa
Seera inshuraansii	23	38	60.52%	1ffaa
Sanadootamaallaqadaddarboo ( <i>Negotiable instrument</i> )	22	38	57.89%	2 ffaa

Seera Kasaaraa	19	38	50%	3ffaa
Mirga waraabbii( <i>Copy right</i> )	13	38	34.21%	4 ffaa

Armaan olitti gabatichaan akkuma agarsiifame seera daldalaa fi kallaqa sammuuilaalchisee mata dureewwan filannoodhaaf abbootii seeraa mana murtii ol aanaaf dhiyaatan keessaa mata dureen **Seera inshuraansii** jedhu sagalee 23 argachuun sadarkaa tokkooffaa yoo argatu, mata dureen **Sanadoota maallaqa daddarboo (*Negotiable instrument*)** jedhu sagalee 22 argachuun sadarkaa lammaa yoo argatu, **seeri kasaaraa** sagalee 19 argachuun sadarkaa sadaffaa yoo argatu mata dureen **Mirga waraabbii(*Copy right*)** jedhu sagalee 13 argachuun sadarkaa 4ffaa argateera.

#### F) Dhimoota biroo

Dhimoota biroo leenjiin akka irratti kennamuuf akka filannootti kandhiyaatan yoo ta’u, abbootiin seeraa bar gaafficha guutan mata duree yookaan labsii biraa akka dabalataan filatan gaafataman keessaa kanneen sadarkaa 1-4 tti filataman kanneen armaan gadii ti.

#### Gabatee 2.13:Baay’ina daataa fedhii leenjii Abbootii seeraa Mana Murtii Ol’aanaa dhimmoota biroo irratti qaban agarsiisu

	Baay’ina nama mata duricha filatee	Baay’ina nama bar gaaffii guutee	Dhibb eentaa dhaan	Sadark aa
Mata duree leenjii				
Mirganamoomaakabachiisuukeessattigah eemanamurtii(judicial activism fi judicial	22	38	57.89	1ffaa

self restraint)			%	
Karooraraawwiimirganamoomaabiyyoole essaa(national human right action plan, 2013-15)	17	38	44.73 %	2ffaa
HiikkaawaldiddaaFilannoo (ADR)	14	38	36.84 %	3ffaa
Labsiiqaamamiidhamtootaa	12	38	31.57 %	4ffaa

Gabatee armaan olii irraa akka hubatamu dhimmoota biro filannoof abbootii seeraa godinaatif dhiyaatan keessaa mata dureen **Mirganamoomaakabachiisuukeessattigaheemanamurti(judicial activism fi judicial self restraint)** jedhu sagalee 22 argachuun sadarkaa 1ffaa yoo argatu, mata dureen **Karooraraawwiimirganamoomaabiyyooleessaa(national human right action plan, 2013-15)** jedhu sagalee 17 argachuun sadarkaa lammaffaa yoo argatu, mata dureen **Hiikka awaldiddaa Filannoo (ADR)** jedhu sagalee 14 argachuun sadarkaa sadaffaa yoo argatu mata dureen **Labsii qaama miidhamtootaa** jedhu sagalee 12 argachuun sadarkaa 4 argateera.

### III) Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa MMWO

Abbootii seeraa MMWO keessatti argamaniif bar-gaaffiin dhimmoota yakkaa fi hariiroo hawaasaa hammate akka raabsamuuf ta'e abbootiin seeraa kunnenis yaada isaani ibsataniru. Yaadnii isaaniis akka armaan gadiitti xiinxalameera.

#### A) Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa

Abbootii seeraa sadarkaa MMWO irra jiraniif mata dureewwan leenjii dhimmoota yakkaa irratti xiyyeeffatanii filannoof dhiyaataniiru. Bu'uuruma kanaan mata dureewwan 1-4 gabateedhaan akka armaan gaditti ibsamaniiru.

**Gabatee 2.14: Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii seeraa Mana Murtii Waliigalaa dhimoota seera hariiroo hawaasaa irratti qaban agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota bargaaficha guutani	Baay'ina namoota mata duricha filatani	%dhaan	Sadarkaaa
Argannaa qabiyyee lafa baadiyaa, mirgoota abbaa qabiyyee, Darbiinsa falmii qabiyyee lafa baadiyaa fi haala waldhabbiin furmaata ittiin argatu	6	4	66.66%	1ffaa
Waliigaltee bulchiinsaa	6	3	50%	2ffaa
Waliigaltee qabeenya hin sochoonee	6	2	33.33%	3ffaa
Waliigaltee uumuu, fooyyessuu fi bu'aa isaa (formation, variation and effect of contract)	6	2	33.33%	3ffaa

Akkuma gabatee armaan olii kanarraa hubatamu mata dureewwan hariiroo hawaasaa ilaallatanii fi abbootii seeraa mana murtii waliigalaatiif dhiyaatan keessa mata dureen **Argannaa qabiyyee lafa baadiyaa, mirgoota abbaa qabiyyee, Darbiinsa falmii qabiyyee lafa baadiyaa fi haala waldhabbiin furmaata ittiin argatu** jedhu sadarkaa 1ffaa yoo argatu, mata dureen **Waliigaltee bulchiinsaa** jedhu sadarkaa lammaffaa argateera, mata dureen **Waliigaltee qabeenya hin sochoonee** jedhu sadarkaa 3ffaa yoo argatu, mata dureen **Waliigaltee uumuu, fooyyessuu fi**

**bu'aa isaa(formation, variation and effect of contract) fooyyeessuu jedhu sadarkaa 4ffaa argateera.**

**B) Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa**

Mata dureewwan leenjii seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaan wal-qabatee abbootii abbootii seeraa MMWO'f dhiyaatee keessaa mata dureewwan leenjii sadarkaa 1-4 argatan akka armaan gadiitti gabateen ibsamaniru.

**Gabatee 2.15:Baay'ina fedhii leenjii Abbootii Seeraa Mana Murtii Waliigalaa Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawwasaa Irratti qaban**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota bargaaficha guutani	Baay'ina namoota matadericha filatani	%dhaan	Sadarkaa
Rogummaa, Fudhatamummaa fi Madaallii ragaa Dhimoota hariiroo hawaasaa keessatti	6	4	66.66%	1ffaa
Gidduulixummaa, makaminsa garee 3ff <sup>aa</sup> fi murtii	6	4	66.66%	1ffaa
Murtii kennan irra deebi'uun ilaalu (Review of judgement in court of rendition)	6	3	50%	3ffaa
Makamiinsa garee falmitootaa fi himanna garee (joinder and class action)	6	2	33.33%	4ffaa

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamuutti mata dureewwan fedhii leenjii dhimmoota seera deemsa falmii ilaallatani fi abbootii seeraa naannoof dhiyaatan keessaamata dureen **Rogummaa, Fudhatamummaa fi Madaallii ragaa Dhimoota hariiroo hawaasaa**

keessattijedhuu fi **Gidduulixummaa, makaminsa garee 3ff<sup>aa</sup>** jedhan sadarkaa 1ffaa yoo argatu, mata dureen **Murtii kennan irra deebi'uun ilaalu (Review of judgement in court of rendition)** jedhu sadarkaa 3ffaa yoo argatu mata dureen **Makamiinsa garee falmitootaa fi himanna garee (joinder and class action)** jedhusadarkaa araffaa argate.

### C) Waliigalaa Seera Daldalaa Fi Kalaqa Sammuu

Mata dureewwan leenjii seera daldalaa fi kalaqa sammun wal-qabatee abbootii abbootii seeraa MMWO'f dhiyaatee keessaa mata dureewwan leenjii sadarkaa 1-4 argatan akka armaan gadiitti gabateen ibsamaniru.

**Gabatee 2.16: Baay'ina fedhii leenjii Abbootii Seeraa Mana Murtii Waliigalaa Seera Daldalaa Fi Kalaqa Sammuu Irratti qaban**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota bargaafigha guutanii	Baay'ina namoota matadericha filatanii	%dhaan	Sadarkaa
Sanadoota maallaqa daddarboo ( <i>Negotiable instrument</i> )	6	4	66.66%	1ffaa
Mirga waraabii ( <i>Copy right</i> )	6	3	50%	2ffaa
Seera inshuraansii	6	3	50%	2ffaa
Seera Kasaaraa	6	2	33.33%	4ffaa

Akkuma gabatee armaan olii irratti ibsameen **dhimmoota seera qallaqa sammuu fi seera daldalaa ilaallatan keessaa mata dureen Sanadoota maallaqa daddarboo (*Negotiable instrument*) sadarkaa tokkooffaa yoo argatu, mata dureen Mirga waraabii (*Copy right*) fi**

**Seera inshuraansii** jedhuu sadarkaa lammaaffaa yoo argatan mata dureen Seera Kasaaraa sadarkaa jedhu sadarkaa 4ffaa argatan.

#### **D) Labsiiwwan biroo**

Labsiiwwan biroo leenjiin irratti haa kennamu jettan tarreessaa jedhamee filannoo kennameen, labsiiwwan yakkaa fi hariiroo hawaasaa sadarkaa 1-4 argatan gabateen akka armaan gadiitti ka'ameera.

#### **Gabatee 2.17:Baay'ina fedhii leenjii Abbootii Seeraa Mana Murtii Waliigalaa Labsiiwwan Irratti qaban**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota bargaafigha guutanii	Baay'ina namoota matadericha filatanii	%dhaan	Sadarkaaa
Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa shammattotaa	6	3	50%	1ffaa
Labsii shororkeessummaa	6	3	50%	1ffaa
Labsii liizii	6	3	50%	1ffaa

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamuutti mata dureen leenjiif dhiyaatan keessaa mata dureewwan **Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa shammattotaa, Labsii shororkeessummaa fi Labsii liizii** jedhan sagalee wal-qixa argachuun sadarkaa 1ffaan filatamaniiru.

#### **E) Dhimoota Biroo**



Dhimmoota biroo leenjii irratti haa kennamu jettan tarreessaa jedhamee filannoo kennameen, labiiwwan yakkaa fi hariiroo hawaasaa sadarkaa 1-4 argatan gabateen akka armaan gadiitti ka'ameera.

**Gabatee:2.18 Baay'ina fedhii leenjii Abbootii Seeraa Mana Murtii Waliigalaa Dhimmoota Biroo Irratti qaban**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota bargaa'icha guutanii	Baay'ina namoota matadericha filatanii	%dhaan	Sadarkaaa
Mirga namoomaa kabachiisuu keessatti gahee mana murtii(judicial activism fi judicial self restraint)	6	5	83.33%	1ffaa
Hiikkaa waldiddaa filannoo(ADR)	6	3	50%	2ffaa
Karoora raawwii mirga namoomaa biyyooleessaa(national human right action plan, 2013-15)	6	2	33.33%	3ffaa
Bilisummaa hojii fi naamusa ogummaa	6	2	33.33%	3ffaa

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamuutti mata dureen **Mirga namoomaa kabachiisuu keessatti gahee mana murtii(judicial activism fi judicial self restraint)** jedhu sadarkaa tokkooffaa yoo argatu, mata dureen **Hiikkaa waldiddaa filannoo(ADR)** sadarkaa lammaffaa argateera. Gama biroon mata dureen **Karoora raawwii mirga namoomaa biyyooleessaa(national human right action plan, 2013-15)** jedhu sadarkaa 3ffaa yoo argatu mata dureen **Bilisummaa hojii fi naamusa ogummaa** jedhus adarkaa 4ffaa argateera.

**IV) Fedhii Leenjii Ofiiseeroota Seeraa**

Mata dureen fedhii leenjii ofisaroota seeraa sadarkaa aanaa irraa kaasee hanga waliigalaatti jiraniif bifa bar-gaaffitiin oggeessoota 74 guuchisuuf kan karoorfammee yommuu ta’u, ofisaroota seeraa 74 ta’an bargaafigha guuchisuu danda’ame jira. Kunis persantaadhaan yommuu shallagamu **%100/100** ta’a. Bar-gaaffiin dhiyaate kun kutaa lamaan kan qodame yommuu ta’u kunis, Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa Fi Labsii Lakk.141 fi dhimmoota biroo kan jedhu yommuu ta’u gabateen sadarkaa isaani agarsiisuu akka armaan gaditti dhiyaateera.

**Gabatee2.19:Baay’ina daataa fedhii leenjii ofisarootni seeraa qaban agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota bar-gaafficha guutan	Baay'iina namoota ijoo kana filatan	Dhibbenta an % dhaan	Sadar kaa
<b>Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa Fi Labsii Lakk.141</b>				
Aangoo manneen murtii (jurisdiction courts), iyyatni, himanni fi ol'iyyatni dhiyaatu ulaagaalee seeraa kan guute ta'uu adda baasuu	74	56	75.67%	2ffaa
Kaffaltii Abbaa seerummaa fi Hiyyummaan galmee banachuu	74	46	62%	4ffaa
Adeemsa sirna falmii ariitii fi gabaabaa	74	48	64.86%	3ffaa
Adeemsa Raawwii murtii fi caalbaasii	74	57	77%	1ffaa
<b>Dhimmoota Biroo</b>				

Aangoo manneen murtii dhimma yakkaa ilaalu adda baasuu	74	49	66.21%	2ffaa
Dhiyaatinsaa fi kuufama ciraan walqabatee dhimmoota jiran	74	50	67.56%	1ffaa
Naamusa ogummaa	74	34	45.94%	4ffaa
Qabiinsa abbaa dhimmaa fi kenninsa tajaajila uummataa	74	37	50%	3ffaa

Akkuma gabateedhaan olitti ibsame mata-dureewwan fedhii leenjii ofiseeroota seera sadarkaa garagara irratti argamaniif dhiyaatee keessaa kutaa tokkoffaa keessaa sadarkaa tokkooffaa kan argate mataduree **Adeemsa Raawwii murtii fi caalbaasii** kan jedhu dha. Kunis sadarkaa duraa irratti filatamuu kan danda'e ofiseeroota seera bar-gaaffichaa guutan torbaatami afur keessaa namoota 57 (77%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Sadarkaa itti aanu qabachuun kan filatame immoo mataduree **Aangoo manneen murtii (jurisdiction of courts), iyyatni, himanni fi ol'iiyyatni dhiyaatu ulaagaalee seeraa kan guute ta'uu adda baasuu** isa jedhu dha. Kun immoo ofiseeroota seera bar-gaaffichaa guutan torbaatami afur keessaa keessaa namoota 56 (75.6%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Akkasumas, sadarkaa 3ff<sup>aa</sup> ta'uun mata dureen filatame waa'ee **Adeemsa sirna falmii ariitii fi gabaabaakan** jedhu dha. Kunis sadarkaa 3ff<sup>aa</sup> argachuun filatamuu kan danda'eef ofiseeroota seera bar-gaaffichaa guutan torbaatami afur keessaa namoota 48 (65%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi dha.

Kutaa lamaffaa keessaa sadarkaa tokkooffaa kan argate mataduree **Dhiyaatinsaa fi kuufama ciraan walqabatee dhimmoota jiran** kan jedhu dha. Kunis sadarkaa duraa irratti filatamuu kan danda'e ofiseeroota seera bar-gaaffichaa guutan torbaatami afur keessaa namoota 50 (67.5%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Sadarkaa itti aanu qabachuun kan filatame immoo mataduree **Aangoo manneen murtii dhimma yakkaa (jurisdiction courts), iyyatni, himanni fi ol'iiyyatni dhiyaatu ulaagaalee seeraa kan guute**

**ta'uu adda baasuuisa** jedhu dha. Kun immoo ofiseeroota seera bar-gaaffichaa guutan torbaatami afur keessaa namoota 49 (66%)'n leenjii mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Akkasumas, sadarkaa 3ff<sup>aa</sup> ta'uun mata dureen filatame waa'ee **Qabiinsa abbaa dhimmaa fi kenninsa tajaajila uummataati**. Kunis sadarkaa 3ff<sup>aa</sup> argachuun filatamuu kan danda'eef ofiseeroota seera bar-gaaffichaa guutan torbaatami afur keessaa namoota 37 (50%)'n leenjii mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi dha.

## **2.2. Daataa Bar-Gaaffii Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa/Waajjira Haqaa/ fi Abukaatoo ittisaa**

### **I) Fedhii leenjii Abbootii Alangaa Aanaa**

Mata dureewwan fedhii leenjii Abbootii Alangaa Anaaleef bifa bar-gaaffiin filannoof dhiyaataniiru. Bar- gaafficha akka guutaniifis Abbootiin Alangaa Waajjira haqaa aanaalee 20 godina Harargee Bahaa, Shawaa bahaa, Shawaa Lixaa, Qellam Wallagga, Iluu abbaaBooraa, Jimmaa, Godina adda oromiyaa naannawa finfinnee, Shawaa kaabaa, Arsii Lixaa, fi Baalee keessatti argaman hirmaataniiru. Kunis dhimmoota yakkaa bu'uuraa, dhimmoota adeemsa falmii yakkaa fi labsiilee biroo of-keessatti kan hammatee dha. Bu'aan filannoo argarsiise akka armaan gadiitti gabateen kaa'ameera.

### **A) Seera yakkaa**

Mata dureewwan seera yakkaa filannoof dhiyaatan keessaa kan sadarkaa 1-4 argatan akka armaan gadiitti gabateen ibsamaniiru.

**Gabatee 2.20:Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii Alangaa Aanaa Dhimmota seera yakkaa irraatti qaban agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota ijoo kana filatan	Baay'ina namoota bar-gaafficha guutan	Dhibbentaadhaan (%)	Sadarkaa
Yakkootabalaatiraafikaaqorachuu fi himachuu	31	54	57.40%	1 <sup>ffaa</sup>
Yakkootamiidhaaqaamaa	21	54	38.89%	2 <sup>ffaa</sup>
Ragaasobaanwalqabateedhimmootajiran	30	54	55.55%	3 <sup>ffaa</sup>
Ittigaafatamummaaijoolotayakkaraawwatanii, adabbii fi tarkaanfiiisaanirrattifudhatamu.	18	54	33.33%	4 <sup>ffaa</sup>

Akkuma armaan olitti gabateen ibsamuuf yaalametti dhimmoota seera yakkaa bu'uuraa keessaa Abbootii Alangaa Aanaa bar-gaaffii guutaniin sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> irratti kan filatamee fedhii leenjii Abbootii Alangaa Aanaa ta'e, **Yakkootabalaatiraafikaaqorachuu fi himachuukan** jedhu dha. Itti aansuun Abbootii Alangaa Aanaalee bar-gaaffii guutaniin filatamee fedhii leenjii A/A Aanaa kan ta'e **Yakkootamiidhaaqaamaa** jedhu dha.

### B) Seera Adeemsa Falmii Yakkaa

Mata dureewwan seera adeemsa falmii yakkaa filannoof dhiyaatan keessaa kan sadarkaa 1-4 argatan akka armaan gadiitti gabateen ibsamaniru.

**Gabatee 2.21:Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii Alangaa Aanaa Dhimmota seera adeemsa famii yakkaa irraatti qaban agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay'ina	Baay'ina	Dhibeentaa	Sadar

	namo ota bar- gaaffi cha guuta n	namo ota ijoo kana filatan	dhaan (%)	kaa
Aangoo fi ittigaafatamummaaabbaaalangummaaaddaanbaasuu(hundeessuu,fooyyessuu, kaasuu, himannaayakkaa fi hariiroohawaasaawaliindhiyeessuu fi gidduuseenuu)	54	48	88.89%	1ffaa
Qabiinsashakkamaa,mirgawabiipoolisiinkennu(bond) fi yeroobeellamaa	54	27	50%	2ffaa
Aangoomanneenmurtiiyakkailaalumurteessuu.	54	22	40.74%	3ffaa
Falmiidhaddachaa	54	16	29.63%	4ffaa

Seera deensa falmii yakkaa ilaalchisee dhimmi sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> irratti filatame, **Aangoo fi ittigaafatamummaaabbaaalangummaaaddaanbaasuu(himannaa hundeessuu,fooyyessuu, kaasuu, himannaayakkaa fi hariiroohawaasaawaliindhiyeessuu fi gidduuseenuu)** keessatti kan jedhudha. Innis Abbootii Alangaa Aanaa bar-gaaffii guutaniin sadarkaa lammaffaan filatamee mata duree **Qabiinsashakkamaa,mirgawabiipoolisiinkennu(bond) fi yeroobeellamaa** jedhuu dha.

### **C) Labsiiwwan Adda Addaa**

Labsiiwwan adda addaa leenjiin irratti kennuuf tarreeffaman keessaa kanneen sadarkaa sadarkaa 1-4 argatan akka armaan gadiitti gabateen kaa'amaniiru.

**Gabatee2.22:Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii Alangaa Aanaa Labsiiwwaan biroo irratti qaban agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota bar-gaafficha guutan	Baay'iina namoota ijoo kana filatan	Dhibeentaadhaan	Sadarkaa
Labsiidorgommiidaldalaa fi shammattotaa	54	36	66.67%	1 <sup>ffaa</sup>
Labsii bosonaa	54	23	42.59%	2 <sup>ffaa</sup>
LabsiiGodaansa seeraan alaa	54	20	37.03%	3 <sup>ffaa</sup>
Labsiifilannoo	54	19	35.18%	4 <sup>ffaa</sup>

Gabatee kana irraa hubachun akka danda'amutti dhiimmoonni fi laabsiiwwan biroo fedhiin irratti jiruu fi filannoof dhiyaatan keessaa labiin **Labsiidorgommiidaldalaa fi shammattotaa** sadarkaa 1ffaa yoo argatan **labiin bosonaa** ammo sadarkaa lammaffaan filatameera.

#### D) Dhimoota Biroo

Dhimoota seeraa biroo mata duree jedhu jalatti mata dureewwan leenjii garagaraa abbootii alangaa aanaaf kan dhiyaate yoo ta'u bu'aan argame akka armaan gadiitti gabateen ibsameera.

**Gabatee 2.23:Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii Alangaa Aanaa Dhimoota biroo irratti qaban agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota bar-gaafficha guutan	Baay'iina namoota ijoo kana filatan	Dhibeentaadhaan	Sadarkaa

	gaaffic ha guutan	kana filatan		
Bilisummaa hojii fi naamusa ogummaa	54	38	70.37%	1 <sup>ffaa</sup>
Mirganamoomaakabachiisuukeessattigaheeqaam oleehaqa	54	23	42.59%	2 <sup>ffaa</sup>
Dudhaalee hoggansaa	54	22	40.74%	3 <sup>ffaa</sup>
Kenna hayyamaa fi galmeessa ragaalee	54	14	25.92%	4 <sup>ffaa</sup>

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamuutti mata dureewwan filannoof dhiyaatan keessaa mata dureen **Bilisummaa hojii fi naamusa ogummaa** jedhu sadarkaa 1ffaa yoo argatu, mata dureen **Mirganamoomaakabachiisuukeessattigaheeqaamoleehaqa** jedhu sadarkaa lammaffaan filatameera.

## II) Fedhii leenjii Abbootii Alangaa Godinaa fi Abuukaatoo Ittisaa

Mata dureewwan leenjii Abbootii Alangaa Godinaa fi abuukaatoo ittisaaf bifa bar-gaaffiin filannoof dhiyaataniiru. Kunis dhimmoota yakkaa bu'uuraa, Dhimmoota adeemsa yakkaa fi labsiilee biroo of-keessatti kan hammatee dha. Bar-gaaffii kana akka guutaniifis Abbootii Alangaa godinaa fi abuukaatoo ittisaagaragaraa godinoota kudhaniif dhiyaateera. Bu'aan filannoo bar-gaaffii guutame irraa argamee akka armaan gadiitti gabateen agarsiifamaniiru.

### A) Seera yakkaa

Mata dureewwan yakkaa filannoof dhiyaatan keessaa kan sadarkaa 1-4 argatan akka armaan gadiitti gabateen kaa'amaniru.



**Gabatee 2.24:Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii Alangaa Godinaa fi abuukaatoo ittisaa seera yakkaa irraatti qaban agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota bar-gaafficha guutana	Baay'iina namoota ijoo kana filatan	Dhibbentaadhaan (%)	Sadarkaa
Yakkootabalaatiraafikaaqorachuu fi himachuu	40	26	65%	1 <sup>ffaa</sup>
Yakkootadaddabalamaa fi irradeddeebii	40	16	40%	2 <sup>ffaa</sup>
Ittigaafatamummaaijoollotayakkaraawwatanii, adabbii fi tarkaanfiiisaanirrattifudhatamu.	40	14	35%	3 <sup>ffaa</sup>
Yakka koompuyitaraa	40	12	30%	4 <sup>ffaa</sup>

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamuutti mata dureewwan dhimmoota yakkaa ilaallatanii fi filannoof dhiyaatan keessaa mata dureen **Yakkootabalaatiraafikaaqorachuu fi himachuu** jedhu sadarkaa 1ffaa yoo argatu mata dureen **Yakkootadaddabalamaa fi irradeddeebii** jedhu sadarkaa lammaffaa argateera.

**B) Seera Adeemsa Falmii Yakkaa**

Mata dureewwan seera deemsa falmii yakkaa bifa bar-gaaffiin filannoof dhiyaatan keessaa kan sadarkaa 1-4 rgatan akka armaan gadiitti gabateen kaa'amaniru.

**Gabatee 2.25:Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii Alangaa Godinaa fi abuukaatoo ittisaa Dhimota seera adeemsa famii yakkaa irraatti qaban agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota bar-gaafficha guutan	Baay'ina namoota ijookana filatani	Dhibbentaa dhaan (%)	Sadarkaa
Aangoo fi ittigaafatamummaa abbaa alangummaa addaan baasuu (hundeessuu, fooyyessuu, kaasuu, himannaayakkaa fi hariiroohawaasaawaliindhiyeessuu fi gidduuseenuu)	40	29	72.5%	1ffaa
Falmii dhaddachaa	40	19	47.5%	2ffaa
Qabiinsashakkamaa, mirgawabiipoolisiinkennu (bond) fi yeroobeellamaa	40	18	45%	3ffaa
Dhimmaol' iyyannooyakkaa fi adabbiyerooftursiisuu	40	17	42.5%	4ffaa

Mata dureewwan seera deemsa falmii yakkaa bar-gaaffii filannoof dhiyaatan keessaa sadarkaa duraa irratti kan filatame mata duree **Aangoo fi ittigaafatamummaa abbaa alangummaa addaan baasuu (hundeessuu, fooyyessuu, kaasuu, himannaayakkaa fi hariiroo hawaasaa waliin dhiyeessuu fi gidduu seenuu)** jedhu yoo ta'u, sadarkaa lammaffaan kan filatame **Falmii dhaddachaa** jedhu dha.

### C) Labsiiwwan

Labsiiwwan leenjii irratti haa kennamu jettan filadhaa jedhamee filannoo kenneen, labsiiwwan yakkaa fi hariiroo hawaasaa sadarkaa 1-4 argatan gabateen akka armaan gadiitti kaa'amaniiru.

**Gabatee 2.26:Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii Alangaa Godinaa fi abuukaatoo ittisiaa Labsiiwwan irratti qaban agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota bar-gaafficha guutan	Baay'iina namoota ijoo kana filatan	Dhibbentaadhaan (%)	Sadarkaa
Labsiishororkeessummaa	40	21	52.5%	1ffaa
Labsiimalaammaltummaa	40	20	50%	2ffaa
Labsiidorgommiidaldalaa fi eegumsashammattotaa	40	15	37.5%	3ffaa
Yakka koompuytaraa	40	12	30%	4ffaa

Gabateen kun akka argisiisutti labsiiwwaanis ta'e dhimmoonni biroo fedhii leenjii ta'uun sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> irratti filatame **Labsii shororkeessummaa** ayoo ta'u, sadarkaa lammaffaan kan filatame mata duree **Labsiimalaammaltummaa** jedhu dha.

**D) Dhimoota Biroo**

Mata dureewwan seeraa biroo abbootii alangaa godinaatiifi abuukaatoo ittisaaf filannoof dhiyaatan keessaa kanneen sadarkaa 1-4 jiran akka armaan gadiitti gabateen ibsamaniiru.

**Gabatee 2.27 baay'ina daataa fedhii leenjii dhimmoota biroo agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota bar-	Baay'iina namoota	Dhibbentaa	Sada

	gaafficha guutan	ijoo kana filatan	dhaan (%)	rkaa
Bilisummaahojii fi naamusaogummaa	40	20	50%	1 <sup>ffaa</sup>
Kenna hayyamaa fi galmeessa ragaalee	40	19	47.5%	2 <sup>ffaa</sup>
Qabiinsa fi haaromsasirreeffamtootaseeraa	40	13	32.5%	3 <sup>ffaa</sup>
Karoorra raawwii mirga namoomaa biyyooleessaa (national human right action plan, 2013-15)	40	13	32.5%	3 <sup>ffaa</sup>

Gabatee kanarraa akka hubatamu mata dureewwan leenjii abbootii alangaaf filannoof dhiyaate keessaa mata dureen **Bilisummaahojii fi naamusaogummaa** jedhu sadarkaa tokkooffaan yoo filatamu mata dureen **kenna hayyamaa fi galmeessa ragaalee** jedhu sadarkaa lammaffaan filatameera.

### III) Fedhii leenjii Abbootii Alangaa Naannoo fi Abbootii Alangaa koomishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa

Mata dureewwan leenjii abbootii alangaa naannoolee idilee fi koomishinii naamusaafi farra malaammaltummaa bifa bar-gaaffiin filannoof dhiyaataniiru. Kunis dhimmoota yakkaa bu'uuraa, dhimmoota adeemsa yakkaa fi labiilee biroo of-keessatti kan hammatee dha. Bu'aan filannoo isaas akka kanaa gadiitti ibsamee jira.

#### A) Seera yakkaa

Mata dureewwan yakkaa filannoof dhiyaatan keessaa kan sadarkaa 1-4 argatan akka armaan gadiitti gabateen ibsamaniru.

**Gabatee 2.25:Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii Alangaa Naannoo seera yakkaa irraatti qaban agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota bar-gaafficha guutan	Baay'iina namoota ijoo kana filatan	Dhibbentaa dhaan (%)	Sada rkaa
Yakkoota sanada dirqamaa ykn wabummaa fi qarshii sobaa qopheessuu	11	9	(%81.81)	1ffaa
Yakkoota daddabalamaa fi irra deddeebii	11	7	(%63.63)	2ffaa
Addaan citiinsa falmii yakkaa fi darbiinsa yeroo	11	6	(%54.54)	3ffaa
Yakkoota balaa tiraafikaa fi gahee qaamolee haqaa	11	5	(% 45.45)	4ffaa

Gabateen kun akka agarsiisutti Abbootii Alangaa Naannoo bar-gaaffii guutaniin sadarkaa 1ffaan kan filatame mata duree **Yakkoota sanada dirqamaa ykn wabummaa fi qarshii sobaa qopheessuu** Jedhusadarkaa 1ffaan yoo filatamu mata dureen **Yakkoota daddabalamaa fi irra deddeebii** Jedhu sadarkaa lammaffaan filatameera.

**B) Seera Adeemsa Falmii Yakkaa**

Mata dureewwan yakkaa filannoof dhiyaatan keessaa kan sadarkaa 1-4 argatan akka armaan gadiitti gabateen ibsamaniru.

**Gabatee 2.26:Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii Alangaa Nannoo Seera Adeemsa falmii Yakkaa irratti qaban agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota bar-gaafficha guutan	Baay'iina namoota ijoo kana filatan	Dhibbentaan (%)	Sadarkaa
Aangoo fi itti gaafatamummaa abbaa alangummaa addaan baasuu (hundeessuu, fooyyessuu, kaasuu, himannaa yakkaa fi hariiroo hawaasaa waliin dhiyeessuu fi gidduu seenuu)	<b>11</b>	<b>11</b>	<b>(%100)</b>	1 <sup>ffaa</sup>
Ol'iyannoo, ijibbaata dhimma yakkaa fi adabbii yeroof tursiisuu	<b>11</b>	<b>7</b>	<b>(%63.63)</b>	2 <sup>ffaa</sup>
Rogummaa, Fudhatamummaa fi madaallii ragaa Dhimmoota yakkaa irratti	<b>11</b>	<b>7</b>	<b>(%63.63)</b>	2 <sup>ffaa</sup>
Qajeelfama adabbii	<b>11</b>	<b>5</b>	<b>(%45.45)</b>	4 <sup>ffaa</sup>

Dhimmoota seera deemsa falmii yakkaa bifa bar-gaaffiin Abbootii Alangaa Naannoof filannoon dhiyaatan keessaa sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> ta'uun kan filatame **Aangoo fi itti gaafatamummaa abbaa alangummaa addaan baasuu (himata hundeessuu, fooyyessuu, kaasuu, himannaa yakkaa fi hariiroo hawaasaa waliin dhiyeessuu fi gidduu seenuu)** kan jedhu yoo ta'u, sadarkaa lammaffaa kan argatan sagalee wal-qixa argachuun mata duree **Ol'iyannoo, ijibbaata dhimma yakkaa fi adabbii yeroof tursiisuu fi Rogummaa, Fudhatamummaa fi madaallii ragaa Dhimmoota yakkaa** jedhan sadarkaa lammaffaan filatamaniiru.

### C) Labsiiwwan

Labsiiwwan yakkaa fi hariiroo hawaasaa ilaallatanii fi filannoof dhiyaatan keessaa kan sadarkaa 1-4 argatan akka armaan gadiitti gabateen ibsamaniru.

**Gabatee 2.27: Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii Alangaa Naannoo Labsiiwwan garagaraa irratti qaban agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota bar-gaafficha guutan	Baay'iina namoota ijoo kana filatan	Dhibbentaan (%)	Sadarkaa
Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa shammattotaa	11	6	(%54.54)	1 <sup>ffaa</sup>
Labsii shororkeessummaa	11	5	(%45.45)	2 <sup>ffaa</sup>
Labsii malaammaltummaa	11	5	(%45.45)	2 <sup>ffaa</sup>
Labsii Invastimantii	11	5	(%45.45)	2 <sup>ffaa</sup>

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamuutti matadureewwan fedhii leenjii labsiiwwan garagaraa ilaallatan keessaa sadarkaa 1ffaa kana argate mata duree **Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa shammattotaa** kan jedhu yoo ta'u, qabxii wal-qixa fiduun sadarkaa lammaffaa kan argatan mata dureewwan **Labsii shororkeessummaa, Labsii malaammaltummaa, fi Labsii Invastimantii** dha.

## D)DhimmootaBiroo

Dhimmoota seeraa biroo filannoof dhiyaatan keessaa mata dureewwan sadarkaa 1-4 argatan akka kanaa gadiitti gabateen ibsamaniiru.

### Gabatee 2.28: Baay'ina daataa fedhii leenjii Abbootii Alangaa Naannoo dhimmoota biroo irratti qaban agarsiisu

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota bar-gaafficha guutan	Baay'iina namoota ijoo kana filatan	Dhibbentaan (%)	Sadarkaa
Bilisummaa hojii fi naamusa ogummaa	11	8	(%72.72)	1ffaa
Mirga namoomaa kabachiisuu keessatti gahee qaamolee haqaa	11	6	(%54.54)	2ffaa
Karoora raawwii mirga namoomaa biyyoolessaa(national human right action plan, 2013-15)	11	6	(%54.54)	2ffaa
Kenna hayyamaa fi galmeessa ragaalee	11	5	(%45.45)	4ffaa

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamuutti matadureewwan fedhii leenjii dhimmoota seeraa biroo ilaallatan keessaa sadarkaa tokkooffaan kan filatame mata duree **Bilisummaa hojii fi**



**naamusa ogummaa** yoo ta’u, sadarkaa lammaffaan kan filataman sagalee wal-qixa ta’e argachuun mata duree **Mirga namoomaa kabachiisuu keessatti gahee qaamolee haqaa fi Karoora raawwii mirga namoomaa biyyoolessaa(national human right action plan, 2013-15)** jedhan sadarkaa lammaffaan filatamaniiru..

### 2.3 Fedhii Lenjii Qoratoota Poolisiitiif Dhiyaatee

Fedhii leenjii raawwattoota koomishinii poolisii naannoo oromiyaa kan ta’an qoratoota garagaraa irra jiran irraa bifa bar-gaaffiitiin daataan funaanameera. Gaaffiin bar-gaaffiin dhiyaatee kutaa sadii kan qabu yommuu ta’u, kunis qorannoo yakkaa, labsiiwwan adda addaa fi dhimmoota biroo kan jedhu dha. Bar-gaaffii leenjiin qoratoota poolisii kun sadarkaa aanaa irraa kaasee hanga koomishinii poolisii qoratoota jiraniif oggeessoota 62 guuchisuuf kan karoorfamnee yommuu ta’u, qoratoota 62 ta’an bargaafigha guuchisuu danda’ame jira. Kunis persantaadhaan yommuu shallagamu **%100/100** ta’a. Bu’aa daataa bifa bar-gaaffiin sassaabamee akka armaan gadiitti gabateen ibsameera.

#### Gabatee : 2.29 Baay’ina Daataa Fedhii Leenjii Poolisii Agarsiisu

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota af-gaaffii taasifaman	Baay'ina namoota ijoo kana filatan	Dhibbentaan %	Sada rkaa
<b>Qorannaa yakkaa</b>				
Haala ragaan ittiin funaanamuu fi madaalamu	62	49	79	1ffaa
Saayinsii foreensikii (ashaaraa) fi xinsammuu shakkamaa	“””	39	63	3ffaa

Adeemsa qorannoo shakkamtootni ijoollee hordofan	“””””	27	43.5	4ffaa
Qabiinsa shakkamaa fi eegumsa ciraa	“””””	7	--	
Balaa tiraafikaa fi gahee qaamolee haqaa	“””””	40	64.5	2ffaa
Falmii mirga wabii fi ragaa dhiyeessuu	“””””	8	--	
<b>Labsiiwwan</b>				
Labsii malaammaltummaa	“””””	25	40	1ffaa
Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa shammattotaa	“””””	20	32	2ffaa
Labsii galmeessaa fi hayyama daldalaa	“””””	8	--	--
Labsii shororkeessummaa	“””””	25	40	1ffaa
Labsii Invastimantii	“””””	15	24	4ffaa
Labsii Bunaa	“””””	5	----	---
Labsii liizii		12	--	--
Labsii daldala beeyladaa		10	--	--
Labsii godaansa namaa seeraan alaa		13	--	--
Labsii VAT fi gumurukaa		9	---	--
Labsii filannoo	“””””	18	29	3ffaa
Labsii ijaarsaa	“””””	-	--	--
<b>Dhimmoota Biroo</b>				

Naamusa ogummaa	“”””””	9	-	-
Qabiinsa abbaa dhimmaa fi kenninsa tajaajila uummataa	“”””””	13	-	-

Gabatee kana irraa hubachuun kan danda’amu fedhii leenjii bar-gaaffii qoratoota poolisii sadarkaa gar-garaa funaanameen kutaa tokkoffaa keessaa sadarkaa duraa irratti kan filatame mata duree **Haala ragaan ittiin funaanamuu fi madaalamu** jedhu dha. Kunis sadarkaa duraa irratti filatamuu kan danda’e qoratoota bar-gaaffichaa guutan jahatami lama keessaa namoota 49 (72%)’n ta’an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Kutumaa kana keessatti sadarkaa itti aanu qabachuun kan filatame immoo mataduree **Balaa tiraafikaa fi gahee qaamolee haqaati**. Kun immoo qoratoota bar-gaaffichaa guutan jahatami lama keessaa namoota 40 (64.5%)’n leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Akkasumas, sadarkaa 3ff<sup>aa</sup> ta’uun mata dureen filatame waa’ee Saayinsii foreensikii (ashaaraa) fi xinsammuu shakkamaati. Kunis sadarkaa 3ff<sup>aa</sup> argachuun filatamuu kan danda’eef bar-gaaffichaa guutan jahatami lama keessaa namoota 39 (63%)’n leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi dha.

Kutaa lamaffaa gabatee kana keessaa akkuma kaa’ameti fedhii leenjii bar-gaaffii qoratoota poolisii sadarkaa gar-garaa funaanameen mata dureewwan **Labsii Malaammaltummaa fi Labsii Shoororkeessummaan** sadarkaa wal-qixaan sadarkaa dura argatani filatamaniru. Kunis sadarkaa duraa irratti filatamuu kan danda’e qoratoota bar-gaaffichaa guutan jahatami lama keessaa namoota 25 (40%)’n ta’an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Kutumaa kana keessatti sadarkaa itti aanu qabachuun kan filatame immoo mataduree **Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa shammattotaa ti**. Kun immoo qoratoota bar-gaaffichaa guutan jahatami lama keessaa namoota 20 (32%)’n leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Akkasumas, sadarkaa 3ff<sup>aa</sup> ta’uun mata dureen filatame

waa'ee **Labsii filannooti**. Kunis sadarkaa 3ff<sup>aa</sup> argachuun filatamuu kan danda'eef bar-gaaffichaa guutan jahatami lama keessaa namoota 18 (29%)'n leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi dha.

Sadarkaan armaan olitti kaa'ame akkuma jiruti ta'e,

- ❖ Kutaa adda fi waliigalaa seera yakka ilaalchisee,
- ❖ Labsii Lakk-163/2003 hojii irraa oolma isaa fi hanqinaalee inni qabu irratti,
- ❖ Dhimma daa'imanni fi dubartoota irratti,
- ❖ Yakkoota fedha fi dantaa uummataa fi hawaasaa irratti raawwatamu danda'an irratti, fi kkf matadureewwan biroo leenjii irratti otoo kenname fedha kan qaban ta'u isaan bar-gaaffii qoratoota poolisii sadarkaa adda addaa irraa funaaname irraa hubachu ni dandenyee jira.

Kana malees, qorattoo poolisii fi abbaa alangaa sadarkaa adda addaa irratti argamaniif qorannoo wajjiin wal-qabatee Haala ragaan ittiin funaanamuu fi madaalamu, keessattuu qorannaa gaggeessuun biiroo keessatti ta'ani jecha fudhu qofa otoo hin ta'iin hanga iddoo yakkichi itti raawwatameeti qaamaan dhaquun akkaataa ragaa jiru itti funaanamu irratti rakkoon waan jiruuf irratti xiyeefatame leenjiin kennamu akka qabu Ins/ol'aanaa Addisu duubatani jiru.<sup>8</sup> Kana malees, qorannoo gaggeeffamu keessatti mirgaalee kabajamuu qaban kan himatamaa qofa otoo hin ta'iin kan miidhamaa fi kan qaamaa sadaffaa xiinxalamu akka qabu eerameera.

Matadureewwan bar-gaaffii qoratoota seeraaf kaa'ame akkuma jiruti ta'e, hojii qorannoo keessati waliin qorachuu abbaa alangaa fi poolisii wajjiin wal-qabatee kanaan dura kallattiin gama ILQSO waajjiralee poolisii fi A/Alangaatiif kan kennamaa ture yoo ta'eilee dhimmi kun hanga ammaatii hojii keessatti rakkoo uummaa waan jiruuf ammaalee bal'inaan leenjii kennuun otoo kallattiin tokko qabamee gaarii akka ta'e af-gaaffii hoggantootaa wajjiin taasifnne irraa hubachu dandeenyeera.<sup>9</sup> Abbootiin alangaa dhimmaa qorannoo gaggeessuu wajjiin wal-qabatee hubannoo gahaa waan hin qabaneef qorannoo gaggeeffamuu keessatti hirmaana gaha ta'e akka

---

<sup>8</sup>Ittigaafatamaa Adeemsa Qajeelcha Poolisii Godina Adda Finfinnee kan ta'an Ins.Ol'aanaa Addisuu Mangashaa Waliin gaafa 18/12/2006 af-gaaffii gaggeeffamee

<sup>9</sup>Ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Godina Shawaa Kaabaa Jamaal Bahiir waliin af-gaaffii gaaffaa 12/12/2006 gaggeeffame.

qabaatan qoratoota poolisii irra isaaniif xiyeeffannoo kennuun leenjiin bal'aa fi itti fufinsaa qabu kennuun akkaumaa qoratoota poolisiitti gama kanaan hubannoo gaha ta'e akka argatan gochuuf hojiin hojjatamu qaba.<sup>10</sup>

#### 2.4. Daataa Sakatta'a Fedhii Qorannoo Agarsiisu

Hojiin inni guddaan biroon iniistiitiyuutii kanaan hojjatamu hojii qorannooti. Rakkoo sirna haqaa naannichaa qorannoon hiikuuf kaayyoolee tarsii moowaa qulqullina fi uwwisa qorannoo dabaluu jedhu qabatee sochoo'aa jira. Kaayyoo kana galmaan gahuuf qorannoon gaggeeffamu fedhii irratti kan hundaa'ee ta'u qaba. Kanaaf, fedhii ogeessota qaamolee haqaa garagaraa (Mannen Murtii, Wajjiralee Haqaa, Wajjiralee Poolisii, Komishini Naamusaa Fi Farraa Malaamaltumma,) sakatta'uuf daataan bifa bar-gaaffii fi af-gaaffiin sassaabameera. Gaaffiin bar-gaaffiin dhiyaatee kutaa lama kan qabu dha; kunis dhimmoota yakkaa fi dhimmoota hariiroo hawaasaa fi riformiiwwaniiti. Bu'aa daataa bifa bar-gaaffiin sassaabamee akka armaan gadiitti gabateen ibsameera.

#### **Gabatee 2.30 mata dureewwan fedhiin qorannoo irratti sassabamee sadarkaa fi sagalee argatan waliin**

<b>Lakk.</b>	<b>Mata duree fi yaadoota akka irratti xiyyeeffatamu ibsame</b>	<b>Baay'inna sagalee</b>	<b>sadarkaa</b>
1	Raawwii seera Liizii	112	4ffaa
2	Raga sobaa barreefamaa	166	1ffaa
3	Waligaltee hojjataaf hojjachiisa	69	7ffaa
4	Qorannoo fooreensiikii:	126	3ffaa
5	Rakkoolee naamusa oggeessota qaamoolee haqaa	83	6ffaa

<sup>10</sup>Ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Godina Adda Naannoo Finfinnee obbo Tafarraa waliin af-gaaffii gaaffaa 20/12/2006 gaggeeffame

6	Rakkoowwan wixinee seeraa,adeemsa seera baasuu fi hojirra oolmaa seeroota caffee	135	2ffaa
7	Daangaa fi walitti dhufeenya hojii bulchiinsa m/murtii fi bulchiinsa dhimmaa	67	8ffaa
8	Hojirra oolma kominitii poolisiingii naannoo oromiyaa	58	9ffaa
9	KGT keessatti milkaa'inna qaamoolee haqaa	36	11ffaa
10	Gurmaa'inna fi walitti dhufeenya biiroo bulchiinsa fi nageenya naannoo oromiyaa fi komishinii poolisii oromiyaa	46	10ffaa
11	Dhimma hariiroo hawaasaa keessatti gahee A/A	101	5ffaa

Gabatee armaan oli irraa hubachu kan dandeenyu mata dureewwan fedhii qorannoof qaamolee haqaa garagaraatiif dhiyaatan keessaa mata dureen **Raga sobaa barreefamaa** jedhu sagalee 166 argachuun tokkooffaa yoo ta'u mata dureen **Rakkoowwan wixinee seeraa,adeemsa seera baasuu fi hojirra oolmaa seeroota caffee bahan** jedhu sagalee 135 argachuun sadarkaa lammaffaa argateera. Mata dureen Qorannaa Foransiikii jedhu sagalee 126 argachuun sadarkaa sadaffaa yoo argatu, mata dureen Raawwii seera Liizii sagalee 112 argachuun arfaaffaa, mata dureen Dhimma hariiroo hawaasaa keessatti gahee A/A jedhu sagalee 101 argachuun shanaffaa, mata dureen Rakkoolee naamusa oggeessoota qaamoolee haqaa jedhu sagalee 83 argachuun jahaaffaa, mata dureen Waligaltee hojjataaf hojjachiisa jedhu sagalee 69 argachuun torbaffaa, mata dureen Daangaa fi walitti dhufeenya hojii bulchiinsa m/murtii fi bulchiinsa dhimmaa jedhu sadeetaffaa yoo ta'u mata dureen Hojirra oolma kominitii poolisiingii naannoo oromiyaa jedhu sagalee 58 argachuun saglaaffaa ta'uun filatamaniiru.

## BOQONNAA SADI

### XIINXALA DAATAA fi SADARKEESSA MATADUREEWWAN LEENJII HOJIIRRAA fi QORANNOO BARA 2007

#### Seensa

Leenjii fi qorannoo bu'a qabessaa ta'e kennuuf, qaamoleen leenjii barbaadan fedhiin isaanii maal akka ta'e adda baasuun beekuun barbaachisaa dha. Qabeenya murta'aa jiruu fi humna namaa qabu kana akkataa bu'a qabessaa ta'een fayyadamuu fi leenjii fi qorannoo taasifamu irraa immoo bu'aa gaarii argachuuf akkasumas qaama leenjii fi qorannoo sana barbaadu bira gahuu isaa mirkaneessuuf fedhii leenjii fi qorannoo xiinxaluun sadarkessuun barbaachisaa dha.

Leenjii sadarkeessuun kennuun bu'aa qabessuummaa isaa irratti bakka guddaa qaba. Otoo hin sadarkeessiin leenjii kennuun bu'aa barbaadamu akka hin fidne ykn dursa dhimoota argachuu qaban akka hin arganne taasisuu danda'a. Kanaaf, qabeenya xiqqoo jirtu kanaan qaamolee haqaaf leenjii haala bu'aa buusuu danda'uttii fi qorannoon bakka rakkinni cimaa jiru addaan baasuun matadureewwan qorannoon bara 2007 tti akka irratti gaggeeffamuuf dursa argatan adda baafneerra.

Inistitiyutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa Karoora hojii waggaa waggaan qabatu keessatti fedhii leenjii fi qorannoo qaamolee hunda irraa dhiyaataniif keessummeessuu hin danda'u. Kana irraa ka'uun fedhiilee leenjii fi qorannoo jiran kan dursi kennamuufii qabu addaan baasuun (prioritize) leenjii fi qorannoon gaggeefamuu ni qabaata. Boqonnaa Lamaffaa kessaattiis daataa dheedhii fedhii leenjii Abbootii Seeraa, ofisaroota seeraa, Abbootii Alangaa, Qorattoota Poolisii, irraa af-gaaffii fi bar-gaaffiidhaan argaman akka jiranitti sadarkaa ittiin filataman waliin kaa'uuf yaalameera.

Daataan ogeessota qaamolee adda addaa irraa argame sadarkaa adda addaan haa kaa'amu malee, fedhii leenjii jiru hunda irratti leenjii kennuu fi qorannoo gaggeessun hin danda'amu. Sababiin isaas hanqina humna namaa fi qabeenyaa Inistitiyutiin kun qabu irraa kan ka'edha. Tokkoo tokkoo manneen hojii sadarkaa gara garaa irratti argamaniif kopha kophaatti fedhii leenjii isaanii eeguun sagantaa leenjii qopheessuun kan danda'amu hin fakkaatu. Kanaaf, boqonnaa kana keessatti ijoowwan ogeessotaa fi manneen hojii gara garaa yookin manneen hojii walfakkaataa

ta’anii sadarkaa gara garaatti argaman biratti fedhiin leenjii bal’aan irratti mul’ate adda baasuuf xiinxalli gaggeeffamera.

Bu’uuruma kanaan ijoowwan fedhii leenjii af-gaaffii fi bar-gaaffiin abbootii seera manneen murtii Aanaalee, Godinaalee fi MMWO fi hooggantoota isaaniirraa argaman walitti fiduun xiinxalamaniiru. Dhimmootni sagantaaleen leenjii irratti qophaa’uu qabanis akeekamaniiru. Kan waajjiraalee haqaa fi qorattoota poolisiis bifuma walfakkaatuun xiinxalameera.

Fedhii qorannootiin walqabatees daataa boqonnaa 2ffaa keessatti teechifame irratti xiinxallii fi sadarkeessi mata dureewwan qorannoo barbaadan tarreeffaamaniiru. Kana malees, mata dureewwan kanneen bar-gaaffii fi af-gaaffiin alattis ogeessota qaamolee haqaa garagara irraa waliitti qabamanis hojii qorannoo fi leenjii barootandhufan gaggeeffamaniif galtee ta’uu waan danda’aniif fedhiwwan addaa dhiyaatanis qorannoo kana keessatti akka hammataman taasifamaniiru.

### 3.1 Xiinxala Daataa fi Sadarkeessa Duraa Duuba Mata Dureewwan Leenjii

#### 3.1.1 Xiinxala Daataa fi Sadarkeessa Duraa Duuba Mata Dureewwan Leenjii Abbootii Seeraa Manneen Murtii Aanaa, Ol’aanaa fi MMWO

#### Gabatee .3.1. Sadarkaa fedhii Leenjii Dhimoota seera yakkaa fi adeemsa falmii yakkaa Abbootii seeraa Mana murtii aanaa hanga waliigalaatti agarsiisu

Ijoo /mataduree/ leenjii filatame	Baay’ina hirmaattota bargaa’ii guutanii				Baay’ina hirmaattota ijoo seeraa kana filatanii					Sad.
	Aan.	God.	MM WO	Walii galatti	Aanaa	God.	MM WO	Wal iigalatti	% dhaan	
Yakkoota daddabalamoo fi irra deddebii	-	-	6	6	-	-	5	5	83.3*	*



Itti gaafatamummaa ijoollee yakka raawwatani, adabbii fi tarkaanfiwwan isaan irratti raawwatamu	66	38	-	104	39	27	-	66	63.4	1 <sup>ffaa</sup>
Roogummaa ,fudhatamummaa fi madaallii raga dhimmoota yakkaa	66	38	6	110	27	17	2	46	41.8	2 <sup>ffaa</sup>
Dhimmoota qorannoo yakkaa waliin walqabatan (yeroo bellamaa,mirga wabii)	66	38	-	104	32	7	-	39	37.5	3 <sup>ffaa</sup>
Addaan citiinsa falmii yakkaa fi darbiinsa yeroo	66	38	6	110	24	12	1	37	33.6	4 <sup>ffaa</sup>
Ragaa sobaan wal-qabatee dhimmoota jiran;	66	38	6	110	19	14	2	35	31.8	5 <sup>ffaa</sup>
Aangoo manneen murtii dhimma yakkaa ilaaluuf qaban murteessuu	66	38	6	110	19	12	2	33	30	6 <sup>ffaa</sup>
Adabbii fi tarkaanffii biro haala raawwii isaanii	66	38	-	104	19	11	-	30	28.8	7 <sup>ffaa</sup>

Akkuma gabateedhaan olitti ibsame mata-dureewwan fedhii leenjii abbootii seera sadarkaa garagara irratti argamaniif dhiyaatee keessaa sadarkaa tokkooffaa kan argate mataduree ***Itti gaafatamummaa ijoollee yakka raawwatani, adabbii fi tarkaanfiwwan isaan irratti raawwatamu*** kan jedhu dha. Kunis sadarkaa duraa irratti filatamuu kan danda'e Abbootii seera bar-gaaffichaa 104 keessaa namoota 66 (63.4%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Sadarkaa itti aanu qabachuun kan filatame immoo mataduree

**Roogummaa, fudhatamummaa fi madaallii raga dhimmoota yakkaa** isa jedhu dha. Kun immoo Abbootii seera bar-gaaffichaa guutan 110 keessaa namoota 46 (41.8%)’n ta’an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi.

## **D) Seera Yakkaa fi Adeemsa Falmii Yakkaa**

### **A) Yakka daddabalama**

Mata dureen yakkoota daddabalamaa fi Irra-deddebii jedhu fedhii leenjii Abbootii Seeraa Mana Murtii Waliigalaa qofa ta’uun bargaaftii keessatti kan dhiyaate yommuu ta’u A/Seeraa 6 bargaafticha guutan keessaa A/Seeraa 5’n filatamuun fedhiin leenjii olaanan akka jiru ni mul’isa. Mata deree kana jalatti namni tokko yeroo fi gochaa walfakkataatiin tumaa seeraa yakkaa tokko ol yommuu cabsu fi namni ykn qabeenyi yakki irratti raawwate yommuu baay’atu (Seera Yakkaa key.60 fi kan itti aanan) himannan dhiyaatu tokko moo haguma seera cabee, nama ykn qabeenya miidhamee baay’achuu qaba kan jedhu falmisiisaadha. Haalli hojimaataa amma jirus wal hin fakkataa akka hin taane ibsama.<sup>11</sup>

### **B) Itti Gaafatamummaa Ijoollee Yakka Raawwatani, Adabbii fi Tarkaanfiwwan Isaan Irratti Raawwatamu**

Dhimmi daa’immanii fi dargaggoota yakka raawwatani haala namoota ga’eessota ta’aniin ala ilaalamuu akka qabu Seera yakkaa irratti ifaan taa’us hojimaanni Manneen murtii keessa jiru garuu bu’ura seeraa kan qabuu miti.<sup>12</sup> Tarkaanfiwwan ijoolloota kanneen irratti ajajamaniis yeroo baay’ee akkuma kanneen ga’eessotaa adabbii hidhaatidha. Haalli raawwii isaas bifa seeraan tumameen miti. Gama biraan manneen murtii baay’ee keessatti Dhaddachi daa’immanii (umrii 9-15) waan hin hundoofnef dhimmi daa’immanii dhaddachuma yakkaa idilee irratti gaggeeffama.<sup>13</sup>

### **C) Roogummaa, fudhatamummaa fi madaallii raga dhimmoota yakkaa**

---

<sup>11</sup> Aftaaffii ob. Gammachuu Baqqalaa pirezdaantii MMO/Go/Jimmaa waliin gaafa 20/12/2006.

<sup>12</sup> Aftaaffii ob. Takkaaliny Asfaaw B/B prezzaantii MMO/Go/I/A/B waliin gaafa 22/12/2006 taasifame

<sup>13</sup> Aftaaffii ob. Obboo Kabbadaa Tasammaa pirezidaantii mana murtii Aanaa Arsii Nageellee waliin gaafa guyyaa 13/12/2006

Ragaa wajjiin wal-qabatee yaadootni kaa'an keessaa gulantaan madaallii raga yaakkaa ifa miti kan jedhudha. Sadarkaan mirkaneessa raga himata Abbaan Alangaa fi ittisa raga Seera deemsa falmii yakkaa keenya irraa salphaatti kan hubatamu waan hin taaneef hojii irratti rakkoo ta'eera.<sup>14</sup> Ragaa bitaa mirgaa sirnaan madaaluu irratti manneen murtii bira rakkoon ni mul'ata. A/Seeraa sababa gaaffii qulqulleeffannaatiif gaaffii qaxxaamuraa gaafachuun madaallii ragaa fi falmii yommuu miidhan ni mul'ata. Himatamaan akka ofirraa ittisu erga jedhameen booda raga ittisaa fidachuu yoo dide ykn hin dandeenye adeemsi jiru ifaa miti. Abbootiin seera tokko tokko qulqulleefachuuf jecha ragaa ittisaa yommuu itti waaman ni mul'ata.<sup>15</sup> Gama biraatiin dhimmoota raga ogeessatiin mirkana'an keessumattuu balaa tiraafikii waliin walqabatee ragaa ogeessaa dhiisuun raga namaa ogummaa hin qabne ulfina kennuun ni mul'ata.<sup>16</sup>

#### **D) Dhimmoota qorannoo yakkaa waliin walqabatan (yeroo beellamaa, mirga wabii)**

Dhimmoonni qorannoo yakkaatin walqabatan fedhii A/Seeraa hundaa jalatti sadarkaa 3ffaa kan qabatera. Qorannoo yakkaatiin walqabatee kaayyoo yeroo beellamaa fi gaheen mana murtii irratti hubannoon jiru gahaa waan hin taaneef leenjiin barbaachisaadha.<sup>17</sup> Akkataa keessummeessa yeroo beellamaa fi mirga wabii Manneen Murtii keessatti mul'atu ilaalchisees yeroo beellamaa fi mirga wabii galmee adda addaa moo tokko irratti keessummeefama kan jedhu gaaffii A/Seeraa hedduu ta'uun hubatameera(kabbadaa Tashoomaa). Bay'ina yeroo beellamaa kennamu murteessu fi shallaggii qarshii wabummaaf qabamu irrattis rakkoon akka jiru ibsameera.<sup>18</sup> yeroo beellamaa kenname erga dhume booda shakkamaan himanni yoo irratti hin dhiyaanne ,keessumattuu dhimmoota mirga wabii hin kennisiisne fi aangoon qaama biraa (fkn federaalaa) ilaalchisee manni murtii ajaja akkamii kennuu qaba kan jedhu ifaa waan hin taaneef garaagarummaan hojimaataa manneen murtiis ta'ee A/Seeraa gidduutti ni mul'ata.<sup>19</sup> Dhimmoota

---

<sup>14</sup> Afgaaffii Obboo Girmaa Lammaa Pireezidaantii mana murtii ol'aana godina Baalee waliin gaafa guyyaa 20/12/2006

<sup>15</sup> Afgaaffii Obboo Fayyisaa Nugusee, pireezidaantii mana murtii Aanaa Sinaana waliin gaafa guyyaa 20/12/2006

<sup>16</sup> Af-gaaffii Obboo Qaasim Galgaloo, BHotti Abbaa adeemsa hojii qorannaa yakkaafi murtii Haqaa kennisiisuu waliin gaafa 6/12/06 taasifame

<sup>17</sup> Af-gaaffii Obboo Bojaa Taaddasa Itti/Aanaa Pireezidaantii MMWO, gaafa 07/12/2006 taasifame.

<sup>18</sup> Af-gaaffii Ob. Takkaliny Asfaa BB/Pireezidaantii MMO/Go/I/A/Boor – gaafa 22/12/2006

Af-gaaffii Obboo Hordofaa Toleera , pireezidaantii M/M/O/G/Qeellam Wallagaa waliin gaafa 13/12/06 taasifame

<sup>19</sup> Afgaaffii Af-gaaffii Ob. Takkaliny Asfaa BB/Pireezidaantii MMO/Go/I/A/Boor – gaafa 22/12/2006

akka shororkeessummaa fi malaanmaltummaa ilaalchisee qoratootni poolisii mirga wabii irratti yaada akka ibsan yommuu gaafataman aangoo hin qabnu jechuun deebisu.

### E) Addaan Citiinsa Falmii Yakkaa Fi Darbiinsa Yeroo

Mata dureen kun dhimmoota leenjii dhiyaatan keessaa sadarkaa 4ffaatti kan filatameedha. Kunis addaan citiinsa falmii yakkaatiif wantoota sababa ta'an adda baasuun itti hojjachuu irratti rakkoon akka jiru kan agarsiisudha. Yakkoota sadarkaa addaa addaatiif darbiinsa yeroo beekaniif falmii yakkaa gaggeessuu irratti hanqina hubannoo jiru furuuf leenjiin barbaachisaadha.

### Gabatee 3.2 Sadarkaa fedhii Leenjii Abbootiin seeraa Mana murtii aanaa hanga waliigalaa Labsiiwwan irratti Qaban agarsiisu

Ijoo /mataduree/ leenjii filatame	Baay'ina hirmaattota bargaaffii guutani				Baay'ina hirmaattota ijoo seeraa kana filatani					Sad.
	Aan.	God.	MM WO	Walii galatti	Aanaa	God.	MM WO	Walii galatti	% dhaan	
Labsii Liizii	66	38	6	110	24	24	3	51	46.3	1 <sup>ffaa</sup>
Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa shamatootaa	66	38	6	110	33	13	3	49	44.5	2 <sup>ffaa</sup>
Labsii invastimantii	66	38	6	110	19	9	0	28	25.4	3 <sup>ffaa</sup>
Labsii gibiraa, VAT, Gumrukaa	66	38	6	110	19	9	0	28	25.4	3 <sup>ffaa</sup>
Labsii Bunaa	66	38	6	110	13	9	2	24	21.8	5 <sup>ffaa</sup>

Akkuma gabateedhaan olitti ibsame mata-dureewwan fedhii leenjii abbootii seera sadarkaa garagara irratti argamaniif dhiyaatee keessaa sadarkaa tokkooffaa kan argate mataduree Lasii Lizii kan jedhu dha. Kunis sadarkaa duraa irratti filatamuu kan danda'e Abbootii seera bar-gaaffichaa 110 keessaa namoota 51 (46.3%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Sadarkaa itti aanu qabachuun kan filatame immoo mataduree Labsii *dorgommii daldalaa fi eegumsa shamatoota* isa jedhu dha. Kun immoo Abbootii seera bar-gaaffichaa guutan 110 keessaa namoota 49 (44.5%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Akkasumas, sadarkaa 3ff<sup>aa</sup> ta'uun mata dureewwan sagalee wal-qixaa ta'een filataman waa'ee Labsii Investimatii fi Labsii gibiraa, VAT, Gumrukaa dha. Kunis sadarkaa 3ff<sup>aa</sup> argachuun filatamuu kan danda'eef Abbootii seera bar-gaaffichaa guutan 106 keessaa namoota 28 (25.4%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi dha.

## **II) Labsiiwwan adda addaa**

### **A) Labsii Liizii**

Labsiiwwan fedhii leenjii A/Seeraa hundaa ta'uun filataman keessaa labsiin liizii sadarkaa duraa kan qabateedha. Labsichi qaamolee bulchiinsatiif aangoo bal'aa kan kenne ta'uus aangoo sana sirnaan fayyadamuu irratti hanqinni waan jiruuf rakkoon qaamolee haqaa biratti uumamaa jiraachuu yaadota ka'an irraa ni hubatama.<sup>20</sup> Gama biraan Magaalootni liiziin hin bullee himannaa liizii dhiyeessuun ni mul'ata.<sup>21</sup> Kanaaf leenjii hubannoo dhimma kana irratti barbaachisaa akka ta'e afgaaffii hoggantoota waliin ta'eenis hubatameera.

### **B) Dorgommii daldalaa fi eegumsa shamatoota**

Dhimma dorgommii daldalaa fi eegumsa shamatoota irratti leenjiin kennamu wantoota labsicha keessatti ifa hin taane hubachiisuu cinaatti, aangoo qaamolee labsicha akka hojiirra oolchan

---

<sup>20</sup> Af-gaaffii Obboo Jaabir Nuuree, B/B Pri/MMO God/Harargee Bahaa, gaafa 12/12/2006 taasifame.

<sup>21</sup> Obboo Amiin Aadam, Hoogganaa wajjira haqaa godina arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 14/12/2006

labsichaan hundeeffamanii fi gahee qaamolee haqaa naannoo keenyaa adda baasuun hubachiisuu irratti xiyyeeffachuu qaba.<sup>22</sup>

### C) Labsii gibiraa, VAT, Gumrukaa

Yakkota labsii kanaan walqabatee raawwataman irratti yaada sammuu(intention) hubachiisuun rakkisaadha. Dhimmoota hariiroo hawwasaa ilaalchisee A/Alangaa himannaa hundeessa moo raawwii bana kan jedhu adda bahuu qaba.<sup>23</sup> Kanaaf dhimmoota kana irratti leenjiiin barbaachisaa ta'uu yaadota ka'an irraa ni hubatama.

### D) Labsii Bunaa

Labsii bunaa ilaalchisee dhimmoota hubannoo barbaadan keessaa kaayyoo labsichaatiidha.<sup>24</sup> Dhimmi biraa immoo labsicha hojii irra oolchuu irratti rakkoon mudataa jira. Aangon buna seeraan alaa qabuu qaama biraaf waan kennameef poolisoonni buna seeraan alaa yommuu qaban yeroo baay'ee aangoo keessaniin ala qabdan jechuun galmeen bilisa bahaa jirachuu afgaaffii taasifamerraa ni hubatama.<sup>25</sup> Yaadni biraa ogeessotaan ka'u Labsii Bunaa naannoo fi federaalaa gidduu garaagarummaan ni jira waan ta'eef hojiirraa oolmaa isaani irratti rakkoo ta'eera kan jedhuudha. Labsiiwwan bunaa kanneeni fi seera yakkaa dhimmichaan walfakkaatan fayyadamuu irratti manneen murtii keessa garaagarummaan hojimaataa ni mul'ata.<sup>26</sup>

### Gabatee 3.3 Sadarkaa fedhii Leenjii Abbootiin seeraa Mana murtii aanaa hanga waliigalaa Dhimmoota Hariiroo Hawwasaa irratti Qaban agarsiisu

Ijoo /mataduree/ leenjii filatame	Baay'ina hirmaattota bargaaaffii guutani				Baay'ina hirmaattota ijoo seeraa kana filatani					Sad .
	Aan.	God .	MM WO	Walii galatt	Aana a	God.	MM WO	Wal iigal	%	

<sup>22</sup> Af-gaaffii Obboo Hayiluu G/maariyaam, hogganaa waajjira Haqaa Aanaa Ejeree waliin gaafa 21/12/06 taasifame

<sup>23</sup> Bargaaffii A/Seeraa mmo irraa waliitti qabame

<sup>24</sup> Af-gaaffii Obboo Diinagdee Tolisaa preezidantii Mana Murtii Aanaa Sayyoo waliin gaafa 14/12/06 taasifame

<sup>25</sup> Afgaaffii kom. Eebbisaa Ho/Q/Po/Go/Jimmaa waliin 15/12/2006 godhame.

<sup>26</sup> Obboo Girmaa Lammaa Pireezidaantii mana murtii ol'aana godina Baalee waliin gaafa guyyaa 20/12/2006

				i				atti	dhaan	
Daangaa raawwii waliigaltee hojjataa fi hojjachiisaa;hundeeffama, addaan citiinsa fi falmii hojjataa fi hojjachiisaa,darbiinsa yeroo,Miidhaa sababa hojiin dhufu fi bu'aa inni hordofsiisu	66	38	6	110	39	19	6	64	58.1	1 <sup>ffaa</sup>
Hanga beenyaa murteessuu	66	38	6	110	25	20	4	49	44.5	2 <sup>ffaa</sup>
Argannaa Qabiyyee Lafa Baadiyyaa, Mirgoota Abbaaqabiyyee , Darbiinsa Yeroo falmii qabiyyee lafa baadiyyaa fi haala waldhabbiin furmaata itti argatu	66	38	6	110	20	17	4	41	37.2	3 <sup>ffaa</sup>
Roogummaa ,Fudhatamummaa fi Madaallii Ragaa Dhimoota Hariiroo Hawwasaa	66	38	6	110	15	17	4	36	32.7	4 <sup>ffaa</sup>
Badhaadhina seeraan alaa	66	38	6	110	11	20	2	33	30	5 <sup>ffaa</sup>

Akkuma gabateedhaan olitti ibsame mata-dureewwan fedhii leenjii abbootii seera sadarkaa garagara irratti argamaniif dhiyaatee keessaa sadarkaa tokkooffaa kan argate mataduree **Daangaa raawwii waliigaltee hojjataa fi hojjachiisaa; hundeeffama, addaan citiinsa fi falmii hojjataa fi hojjachiisaa, darbiinsa yeroo, Miidhaa sababa hojiin dhufu fi bu'aa inni hordofsiisukan** jedhu dha. Kunis sadarkaa duraa irratti filatamuu kan danda'e Abbootii seera bar-gaaffichaa 110 keessaa namoota 64 (58.1%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Sadarkaa itti aanu qabachuun kan filatame immoo mataduree Hanga **beenyya murteessuu** isa jedhu dha. Kun immoo Abootii seera bar-gaaffichaa guutan 110 keessaa namoota 49 (44.5%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi.

### **III) Hariiroo Hawwasaa**

#### **A) Daangaa raawwii waliigaltee hojjataa fi hojjachiisaa; hundeeffama, addaan citiinsa fi falmii hojjataa fi hojjachiisaa, darbiinsa yeroo, Miidhaa sababa hojiin dhufu fi bu'aa inni hordofsiisu**

Dhimma hojjataa fi hojjachiisaa irratti wantoota leenjiin irratti kennamuu qaban keessaa garaagarummaa qacarrii dhaabbii fi yeroo, miidhaa hojiirraa fi hojii waliin wal-qabatan, boqonnaa waggaa fi akkataa kanfaltii hojii irraa gaggeessuu (severance payment) itti kanfalamu irratti xiyyeeffachuu akka qabu yaadota afgaaffiin funaanaman irraa hubachuun ni danda'ama.<sup>27</sup> Babal'achuu sochii invsastimantii yeroo ammaa biyyattii keessatti uumamaa jiruun walqabatee sarbamuun mirgoota hojjataa darbee darbee mul'ataa kan jiran waan ta'eef Leenjiin kennamu dhimmoota qabatamaa fi qajeeltowwan idil addunyaa kanneen akka ILO faa tiin deggaramuu akka qabu Abbootiin seeraa yaada kennan ni akeeku.<sup>28</sup>

#### **C)Hanga beenyya murteessuu**

<sup>27</sup> Af-gaaffii Obboo Hordofaa Toleera , pirezidantii M/M/O/G/Qeellam Wallagaa waliin gaafa 13/12/06 taasifame

<sup>28</sup> . Af-gaaffii Obboo Bojaa Taaddasa Itti/Aanaa Pireezidaantii MMWO, gaafa 07/12/2006 taasifame.



Hanga beenyaa murteessuu ilaalchise akkaataa shallagii beenyaa miidhaa qaamaa irratti A/Seeraa hubannoo hanga barbaadamu akka hin qabne himama.<sup>29</sup> Keessumattuu dhimmoota miidhaa qaamaa sababa balaa konkolaataatin imaltoota irraa gahu ilaalchisee himanna beenyaa dhiyaatuuf A/Seeraa tokko tokko bu'ura waliigalteen tumaalee seera daldalaaroomummaa qaban fayyadamuu irra seera hariiroo hawwasaa Alwaliigaltee yommuu fayyadaman ni mul'atu.<sup>30</sup>

**D)Argannaa Qabiyyee Lafa Baadiyyaa, Mirgoota Abbaaqabiyyee , Darbiinsa Yeroo falmii qabiyyee lafa baadiyyaa fi haala waldhabbiin furmaata itti argatu**

Dhimmoota qabiyyee lafa baadiyyaa keessatti rakkoo guddaan kan mul'atu falmii darbiinsa yeroo irratti murtii kennamuun kan walqabataniidha. Rakkoo kanaafis ka'uumsa kan ta'e yaadrimeen darbiinsa yeroo seerota qabiyyee lafa baadiyyaa irratti raawwatamiinsa qaban lab. 130/99 fi danbii 151/2005 akkassumas tumaawwan seera hariiroo hawwasaa (key.1149,1000) garaagarummaa qabaachuu isaaniti.<sup>31</sup> Kanaaf akkaataa tumaawwan seeraa kanneen walsimsisuun ittiin hiikuun danda'amu irratti leenjii osoo kennamee gaarii ta'uu yaada kennitootni ni ibsu.

Ijoo /mataduree/ leenjii filatame	Baay'ina hirmaattota bargaaftii guutani				Baay'ina hirmaattota ijoo seeraa kana filatani					Sad.
	Aan.	God.	MM WO	Walii galatti	Aanaa	God.	MM WO	Walii galatti	% dhaan	
Dhaaltummaa Mirkaneeffachuu,Qulqulle	66	38	6	110	31	20	4	55	50	1 ffaa

<sup>29</sup> Af-gaaffii Obboo Abduukarim Hussein, Pireezidaantii MM aanaa Baabbilee, gaafa 13/12/2006 taasifame.

<sup>30</sup> Af-gaaffii Ob. Takkaliny Asfaa BB/Pireezidaantii MMO/Go/I/A/Boor – gaafa 22/12/2006

<sup>31</sup> Af-gaaffii Obboo Jaabir Nuuree, B/B Pri/MMO God/Harargee Bahaa, gaafa 12/12/2006 taasifame.

essuu fi Darbiinsa yeroo											
Jeequmsa qabiyyee fi qabeenyaa	66	38	6	110	21	15	1	47	42.7	2 <sup>ffaa</sup>	
Wabummaa namaa fi qabeenyaa	66	38	6	110	18	10	2	30	27.2	3 <sup>ffaa</sup>	
Dhaamoo fi dhaala keessaa buqqisuu	66	38	6	110	19	8	1	28	25.4	4 <sup>ffaa</sup>	
Baay'achuu Abbootii idea fi abbootii mirgaa(plurality of debtors and creditors)	66	38	6	110	11	10	2	23	20.9	5 <sup>ffaa</sup>	

**Gabatee 3.4 sadarkaa fedhii Leenjii Dhimoota Hariiroo Hawwasaa Biroo Abbootii seeraa Mana murtii aanaa hanga waliigalaatti agarsiisu**

Akkuma gabateedhaan olitti ibsame mata-dureewwan fedhii leenjii abbootii seera sadarkaa garagara irratti argamaniif dhiyaatee keessaa sadarkaa tokkooffaa kan argate mataduree *Dhaaltummaa Mirkaneeffachuu, Qulqulleessuu fi Darbiinsa yeroo* kan jedhu dha. Kunis sadarkaa duraa irratti filatamuu kan danda'e Abbootii seera bar-gaaffichaa 110 keessaa namoota 55 (50%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Sadarkaa itti aanu qabachuun kan filatame immoo mataduree *Jeequmsa qabiyyee fi qabeenyaa* isa jedhu dha. Kun immoo Abbootii seera bar-gaaffichaa guutan 110 keessaa namoota 47 (42.7%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi.

#### IV) Dhimoota Hariiroo Hawwasaa Biroo

##### A) Dhaaltummaa Mirkaneeffachuu, Qulqulleessuu fi Darbiinsa yeroo

Dhaaltummaa qulqulleessuu keessatti gahee Mana murtii, daangaa yeroo dhaaltummaan itti qulqullaa’u, eenyuu fi akkamitti akka qulqulla’u irratti hojimaanni walfakkataan hin jiru. Himannaa qabeenya dhaalaa osoo dhaaltummaan hin qulqullaa’in dhiyaatu ilaalchisees garaagarummaan hojimaataa guddatu mul’ata. Hojimaatni tokkoo dhaaltummaan osoo hin qulqullaa’in himatni kallattii hin dhiyaatu kan jedhu yoo ta’u inni biraa immoo himata dhiyaate qeebaluun dhaaltummaa qulqulleessuu ykn akka qulqulla’u ajajuutu jira.<sup>32</sup> Iyyaannoo waraqaa ragaa dhaaltummaa fi akkataa manneen murtii dhimmicha ittiin keessumeessan gidduus garaagarummaan ni mula’ata.<sup>33</sup> Himannaa qabeenya dhaalaa irratti kanfaltiin A/seerummaa kanfalamu tilmaama qabeenyichaa irratti kan hundaa’u ta’uu fi dhiisuun isaas falmisiisadha. Darbiinsa yeroo dhaalaa fi mirga namoota umurii gaa’ilaa hin guutin irrattis leenjii akka kennamu gaafatameera.<sup>34</sup>

##### B) Jeequmsa qabiyyee fi qabeenyaa

Jeequmsa qabiyyee fi qabeenyaailaalchisee falmii dhiyaatuuf haala ragaan itti funaanamuu fi ragaan qulqullaa’u irratti hubannoo walfakkaataan hin jiru.<sup>35</sup> Jeequmsa qabiyyee lafaa irratti taasifamu haala kamiin hubachiifamuu akka danda’u ifaa miti. Tilmaama kanfaltii abbaa seerummaa himata dhiyaatu irratti kanfalchiisamu irrattis hubannoon uumuun rakkoo jiru hanbisuun barbaachisa akka ta’e af-gaaffii taasiisnee irraa hubachuu ni danda’ama.

Ijoo /mataduree/ leenjii filatame	Baay’ina hirmaattota bargaaffii guutanii	Baay’ina hirmaattota ijoo seeraa kana filatanii	Sad.
--------------------------------------	---	--	------

<sup>32</sup> Af- gaaffii Obboo Balaay hundumaa, B/b pirezidantii Mana Murtii Aanaa Ejeree waliin gaafa 21/12/06 taasifame

<sup>33</sup> Obboo Girmaa Lammaa Pirezidaantii mana murtii ol’aana godina Baalee waliin gaafa guyyaa 20/12/2006

<sup>34</sup> Akkuma oliitti lakk.32.

<sup>35</sup> Akkuma oliitti lakk.32.

	Aan.	God	MM WO	Walii galatt i	Aana a	God.	MM WO	Wal iigal atti	% dhaa n	
Murtii kenname irra deebi'uun ilaalu (review of judgment by court of rendition)	66	38	6	110	25	17	3	45	40.9	1 <sup>ffaa</sup>
Giddu-lixummaa ,makamiinsa garee 3ffaa fi mortii mormuu	66	38	6	110	18	23	4	45	40.9	2 <sup>ffaa</sup>
Makimiinsa garee falmitootaa fi himannaa garee (joinder and class action)	66	38	6	110	10	12	2	29	26.3	3 <sup>ffaa</sup>
Adeemsa raawwii murtii fi caalbaasii	66	38	-	104	12	13	-	25	24	4 <sup>ffaa</sup>
Adeemsa sirna ariitii fi gabaabaa	66	38	6	110	16	9	1	26	23.6	5 <sup>ffaa</sup>

**GabateE 3.5 Sadarkaa fedhii Leenjii Dhimoota Seera Adeemsa Hariiroo Hawwasaa Abbootii seeraa Mana murtii aanaa hanga waliigalaatti agarsiisu**

Akkuma gabateedhaan olitti ibsame mata-dureewwan fedhii leenjii abbootii seera sadarkaa garagara irratti argamaniif dhiyaatee keessaa sadarkaa tokkooffaa kan argate mataduree ***Murtii kenname irra deebi'uun ilaalu (review of judgment by court of rendition)*** kan jedhu dha. Kunis sadarkaa duraa irratti filatamuu kan danda'e Abbootii seera bar-gaaffichaa 110 keessaa

namoota 45 (41%)’n ta’an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Sadarkaa itti aanu qabachuun kan filatame immoo mataduree ***Giddu-lixummaa ,makamiinsa garee 3ffaa fi mortii mormuu*** isa jedhu dha. Kun immoo Abootii seera bargaaffichaa guutan 110 keessaa namoota 47 (42.7%)’n ta’an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi.

## **V) Dhimmoota Seera Adeemsa Hariiroo Hawwasaa**

### **A) Murtii kenname irra deebi’uun ilaalu (review of judgment by court of rendition)**

Dhimmoota adeemsa falmii hariiroo hawwasaa keessaa murtii kenname irra deebi’anii ilaaluun sagalee Abbootii Seeraa hedduu argachuun lffaa ta’uun filatameera. Manneen murtii murtii kennan irra deebi’anii yommuu ilaalan baay’inaan hin mul’atu waan ta’eef leenjii kennamu hubannoo gama kanaan jiru ni camsa.

### **B) Giddu-lixummaa ,makamiinsa garee 3ffaa fi mortii mormuu**

Gidduu lixummaan sababa falmiin akka dheeratu akkasumas ol’iyyannoon akka baay’atu godhan keessaa tokkoodha.<sup>36</sup> Manni murtii yommuu iyyata giddu lixummaa hayyamu, kan sababa dantaa dhimma falmii irraa ka’uun dhiyaatu fi kanneen itti yaaduun falmii dheeressuuf dhiyyaatu adda baasee hubachuu qaba. Gama biraan dhimmoota murtii mormuun fi raawwii mormuun dhiyaatan heyyamuu fi dhiisuu irratti leenjiin kennamuun isaa gaaridha.

---

<sup>36</sup> Af-gaaffii Obboo Mohaammad Jimaa, Pri/MMO God Shawaa bahaa, gaafa 19/12/2006 taasifame.

**Gabatee 3.6 Sadarkaa fedhii Leenjii Seera daldalaa fi Kalaqa Sammuu Abbootii seeraa Mana murtii aanaa hanga waliigalaatti agarsiisu**

Ijoo /mataduree/ leenjii filatame	Baay'ina hirmaattota bargaaffii guutanii				Baay'ina hirmaattota ijoo seeraa kana filatanii					Sad.
	Aan.	God.	MM WO	Walii galatti	Aanaa	God.	MM WO	Walii galatti	% dhaan	
Sanadoota mallaqaa daddarboo (negotiable instruments)	-	38	6	44	-	22	4	26	59	1 <sup>ffaa</sup>
Seera inshuraansii	-	38	6	44	-	23	3	26	59	1 <sup>ffaa</sup>
Seera kasaaraa		38	6	44	-	19	2	21	47.7	3 <sup>ffaa</sup>
Mirga warabbii (copy right)	-	38	6	44	-	13	3	16	36.3	4 <sup>ffaa</sup>

Akkuma gabateedhaan olitti ibsame mata-dureewwan fedhii leenjii abbootii seera sadarkaa garagara irratti argamaniif dhiyaatee keessaa sagalee wal-qixaa argachuunsadarkaa tokkooffaa kan argatan matadureewwan *sanadoota mallaqa daddarboo (negotiable instruments)* fi *seera inshuraansi* kan jedhani dha. Kunis sadarkaa duraa irratti filatamuu kan danda'e Abbootii seera bar-gaaffichaa 44 keessaa namoota 26 (59%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Sadarkaa itti aanu qabachuun kan filatame immoo mataduree *Seera kasaaraa* isa jedhu dha. Kun immoo Abbootii seera bar-gaaffichaa guutan 44 keessaa namoota 21 (47.7%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi.

**Gabatee 3.7 Sadarkaa fedhii Leenjii Dhimoota Biroo irratti Abbootii seeraa Mana murtii aanaa hanga waliigalaa qaban agarsiisu**

Ijoo /mataduree/ leenjii filatame	Baay'ina hirmaattota bargaaftii guutanii				Baay'ina hirmaattota ijoo seeraa kana filatanii					Sad.
	Aan.	God.	MM WO	Walii galatti	Aanaa	God.	MM WO	Walii galatti	% dhaan	
Mirga namoomaa kabachiisuu keessatti gahee Mana Murtii (judicial activism, judicial self restrain)	66	38	6	110	23	25	5	50	45.4	1 <sup>ffaa</sup>
Hiikkaa waldiddaa filannoo (ADR)	66	38	6	110	21	14	3	38	34.5	2 <sup>ffaa</sup>
Karooora raawwii mirga namoomaa biyyoleessaa (national human right action plan 2013-15)	66	38	6	110	15	17	2	34	30.9	3 <sup>ffaa</sup>
Bilisummaa hojii fi naamussaa ogummaa	66	38	6	110	18	10	2	30	27.2	4 <sup>ffaa</sup>
Labsii qama miidhamtootaa	66	38	6	110	9	12	1	22	20	5 <sup>ffaa</sup>

Akkuma gabateedhaan olitti ibsame mata-dureewwan fedhii leenjii abbootii seera sadarkaa garagara irratti argamaniif dhiyaatee keessaa sagalee wal-qixaa argachuun sadarkaa tokkooffaa kan argate mataduree *Mirga namoomaa kabachiisuu keessatti gahee Mana Murtii* kan jedhu

dha. Kunis sadarkaa duraa irratti filatamuu kan danda'e Abbootii seera bar-gaaffichaa 110 keessaa namoota 50 (45.4%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Sadarkaa itti aanu qabachuun kan filatame immoo mataduree **Hiikkaa waldiddaa filannoo (ADR)** isa jedhu dha. Kun immoo Abbootii seera bar-gaaffichaa guutan 110 keessaa namoota 38 (47.7%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi.

## **VI) Dhimmoota Biroo**

### **A) Mirga Namoomaa Kabachiisuu Keessatti Gahee Mana Murtii (Judicial Activism, Judicial Self Restrain)**

Manni murtii akka qaama mirga namoomaa kabachiisutti gahee maal taphachuu qaba ykn danda'a waan jedhu irratti abbootii seeraatif leenjii kennuun hojii mana murtiitin hojjatamu galmaan akka gahan kan gargaaru ta'a. Qoodinsa aangoo qaamolee mootummaa sadan gidduu jiru waliin walqabatees manni murtii gahee irraa eegamu haala ittin bahuu danda'u fi sirna wal to'achuu (check and balance) qaamolee sadan gidduu jiru irratti shoora isaaa sirnaan akka bahu ni gargaara.

### **B) Hiikkaa waldiddaa filannoo (ADR)**

Yeroo ammaa kana baay'ina dhimmoota gara mana murtii dhiyaatan xiqqeessufis ta'ee abbootin dhimmaa haala waaraa ta'een rakkoo isaanii furachuu akka danda'an manneen murtii hiikaa waldhabbii filannoo akka fayyadaman jajjabeessuu irratti argama. Adeemsa kana keessatti Abbootin Seeraa hiikaa waldhabbii filannoo kanneen akkataa amala isaanitin hojiirra oolchuu fi madaalli falmii eegsisuuf dhimmicha irratti hubannoo gaarii qabachuu qabu.

### **C) Karoora raawwii mirga namoomaa biyyoleessaa (national human right action plan 2013-15)**

Biyyi keenya kallattii mirga namoomaa mirkaneessuutin karoora raawwii biyyoleessaa qabattee raawwii gama kanaan barbarbaachisu eegalteerti.<sup>37</sup> Karoora raawwii kun mirga namoomaa fi dimokaraasii Heera mootummaatin eegame hojiirra oolchuu irratti rakkoowwan mudatan adda baasuun kallattii furmaata kan agarsiisu ta'a. Manni murtii galma ga'iinsa karoorichaaf gahee

---

<sup>37</sup><http://www.ehrc.org.et/LinkClick.aspx?fileticket=E2YA0XI%2BSHM%3D&tabid=115> gaafa 06/01/2007 ilaalame.



irraa eegamu ba'achuu akka danda'u leenjii barbaachisaa ta'uu isaa fedhii leenjii gaafatamerraa hubachuun ni danda'ama.

## VII) Sakkata'a Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Bifa Af-Gaaffiin Argamanii fi Kanneen Sadarkaa Hinarganne

Dhimmoota leenjiin akka irratti kennamu bargaaaffii keessatti dhiyaatanii sagalee kennameen sadarkaa duraa osoo hin argatin hafaniin fi kanneen fedhii leenjii dabalataa ta'uun ka'aniin walqabatee ogeessonni rakkoowwan jiran ibsaniiru.

### A) Seera yakkaa

Seera yakkaa kessatti keyyatootni walitti siqanii fi amala wal fakkatu qaban tokko tokko ni mul'atu. Fakeenyaaf garaagarummaa Keyyatoota seera yakkaa [key.556(2),555 fi yaalii ajjechaa] ,dhoksaa,hanna,qabeenya mancaasuu,mana namaa si'achuu fi kkf adda baasanii hubachuu irratti rakkoon ni mul'ata. Kanaaf dhimmota kana irratti leenjiin kennamuun barbaachisadha.<sup>38</sup>Yakkaa ajjeecha daguu wajjiin wal-qabatee qorannoo irraa kaasee hanga murtiin kennamutti xiyeefatamee leenjiin otoo kennamee. Keessattuu dambii darbuu jedhame keewwata seera lakk-543 jalatti kaa'ame haala kamiin hubatamuu akka qabu fi seera yakka keewwata 572 wajjiin wal-qabsiisduun itti gaafatamummaan lafaa deemtoota qaban akkamiin hubatamuu akka qabu irratti leenjiin osoo kenname.<sup>39</sup>

- **Adabbii daangessuu;**Gama biraatiin dhimmoota bargaaaffii irratti hin dhiyaannen ala leenjiin Abbootii Seeraatif akka kennamu gaafataman keessaa tokko akkataa Adabbiin Yakkaa itti daangessuun danda'amu irrattidha. Yeroo ammaa kan A/seeraa bu'ura seera irratti tumameen ala murtii yakkaa yommuu daangessan mul'atu.<sup>40</sup>
- **Labsii Bosonaa;**labsiin Bosonaa inni Naanno keenyaan tumamee fi kan federaalaa garaagarummaa qaba. Manneen murtii tokko tokko isa federaalatti illee yommuu gargaaramuun dhimmoota murteessan ni mul'ata. Adabbiin ka'uumsa labsii naannoo

<sup>38</sup> Afgaaffii Geetuu Gaddataa Ho/W/H/Go/jimmaa waliin gaafa 12/12/2006 taasifame

<sup>39</sup> Afgaaffii Kamaal Sarboo Pirezdaantii MMO/Go/SH/Kaabaa waliin gaafa 15/12/2006 taasifame.

<sup>40</sup> Afgaaffii Geetuu Gaddataa Ho/W/H/Go/jimmaa waliin gaafa 12/12/2006, Birratuu .W Ho/W/H/A/Beddellee waliin gaafa 13/12/2006 taasifame

irratti ibsame kan isa federaalaa fi miiltoo Seera Adeemsa Falmii Yakkaa keessatti aangoo manneen murtii ibsuun garaagarummaa qaba.<sup>41</sup>

### **B) Seera adeemsa falmii yakkaa**

- **Aangoo Manneen Murtii dhimma yakkaa ilaalu;** Bulchiinsa magaalaa Finfinnee keessatti dhimmoota yakkaa waajjiraalee fi dallaa biiroowwan mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti raawwatan ilaalchisee aangoo yakkoota akka hanna fi saamichaa qorachuu, himachuu fi murteessuu irratti wanti ifa ta'e hin jiru. Naannoo kana irratti haala mootummaan federaalaa fi naannoo keenyaa waliin itti hojjatan irratti leenjiin osoo kenname. Labsii 141/2000 key. 27 irratti adabbiin taa'e kan ka'uumsa ykn baaxii ta'uun isaa kan falmisiisuudha. Sababuma kana irraa kan ka'e yakkoota akka Gudeeddi, Bosona ciruu, Mana gubuu fi kkf bu'urri seeraa aangoo Mana Murtii ifatti mul'isu hin jiru.
- **Qajeelfama adabbii 2/2006**Dhimmoota fedhiin leenjii olaanaa ta'uun namoota afgaaffii fi bargaaffii guutaniin gaafataman keessaa qajeelfamni adabbii haaraa bahe isa duraatidha. Qajeelfama adabbii haaraa lakk.2/2006 fayyadamuu irratti ammas rakkoon hubannoo ni mul'ata. Abbootiin seeraa tokko tokko duuchumatti adabbii yommuu murteessan ni jira. Kanaaf dhimma kana irratti leenjiin barbaachisaadha.<sup>42</sup>

### **3) Dhimma hariiroo hawwasaa**

- **Maatii:** iyyata diiggaa gaa'ilaa dhiyyaatu faana tarreen qabeenyaa dhiyaachuu qaba moo miti kan jedhu irratti Abbootiin seeraa ejjannoo adda addaa qabatani hojjatu.<sup>43</sup> Tarreen qabeenyaa iyyata diiggaa gaa'ilaa waliin yoo dhiyaate carraa walitti araaramuu walfuutotaa dhibbisuun maatiin akka diigamu godha waan ta'eef manni murtii gaa'ila irratti ajaja/murtii osoo hin dabarsin fudhachuu hin qabu kanneen jedha jiru. Gareen biroo immoo eegumsa qabeenya walfuutotaaf godhamu qabu irraa kan ka'e iyyatni diiggaa gaa'ilaa yommuu dhiyaatu tarreen qabeenya waliin

## **VIII) Fedhii Leenjii Ofiiseeroota Seeraa**

---

<sup>41</sup> Af-gaaffii Obboo Hayiluu G/maariyaam,hogganaa waajjira Haqaa Aanaa Ejeree waliin gaafa 21/12/06 taasifame

<sup>42</sup> ho/w/h/a/ kuyyuu ob. Daange ababbuu)15/12/06)dhugumaa nadhii .(kamal),Tashoomaa Gabbisaa pr. Giraar jar 13/12/2005 bargaaffii

<sup>43</sup> Afgaaffii Jamaal A/Foggii pireezdaantii MMA/Jimmaa waliin gaafa 15/12/2006 taasifame

Mata dureen fedhii leenjii ofisaroota seeraa sadarkaa aanaa irraa kaasee hanga waliigalaatti jiraniif bifa bar-gaaffitiin oggeessota 74 guuchisuuf kan karoorfammee yommuu ta’u, ofisaroota seeraa 74 ta’an bargaafigha guuchisuu danda’ame jira. Kunis persantaadhaan yommuu shallagamu **%100/100** ta’a. Bar-gaaffiin dhiyaate kun kutaa lamaan kan qodame yommuu ta’u kunis, Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa Fi Labsii Lakk.141 fi dhimmoota biroo kan jedhu yommuu ta’u gabateen sadarkaa isaani agarsiisuu akka armaan gaditti dhiyaateera.

**Gabatee 3.8:Baay’ina daataa fedhii leenjii ofiseerootni seeraa qaban agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay’ina namoota bar-gaafficha guutan	Baay’iina namoota ijoo kana filatan	Dhibbenta an % dhaan	Sadar kaa
<b>Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa Fi Labsii Lakk.141</b>				
Aangoo manneen murtii (jurisdiction courts), iyyatni, himanni fi ol’iyyatni dhiyaatu ulaagaalee seeraa kan guute ta’uu adda baasuu	74	56	75.6	2ffaa
Kaffaltii Abbaa seerummaa fi Hiyyummaan galmee banachuu	“”””	46	62	4ffaa
Adeemsa sirna falmii ariitii fi gabaabaa	“”””	48	65	3ffaa
Adeemsa Raawwii murtii fi caalbaasii	“”””	57	77	1ffaa
<b>Dhimmoota Biroo</b>				
Aangoo manneen murtii dhimma yakkaa ilaalu adda baasuu	74	49	66	2ffaa
Dhiyaatinsaa fi kuufama ciraan walqabatee dhimmoota jiran	“””””	50	67.5	1ffaa
Naamusa ogummaa	“””””	34	46	4ffaa

Qabiinsa abbaa dhimmaa fi kenninsa tajaajila uummataa	“”””””	37	50	3ffaa
---	--------	----	----	-------

Akkuma gabateedhaan olitti ibsame mata-dureewwan fedhii leenjii ofiseeroota seera sadarkaa garagara irratti argamaniif dhiyaatee keessaa kutaa tokkoffaa keessaa sadarkaa tokkooffaa kan argate mataduree **Adeemsa Raawwii murtii fi caalbaasii** kan jedhu dha. Kunis sadarkaa duraa irratti filatamuu kan danda'e ofiseeroota seera bar-gaaffichaa guutan torbaatami afur keessaa namoota 57 (77%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Sadarkaa itti aanu qabachuun kan filatame immoo mataduree *Aangoo manneen murtii (jurisdiction courts), iyyatni, himanni fi ol'iyyatni dhiyaatu ulaagaalee seeraa kan guute ta'uu adda baasuu* isa jedhu dha. Kun immoo ofiseeroota seera bar-gaaffichaa guutan torbaatami afur keessaa keessaa namoota 56 (75.6%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Akkasumas, sadarkaa 3ff<sup>aa</sup> ta'uun mata dureen filatame waa'ee Adeemsa sirna falmii ariitii fi gabaabaakan jedhu dha. Kunis sadarkaa 3ff<sup>aa</sup> argachuun filatamuu kan danda'eef ofiseeroota seera bar-gaaffichaa guutan torbaatami afur keessaa namoota 48 (65%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi dha.

Kutaa lamaffaa keessaa sadarkaa tokkooffaa kan argate mataduree **Dhiyaatinsaa fi kuufama ciraan walqabatee dhimmoota jiran** kan jedhu dha. Kunis sadarkaa duraa irratti filatamuu kan danda'e ofiseeroota seera bar-gaaffichaa guutan torbaatami afur keessaa namoota 50 (67.5%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Sadarkaa itti aanu qabachuun kan filatame immoo mataduree *Aangoo manneen murtii (jurisdiction courts), iyyatni, himanni fi ol'iyyatni dhiyaatu ulaagaalee seeraa kan guute ta'uu adda baasuu* isa jedhu dha. Kun immoo ofiseeroota seera bar-gaaffichaa guutan torbaatami afur keessaa namoota 49 (66%)'n leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Akkasumas, sadarkaa 3ff<sup>aa</sup> ta'uun mata dureen filatame waa'ee *Qabiinsa abbaa dhimmaa fi kenninsa tajaajila uummataa ti*. Kunis sadarkaa 3ff<sup>aa</sup> argachuun filatamuu kan danda'eef ofiseeroota seera bar-gaaffichaa guutan torbaatami afur keessaa namoota 37 (50%)'n leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi dha.

Af-gaaffiin hoggantoota sadrkaa adda addaa irraa argamaniis bu'aa bar-gaaffii irraa argamee kan cimsuu dha. Kuniisa Naamusaa ofiiseeraan seeraa tokko qabaachuu qabu, abbaa dhimma haala kamiin simatee keessummeessuu akka qabu leenjii otoo keennamee gaarii akka ta'e fi rakkoon naannoo kanaati ofiisaroota seera biratti mul'atu hiikuuf matadureewwan filataman kana irratti leenjii kennuun rakkicha hundeeera furuu barbaachisa akka ta'e ibsameera.<sup>44</sup> Gama biraatiin mata duree *Qabiinsa abbaa dhimmaa fi kenninsa tajaajila uummataa* jedhu ilaalchisee gara gahiinsaa mana murtiif hawaasaa irraa kennamu yeroo baay'ee sababa tajaajilaa ofiiseera seeraatiin maqaan manni murtii akka waliigalati yommuu baduu kan mul'atu akka ta'e fi kana wajjiin walqabate ofiisarootni akkaataa abbaa dhimma itti keessummeessuu qaba irratti leenjii otoo kenname gaarii ta'u isaa aff-gaaffii gaggeessineera hubatameera.<sup>45</sup>

Sadarkaan armaan olitti kaa'ame akkuma jirutti ta'e,

- ❖ Caasaa ofiisaroota seeraa fi guddinaa sadarkaa fi mindaa ilaalchisee
- ❖ Sirna adeemsa falmii yakka fi hariiroo hawaasaa irratti,
- ❖ Seera yakka kutaa waliigala isaa,
- ❖ Adeemsa sirna falmii ariitii fi gabaaba,
- ❖ Qajeelfamoota adda addaa yeroo yeroodhaan bahan ilaalchisee,
- ❖ Akkaataa modeelaa 85 itti qabsiifamuu fi modeelaa 86 ba'ii ta'uu irratti,
- ❖ Waa'ee labsii 130 fi qajeelfama 51 irratti,
- ❖ Waa'ee labsii hojjetaa fi hojjachiisa irratti,
- ❖ Labsii galii, Bosonnaa,
- ❖ Seera dhaalaa, qooda qabeenyaa dhaalaa fi dhaaltummaa, maatii irratti,
- ❖ Sirna daataa beezii fi IT
- ❖ Gabaasaa istaatiskii fi kkf matadureewwan biroo leenjii irratti otoo kenname fedha kan qaban ta'u isaan bar-gaaffii ofiisaroota seera sadarkaa adda addaa irraa funaaname irraa hubachu dandenye jira.

<sup>44</sup>Godina Shawaa Kaabaati Prezidantii Mana Murtii Ol'aanaa Kan Ta'an Obbo Kamaal Sirboo waliin Af-gaaffii gaaffii 12/12/2006 taasifame

<sup>45</sup>Godina Adda Finfinneeti Prezidantii Mana Murtii Ol'aanaa Kan Ta'an Obbo Dhugumaa Nadhii waliin Af-gaaffii gaaffaa 20/12/2006 taasifame

Ofiisaraa Seeraa akkumaa abbaa seeraa dhimmoota hariiroo hawaasaa fi yakka irratti hubannoo gaha qabaachu akka qabani fi dhimmoota kana irratti instituyuutii gara fuula duuratti irratti hojjachu akka qabu fi dhimmoota adda addaa irratti leenjii otoo kenname gaarii ta’u isaa prezidantii mana murtii ol’aanaa obbo dhugummaa Nadhii kaasani jiru.<sup>46</sup>Dabalataan, ofiisaroota gabii sasaaba jiran fi pilaazimaa irraa ramadaman itti fayadamaa IT wajjiin wal-qabatee hubannoon isaan qaban gadi-aanaa waan ta’eef rakkoowwan adda addaa kan isaan qunamaa jiru ta’u manni murtii waliigalaa oromiyaa (ILQSO) waliin ykn qaama ilaalatu wajjiin ta’e leenjii otoo keennamee rakkoo jiru furamuu kan danda’u akka ta’e eerameera.

### **3.1.2. Xiinxala Daataa fi Sadarkeessa Duraa Duuba Matadureewwan Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa fi A/Ittisaa**

Ijoowwan leenjii Abbootiin Alangaa irratti leenji’uu barabaadan : Seera Yakkaa, Seera Deemsa Falmii Yakkaa, Labsiiwwan adda addaa , Dhimmoota Biroo fi dhimmoota leenjii mata dureewwan ijoo kana jalatti jiran akka filataman bifa bar-gaaffiin dhiyaatanii filatamaniiru. Ijoowwan leenjii kanneeniifi kan biroo bara 2007 leenjiin irratti kennamu qabu bifa af-gaaffiin hoggantoota waajjiralee haqaatiin yaadni irratti kennamee jira. Bu’uuruma kanaan ijoowwaan leenjii gurguddoo Arfan jalatti mata dureewwan sadarkaa 1ffaa hanga 3ffaatti Abbootii Alaangaa Aanaa hangaa Naannootti filataman yaada bifa Af-gaaffii fi bargaaaffiin kennaman irratti hunda’uudhan akka itti aanutti xinxalamaniiru.

#### **Gabatee 3.9:Sadarkaa Fedhii Leenjii Ijoowwan /Mata Dureewwan Leenjii Abbootii Alangaa Waajjira Haqaa Aanaa hanga Biiroo Haqaa Oromiyaa, A/Ittisaa fi Abbootii Alangaa Koomishinii Naamusaafi Farra Malaammaltummaatti agarsiisu.**

Lak k.	Mata duree	Bayyina Namoota Bar-Gaafficha Guutan	Baayyina Namoota Ijoo Kana Filatanii
-----------	------------	---	---

<sup>46</sup>Kan armaan duraa irratti ibsame

		Aanaa	Go din a	BH O	Id a' a m a	Aan aa	Godin a	BHO
#	<b>Seera Yakkaa Irratti</b>	-	-	-	-	-	-	-
1	Addaan citiinsa falmii yakkaa fi darbiinsa yeroo	-	-	11	1 1	-	-	6
2	Yakkoota daddabalamaa fi irra deddeebii	54	40	11	1 0 5	16	16	7
3	Ittigaafatamummaaijoollotayakkar aawwatani, adabbii fi tarkaanfiiisaanirrattifudhatamu.	54	40	-	9 4	18	14	-
4	Yakkoota balaa tiraafikaa fi gahee qaamolee haqaa	54	40	11	1 0 5	31	26	5
5	Yakkoota bu'uuraalee misoomaa irratti raawwataman(Teelee, ibsaa fi sarara bishaanii)	-	-	11	1 1	-	-	4
6	Yakkoota baala sammuu namaa adoochan	-	-	11	1 1	-	-	2
7	Yakkoota sanada dirqamaa ykn wabummaa fi qarshii sobaa qopheessuu	-	-	11	1 1	-	-	9

8	Ragaa sobaan walqabateedhimmoota jiran.	54	-	-	54	20	-	-	
9	Yakkoota miidhaa qaamaa	54	-	-	54	25	-	-	
10	Yakkootaa ajjechaa, dagannoo fi yaalii ajjechaa	-	40	-	40	-	11	-	
11	Yakka Kompiyutaraan raawwatamu ( cyber and computer crime)	-	40	-	40	-	12	-	
#	<b>Labsiiwwan</b>	-	-	-	-	-	-	-	
1	Labsii malaammaltummaa	-	40	11	51	-	20	5	
2	Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa shammattotaa	54	40	11	105	36	15	6	
3	Labsii galmeessaa fi hayyama daldalaa	54	-	11	65	20	-	2	
4	Labsii shororkeessummaa	-	40	11	51	-	21	5	



5	Labsii Invastimantii	-	-	11	1 1	-	-	5
6	Labsii Bunaa	-	-	11	1 1	-	-	1
7	Labsii liizii	-	40	11	5 1	-	14	5
8	Labsii godaansa namaa seeraan alaa	54	-	11	6 5	20	-	3
9	Labsii filannoo	54	-	11	6 5	19		4
10	Labsii Bosonaa	54	-	-	5 4	23	-	-
11	Labsii Dhaabbilee tola ooltoota	54	-	-	5 4	13	-	-
#	<b>Seera Adeemsa Falmii Yakkaa Irratti</b>	-	-	-	-	-	-	-
1	Aangoo fi itti gaafatamummaa Abbaa Alangummaa addaan baasuu (hundeessuu, fooyyessuu, kaasuu, himannaa yakkaa fi hariiroo hawaasaa waliin dhiyeessuu fi gidduu seenuu)	54	40	11	1 0 5	48	29	11
2	Aangoo Manneen Murtii dhimma yakka ilaalu murteessuu.	54	40	11	1 0 5	22	14	3
3	Ol'iyyannoo, ijibbaata dhimma yakkaa fi adabbii yeroof tursiisuu	-	40	11	5 1	-	17	7

4	Rogummaa, Fudhatamummaa fi madaallii ragaa Dhimmoota yakkaa irratti	-	-	11	1 1	-	-	7
5	Qajeelfama adabbii	-	-	11	1 1	-	-	5
6	Qabiinsa shakkamaa,mirga wabii poolisiin kennu(bond) fi yeroo beellamaa	54	40	-	9 4	27	18	-
7	Falmii dhaddachaa	54	40	-	9 4	16	19	-
8	RTD	54	-	-	5 4	15	-	-
#	<b>Dhimmoota Biroo</b>	-	-	-	-	-	-	-
1	Qabiinsa abbaa dhimmaa fi kenninsa tajaajila uummataa	-	-	11	1 1	-	-	2
2	Kenna hayyamaa fi galmeessa ragaalee	54	-	11	6 5	14	-	5
3	Karoora raawwii mirga namoomaa biyyooleessaa(national human right action plan, 2013-15)	54	40	11	1 0 5	12	13	6
4	Qabiinsa fi haaromsa sirreeffamtoota seeraa	-	40	11	5 1	-	13	5
5	Mirga namoomaa kabachiisuu keessatti gahee qaamolee haqaa	54	40	11	1 0	23	12	6

					5			
6	Bilisummaa hojii fi naamusa ogummaa	54	40	11	105	28	20	8
7	Dhuudhaalee Hoggansaa	54	40	-	94	22	12	-
8	Hundeeffama,faayya'iinsaafi diiggaa Waldaa Dhuunfaa Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'ee (PLC) fi Waldaa Aksiyoona (share company)	-	40	-	40	-	19	-

#### D) Seera Yakka Ilaalchisee

Gabatee armaan olii irraa akka hubatamutti ijoo leenjii Seera yakkaa jalatti Mata dureewwan fedhii leenjii Abbootii Alangaafi A/ittisaan filataman keessaa sadarkaa 1ffaa hanga 3ffaatti kan filataman adda bahaniiru. Yakkooni sanada dirqamaa ykn wabummaa fi qarshii sobaa qopheessuu sadarkaa 1ffaa, yakkooni balaa tiraafikaa fi gahee qaamolee haqaa sadarkaa 2ffaa fi Addaan citiinsa falmii yakkaa fi darbiinsa yeroo sadarkaa 3ffaa irratti filatamaniiru. Bu'uruuma kanaan yaada dabalataan bar-gaaffiifi af-gaaffii taasifame irratti hunda'uun qabxiiwwan ijooowwan leenjii kanneeni irratti xiyyeeffatamuu qaban akka itti aanutti xinxaalameera.

##### A. Yakkoota Sanada Dirqamaa/ Wabummaa fi Qarshii Sobaa Irratti Raawwataman

Gabatee armaan olii irra akka hubatamutti mata dureen kun sadarkaa 1ffaa irratti Filatameera. Kunis Abbootii Alangaa Biiroo Haqa Oromiyaa fi Abbootii Alangaa Komishinii Naamusaafi farra malaammaltummaa bar-gaaffii guutan 11 keessaa 11(%100) kan ta'aniin filatamuudhan

##### B. Yakkoota Balaa Tiraafikaafi Gahee Qaamoolee Haqaa

Mata dureen kun sadarkaa 2ffaa irratti kan filatame yoo ta'u, kunis Abbootii Alangaa Aanaa bar-gaaffii guutan 54, Abbootii Alangaa Godinaafi Abukaatoo Ittisaa 40, Abbootii Alangaa

Biiroo haqa Oromiyaa fi Abbootii Alangaa Koomishinii Naamusaa fi Farra malaammaltummaa 11 bar-gaaffii guutan keessa akka waliigalatti 62(%59.04) kan ta'aniin filatamuudhan. Mata duree kanaan waliin wal-qabatee qabxileen xiyyeeffannaa argachuu qaban bar-gaaffii taasifameen adda bahaniiru. Bu'uuruma kanaan yakka balaa tiraafikaa, Qorannaa, himannaa yakka balaa tiraafikaa fi murtii yakka balaa tiraafikaan wal-qabatee ragaa madaluu irratti leenjiin kennamu akka qabu gaafataniiru. **Yakka balaa tiraafikaa** ilaalchisee ajjeechaa tasaa,<sup>47</sup> garaagarummaa miidha qaamaa cimaa fi salphaa balaa tiraafikaan qaqqabu irratti<sup>48</sup> fedhiin leenjii kan jiru ta'uu hubatameera. **Qorannaa yakka balaa tiraafikaa** ilaalchisee qorannoo iddoo balaa tiraafikaa,<sup>49</sup> wixinee/pilaanii iddoo balaa tiraafikaa kaasuu fi dubbisani hubachuu irratti,<sup>50</sup> qorannaa teekinika tiraafikaa gaggeessuu irratti qabeenya balaan manca'e tilmaamuu

---

<sup>47</sup> Af-gaaffii Obboo Qaasim Galgaloo, BHO tti Abbaa Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa Fi Murtii Haqaa Kenniissisuu waliin gaafa 6/12/06 taasifame

<sup>48</sup> Af-gaaffii Obboo Galatoo Annootaa Ab/Ad/qorannoo yakka fi murtii haqaa kennisiisa fi B/B hooggan waj.haqaa aana arsii nageellee waliin gaafa guyyaa 12/12/2006 taasifame

<sup>49</sup> Af-gaaffii Obboo Salamoon Taaddasaa Hoogganaa waajjira haqaa Aanaa Sinaanaa waliin gaafa guyyaa 20/12/2006

-Ins.Balaay W/Tsaadiq ,abbaa adeemsa kutaa qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira poolisii Aanaa Gadab hasaasaa waliin gaafa guyyaa 15/12/2006

-Obboo Kabbadaa Tasammaa pirezidaantii mana murtii Aanaa Arsii Nageellee waliin gaafa guyyaa 13/12/2006

-Saj.ol Isheetuu Balaachoo ,abbaa adeemsa kutaa qorannaa yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira poolisii Aanaa sinaana waliin gaafa guyyaa 21/12/2006

-Insp.ol Amaan Aliyyii,abbaa adeemsa kutaa qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa qajeelcha poolisii godina arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 13/12/2006

-Obboo Amiin Adam, Hoogganaa wajjira haqaa godina arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 14/12/2006

-Obbo Culuqee Qaabatoo,hooggana waajjira haqaa Aanaa Gadab hasaasaa waliin gaafa guyyaa 15/12/2006

-Kom.Geetachoo Gabbisaa Hoogganaa qajeelcha poolisii godina Baalee waliin gaafa guyyaa 20/12/2006

<sup>50</sup>Af-gaaffii obboo Salamoon Taaddasaa Hoogganaa waajjira haqaa Aanaa Sinaanaa waliin gaafa guyyaa 20/12/2006

-Ins.Balaay W/Tsaadiq ,abbaa adeemsa kutaa qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira poolisii Aanaa Gadab hasaasaa waliin gaafa guyyaa 15/12/2006

-Obboo Kabbadaa Tasammaa pirezidaantii mana murtii Aanaa Arsii Nageellee waliin gaafa guyyaa 13/12/2006

-Saj.ol Isheetuu Balaachoo ,abbaa adeemsa kutaa qorannaa yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira poolisii Aanaa sinaana waliin gaafa guyyaa 21/12/2006-

-Insp.ol Amaan Aliyyii,abbaa adeemsa kutaa qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa qajeelcha poolisii godina arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 13/12/2006

-Obboo Amiin Adam, Hoogganaa wajjira haqaa godina arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 14/12/2006

irratti <sup>51</sup> hubannoon Abbootiin Alangaa qaban laafaa waan ta'eef qorattoota poolisii waliin qabxiilee kanneen irratti leenjiin hubannoo isaanii cimsu kennamuu akka qabu ibsameera. **Himannaa yakka balaa tiraafikaa** keessattuu ajjeechaa tasaa/dagannoo irrattis haqinni Abbootii Alangaa biratti kan mul'atu ta'uu ibsameera. Abbootiin Alangaa himannaa yeroo bu'uuran haala raawwii yakkichaa tarreessanii ibsuu dhabuu fakkeenyaaf, zeebiraa irratti, ariitiidhaan, karaa maramaa of-eegachuu osoo qabuu, dursa kennuu dhabuun, gargaaruu dhabuu, dhiisee deemuu fi kkf jedhamee ibsamuu osoo qabu haala waliigalaatiin duuchumatti of-eegannoo gochuu dhabuun jedhanii ibsuu; ogeessa ragaa godhachuu dhabuu, jecha ogeessa irraa fuudhuu dhabuu galmee irraa ni hubatama. Waan kanaa ta'eef, Sababa qulqullina himannaa A/Alangaatiin himatamaan bilisa baha jira waan ta'eef qabxiilee kunniin leenjicha keessatti hammatamanii leenjiin kennamuu akka qabu ibsameera.<sup>52</sup> Gama Mana Murtiin, ragaa bitaafi mirgaa sirnaan madaaluu dhabuu, ragaa ogeessaa dhiisanii raga namaa nama ogummaa hin qabneef maddalii kennuu. Keessaattu raga ittisaa nama ogummaa hin qabane ulfina laachuun fudhachuu. Fakkeenyaaf, ragaan ogeessaa tiraafikiin osoo jiruu jecha ragaa namaa" konkolaatan yommuu adeemu luugamni waan cite natti fakkaata, suuta deema ture, ariitiin deema hin turefi ... kkf jedhuuf ulfaatina kennuun himatamaa bilisa baasun kan jiru ta'uu ibsameera.<sup>53</sup> Gama biraatiin, dhaddacha irratti qorattoonni jecha ogummaa akka Kennan yeroo waaman jecha isaanii yeroo jijjiiran ni mul'ata.<sup>54</sup>

### C. Addaan Citiinsa Falmii Yakkaa fi Darbiinsa Yeroo

Mata dureen kun Abbootii Alangaa Biiraa Haqa Oromiyaa fi Abbootii Alangaa Komishinii Naamusaafi farra malaammaltummaa bar-gaaffii guutan 11 keessaa 6(% 54.54) kan ta'aniin

---

-Obbo Culuqee Qaabatoo, hooggana waajjira haqaa Aanaa Gadab hasaasaa waliin gaafa guyyaa 15/12/2006

-Kom. Geetachoo Gabbisaa Hoogganaa qajeelcha poolisii godina Baalee waliin gaafa guyyaa 20/12/2006

; Obboo Toleera Fufaa: Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Dalle Sadii, 15/12/06, obboo Tasfaayyee wayyeessaa baqqaanaa: Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Amboo, 19/12/06

<sup>51</sup> Af-gaaffii Obboo Tasfaayyee Wayyeessaa Baqqaanaa: Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Amboo, 19/12/06 fi Obboo Salamoon Taaddasaa Hoogganaa waajjira haqaa Aanaa Sinaanaa waliin gaafa guyyaa 20/12/2006

Af-gaaffii Addee Geexee Badhaadhaa, B/B Itti/Gaafatamaa WH aanaa Fantaallee, gaafa 22/12/2006 taasifame.

<sup>52</sup> Af-gaaffii Obboo Qaasim Galgaloo, BHO tti Abbaa Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa Fi Murtii Haqaa Kennisiisuu waliin gaafa 6/12/06 taasifame

<sup>53</sup> Af-gaaffii Obboo Qaasim Galgaloo, BHO tti Abbaa Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa Fi Murtii Haqaa Kennisiisuu waliin gaafa 6/12/06 taasifame

<sup>54</sup> Af-gaaffii Obboo Miliyoon Wandaafraash, Itti/Gaafatamaa WHG Harargee Bahaa, gaafaa 12/12/2006 taasifame.

filatamuudhan sadarkaa 3ffaa argateera. Waan kana ta'eef, mata duree kana irratti fedhiin leenjii jirachuu isaa hubatameera.

## **II) Labsiiwwan Adda Addaa**

Gabatee armaan olii irraa akka hubatamutti ijoo leenjii labsiiwwan adda addaa jedhu jalattin Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa shammattotaa sadarkaa 1ffaa irratti, Labsii shororkeessummaa sadarkaa 2ffaa fi Labsii malaammaltummaa sadarkaa 3ffaa irratti filatamaniiru. Bu'uruuma kanaan yaada bar-gaaffiifi af-gaaffii taasifame irratti hunda'uun qabxiiwwan ijoowwan leenjii kanneeni jalatti xiyyeeffatamuu qaban akka itti aanutti xinxaalameera.

### **A. Labsii Farra Dorgommii Daldalaafi Eegumsa Shammatoota**

Mata dureen Kun Abbootii Alangaa Aanaa, Abbootii Alangaa Godinaafi A/ittisaa, A/Alangaa Biiroo fi Abbootii Alangaa KNFM af-gaaffii guutan 105 keessaa 57(%54) ta'aanii sadarkaa 1ffaa irratti filatameera. Labsii kana ilaalchisee bifa af-gaaffiin qabxiin irratti xiyyeeffatamuu qabu muraasin ibsameeniiru. Gahee waajjira daldalaafi misooma gabaa, Aangoo Abbaa Alangaa sadarkaa sadarkaa jiran kan Aanaafi Godinaa maal?<sup>55</sup> Aangoo himannaa hudeessuu irratti bakka bu'uummaan hin kennamne waan ta'eef labsicha eenyutu hojiira oolcha?<sup>56</sup> Gochoota seera ala kan akka meeshaalee daldala bu'uura kuusuu fi... kkt<sup>57</sup> irratti hubannoon uumamuu qaba. Labsii lakk.813/06 irratti Abbaan Alangaa ciraa (exhibit) irratti murteessuuf aangoo akka qabu tumameera haata'u rakkoon hubannoo ni jiraa.<sup>58</sup> Hayyama malee daldaluu, dhimmota labsichaan ilaalamani fi qajeelfamaan ilaalaman adda baasuu irratti<sup>59</sup> leenjiin kennamuu akka qabu yaadni kenneera.

### **B. Labsii Shororkeessummaa**

Gabatee armaan olitti ibsamee irra akka hubatamutti mata dureen Kun Abbootii Alangaa Godinaa, A/ittisaa. Abbootii Alangaa BHO fi Abbootii Alangaa Koomishinii Naamusaafi farra

---

<sup>55</sup>Af-gaaffii Obboo Dabalee Baqqalaa, B/B pri/Waj/Haqa/Go/Shawaa Bahaa, gaafa 20/12/2006 taasifame.

<sup>56</sup> Af-gaaffii Obboo Hayiluu G/Maariyaam, Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Ejeree waliin taasifame, 21/12/06

<sup>57</sup> Af-gaaffii Obboo Malaakuu Kumsaa, BHOTTi Abbaa Adeemsa Bulchiinsa Human Namaa waliin taasifame gaafa 6/12/06

<sup>58</sup>Af-gaaffii Obboo Dabalee Baqqalaa, B/B pri/Waj/Haqa/Go/Shawaa Bahaa, gaafa 20/12/2006 taasifame.

<sup>59</sup>Af-gaaffii Addee Geexee Badhaadhaa, B/B Itti/Gaafatamaa WH aanaa Fantaallee, gaafa 22/12/2006 taasifame.

malaammaltummaa Oromiyaatiin filatameera. Haaluma kanaan Abbootii Alangaafi A/Ittisaa bar-gaaffii guutan 51 keessaa 26 (%50.89) ta'aniin filatamuudhaan sadarkaa 2ffaa argateera. Fedhii leenjii abbootii Alangaa adda baasuuf af-gaaffii taasifameenis labsii kana irratti qabxiileen xiyyeeffannaa argachuu qaban muraasa irratti yaadni kennameera. Haaluma kanaanjeequmsa kan ta'e gara yakka shoroorkeessuummaatti fiduun; jeequmsaafi shoroorkeessuummaa adda baasuu fi Qaama qoratuufi himatu aangeessuu irratti,<sup>60</sup> Shororkeessaan eenyu? Kan jedhu addaan baafachuu irratti, elemeentii yakkicha hundeessaan addaan baaffachuu irratti hanqinni rawwii hojii keessatti akka jiru ibsameera. Dabalataan, shororkeessuummaa maallaqaan gargaaruu (Money laundering) , yaada bu'uura shororkeessuummaa irratti ogeessa alaa waliin ta'udhan leenjiin kennamuu akka qabu ibsameera.<sup>61</sup> Yaada dabalataan bar-gaaffii irratti ibsame irra akka hubatamutti labsii farra shororkeessuummaa fi labsii maallaqa seera ala seera qabeessa fakkeessanii dhiyyeessuufi shororkeessuummaa maallaqaan gargaruu lakk.780/2013 jedhu irratti walumaan leenjiin irratti kennamu akka qabu ibsameeraa.

### **C. Labsii Malaammaltummaa**

Gabatee armaan olitti ibsamee irraa akka hubatamutti mata dureen Kun Abbootii Alangaa Godinaa, A/ittisaa.Abbootii Alangaa BHO fi Abbootii Alangaa Koomishinii Naamusaafi farra malaammaltummaa Oromiyaa bar-gaaffii guutan 51 keessaa 25(%49.01) filatamuudhaan sadarkaa 3ffaa argateera.

Mata duree kana irratti Dabalataan bifa af-gaaffii fi bar-gaaffin yaadni kennmeera. Keessattuu waa'ee waa'ee dhagaha himannaa duraa (preparatory hearing) labsii lakk.434/97 kwt .35 irraa eegale, raawwii adabbii maallaqaa fi bulchiinsa qabeenya sababa yakka malammaltummaan dhoorkamanii irratti Abbootii Alangaatiif leenjiin kennamu akka qabu ibsameera.<sup>62</sup> Abukaatoo ittisaa ilaalchisee, Adeemsa dhimma farra malaammaltummaa,

---

<sup>60</sup> Af-gaaffii Obboo Qaasim Galgaloo, BHotti Abbaa Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu waliin gaafa 6/12/06 taasifame

<sup>61</sup> Af-gaaffii Obboo Malaakuu Kumsaa, BHotti Abbaa adeemsa Bulchiinsa human namaa waliin gaafa 6/12/06 taasifame

<sup>62</sup> Af-gaaffii Obboo Naannoo Badhaadhaa qindeessaa garee qorannaa himannaa yakka malaammaltummaa KNFMNO waliin gaafa guyyaa 06/12/2006

Qajeelfama adabbii, Seeroota bu'uura, Naamusa ogummaa, Madaallii ragaa irratti leenjiin kennamu akka qabu eerameera.<sup>63</sup>

Garaagarummaafi walitti dhufeenya yakka malaammaltummaa, seera cabsuudhaan gibiraafi taaksii kaffaluu dhabuu ( tax-evasion) fi maallaqa seera ala argame seera qabeessa fakkeessuu( money laundering); Yakka aangootti gar-malee gargaaramuu,amantaa hir'isuu irratti sanadoota dhiyataniifi qorannoo ooditaraa irratti xiyyeeffatamee leenjiin kennamu akka qabu yaad- bar gaaffii irratti guutame irra hubatameera.

### **III) Seera Deemsa Falmii Yakkaa**

Ijoo leenjii seera deemsa falmii yakkaa jedhu jalatti Aangoo fi itti gaafatamummaa Abbaa Alangummaa addaan baasuu (hundeessuu, fooyyessuu, kaasuu, himannaa yakkaa fi hariiroo hawaasaa waliin dhiyeessuu fi gidduu seenuu) sadarkaa 1ffaa, Rogummaa, Fudhatamummaa fi madaallii ragaa Dhimmoota yakkaa irratti jedhu sadarkaa 2ffaa fi Qabiinsa shakkamaa,mirga wabii poolisiin kennu(bond) fi yeroo beellamaa sadarkaa 3ffaa irratti filatamaniiru. Bu'uruuma kanaan yaada bar-gaaffiifi af-gaaffii taasifame irratti hunda'uun qabxiwwan ijoowwan leenjii kanneeni jalatti xiyyeeffatamuu qaban akka itti aanutti xinxaalameera.

#### **A. Aangoo fi Itti Gaafatamummaa Abbaa Alangummaa Addaa Baasuu/baafachu**

Gabatee armaan olitti ibsamee irra akka hubatamautti mata dureen Kun Abbootii Alangaa Aanaa, Godinaa, A/ittisaa, Abbootii Alangaa BHO fi Abbootii Alangaa Koomishinii Naamusaafi farra malaammaltummaa Oromiyaa bar-gaaffii guutan 105 keessaa 88 (%83.80) ta'aniin sadarkaa 1ffaa ta'uun filatameera. Mata duree kana jalatti dhimmoon adda durummaan xiyyeeffatamuu qaban waa'ee aangoo himaannaa yakkaa hundeessuu, fooyyeessuu, kaasuu, himannaa yakkaa fi hariiroo waliin dhiyeessuu fi dhimmoota falmii gidduu seenuu fi kkf dha. Mata duree kana jalatti dhimmoonni ilaalamuu qaban bifa bar-gaaffiin walitti

---

<sup>63</sup> Af-gaaffii Obboo Naannoo Badhaadhaa qindeessaa garee qorannaa himannaa yakka malaammaltummaa KNFMNO waliin gaafa guyyaa 06/12/2006

Ins.Ol Amaan Aliyyii,abbaa adeemsa kutaa qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa qajeelcha poolisii godina arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 13/12/2006



qabameera. Aangoo dhimma yakka ilaalchisee Abbootiin Alangaa dhimmoota sadarkaa aanaa fi olaanaa irratti ilaalamu qaban adda baasuu irratti hanqina qabu. Keessattu amantaa hir'isuu sadarkaa aanaas olaanaas ilaalamaa jira.<sup>64</sup> Aangoo ilaalchisee labsiiwwan adda addaa seera deemsa falmii yakkaa, qajeelfama Bara Haayila sillaassee bahee akkasuma labsii lakk. 25/96, labsii lakk. 141/2000 waan jiraniif dhimmoota kana waliitti qabuun aangoo aanaa fi ol'aanaa adda baasuun leenjiin irratti kenname qaba yaadni jedhu kaa'eera.<sup>65</sup>

Qorannoo yakka wajjiin wajjiin wal-qabatee hirmaanan abbootiin alangaa maal ta'u akka qabu, poolisiin ajaja Abbaa Alangaa irraa dhimmoota qorannoo wal-qabatee isaaf dhiyaatuu akkamitti raawwachu akka qabu fi daangaan aangoo qaamolee kanaa haala kamiin hubatamee hojii irraa oluu akka qabu irratti leenjiin kennamuu qaba.<sup>66</sup>

Himannaan Abba Alangaa dhiyeessuu ulaagalee akkami guutuu qaba, keessattu himannaa qenxee fi daddabalamaan akkamitti dhiyaachu akka qabu, hirmaatootni yakka ilaalchisee maal faa irratti hundaa'u akka qabu, Kana malees dhaddacha irratti falmii gaggeeffamuu wajjiin wal-qabatee Abbaan alangaa dhimmoota akkami irratti xiyeefatee falmii gaggeessuu akka qabu, Adabbii murteessuu wajjiin wal-qabatee Abbaan Alangaa yaada adabbii kaasuu keessatti haala qajeelfama adabbii keessatti kaa'ameen yaada kaasuun falmii yommuu gaggeessuu hin mul'atu haalummaa kanaan duraa barameen adabbiin akka cimuu fi salphatuu yommuu gaafatan mul'ata waan ta'eef qabxiilee kana irratti leenjiin kennamuu qaba yaada jedhu kaasaniiru.<sup>67</sup>

Dabalatan, Itti gaafatamummaa A/Alangaa ilaalamuu qaba.<sup>68</sup> Himannaa qulqulluufi ragaa dhiyeessuu; falmii mirga waabii ilaalchisee dhimmoota Abbootiin Alangaa aangoo hin qabnee irratti A/Alangaa deebii akka Kennan yeroo gaafatamanitti dhimmicha irratti aangoo hin qabnuu

---

<sup>64</sup> Af-gaaffii Obboo Dajanee Waaqumaa, B/b Itti/Gaafatamaa WH aanaa Baabbilee, gaafa 13/12/2006 taasifame.

<sup>65</sup> Af-gaaffii Obboo Iyoob Dastaa, Itti/Gaafatamaa WH aana Dugdaa, gaafa 26/12/2006 taasifame.

<sup>66</sup> Af-gaaffii Obboo Daangee Ababbuu, Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuutti, Hogganaa Waajjira Haqaa waliin taasifame, 15/12/2006

<sup>67</sup> Af-gaaffii Obboo Daangee Ababbuu, Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuutti, Hogganaa Waajjira Haqaa waliin taasifame, 15/12/2006

<sup>68</sup> Af-gaaffii Obboo Kabbadaa Yaa'ii Hoogganaa waajjira haqaa godina Baalee waliin gaafa guyyaa 19/12/2006

jechuudhaan yeroo deebisan jira waan ta'eef qabxiin kana irrattis xiyyeeffatamuu qaba yaadni jedhu ibsameera.<sup>69</sup>

## **B. Rogummaa, Fudhatamummaa fi Madaallii Ragaa Dhimoota Yakkaa**

Mata dureen Kun Abbootii Alangaa BHO fi Abbootii Alangaa Koomishinii Naamusaafi farra malaammaltummaa Oromiyaa bar-gaaffii guutan 11 keessaa 7(%63.63) ta'aniin sadarkaa 2ffaa ta'uun filatameera. Mata duree kanaan wal-qabtee raawwii hojii irratti rakkinoon kan jiru ta'uufi dhimmoonni xiyyeeffannaa barbaadan tokko tokko namoota af-gaaffiin taasifamee irraa hubatameera. Ragaan dhimma yakkaaf dhiyaatu haala kamiin madaalama kan jedhu sababa 'standard' ifa ta'ehin jirreef rakkoo ta'aa akka jiru ,ragoonni jecha isaanii Waajjira Poolisiitti kennan dhaddacha irratti yeroo jijjiiran ragaa sobaatiin yoo himataman jechi isaan dhaddacha irratti kennetu sirrii jedhamee fudhatama jechuun manneen murtii bilisa baasaa akka jiran,<sup>70</sup> iddoo yakkaa tuttuqii irraa bilisa gochuun qorannaa yakkaa gaggeessuu irratti,<sup>71</sup> fi madaallii ragaa odiiitii, fooreensiikii funaansa ragaa irratti ogummaan Abbaa Alangaa lafaa waan ta'eef leenjiin kennamuu qaba yaadni jedhu kennameera.<sup>72</sup>Seera yakkaa kwt 556/2A, 555 fi yaallii ajjeechaa irratti ragaa madaluun wal qabatee Abbootiin Alangaa tokko tokko hanqina kan qaban ta'uufi sababa kanaan naamusaan himatamanii kan itti murtaa'e kan jiran ta'uu

---

<sup>69</sup> Af-gaaffii Obboo Girmaa Lammaa Pireezidaantii mana murtii ol'aana godina Baalee waliin gaafa guyyaa 20/12/2006

-Obboo Fayyisaa Nugusee, pireezidaantii mana murtii Aanaa Sinaana waliin gaafa guyyaa 20/12/2006

<sup>70</sup> Af-gaaffii Obboo Kabbadaa Yaa'ii Hoogganaa waajjira haqaa godina Baalee waliin gaafa guyyaa 19/12/2006

<sup>71</sup> Af-gaaffii Obboo Kabbadaa Yaa'ii Hoogganaa waajjira haqaa godina Baalee waliin gaafa guyyaa 19/12/2006

-Obboo Salamoona Taaddasaa Hoogganaa waajjira haqaa Aanaa Sinaanaa waliin gaafa guyyaa 20/12/2006

<sup>72</sup> Af-gaaffii Obboo Kabbadaa Tasammaa Pireezidaantii mana murtii Aanaa Arsii Nageellee waliin gaafa guyyaa 13/12/2006

-Insp.ol Amaan Aliyyii, abbaa adeemsa kutaa qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa qajeelcha poolisii godina arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 13/12/2006

-Kom. Geetachoo Gabbisaa Hoogganaa qajeelcha poolisii godina Baalee waliin gaafa guyyaa 20/12/2006

ibsameera.<sup>73</sup> Balaa tiraafikaa keessattuu ajjeechaa tasan wal qabatee Abbootiin Alangaa jecha ragummaa ogeessaarra fudhachuu dhabuufi ogeessa ragaa godhahuu dhubuun raawwii hojii keessatti kan mul'atu yoo ta'u, gama Mana Murtiin immoo ragaa bitaafi mirgaa sirnaan madaaluu dhabuu, ragaa ogeessaa dhiisanii ragaa namaa nama ogummaa hin qabneef maddalii kennuu. Keessattuu raga ittisaa nama ogummaa hin qabane ulfina laachuun fudhachuu. Fakkeenyaaf, ragaan ogeessaa tiraafikiin, osoo jiruu jecha ragaa namaa" konkolaatan yommuu adeemu luugamni waan cite natti fakkaata, suuta deema ture, ariitiin deemaa hin turefi ... kkf jedhuuf ulfaatina kennuun himatamaa bilisa baasun kan jiru ta'uu ibsameera.<sup>74</sup>

Xumura irratti yaada bar-gaaffii irratti kenname irra akka hubatametti adabbii ilaalchisee keessattu tumichaan wal qabateeragaa mana yaalaa madaan jiraachuu yoo ibse malee keewwata gad-buusuun murtii kennuun ni mul'atu ta'uu ibsameera.

### **C. Qabiinsa Shakkamaa , Mirga Wabii Poolisiin Kennu (Bond) fi Yeroo Beellamaa**

Mata dureen Kun Abbootii Alangaa Aanaa, Abbootii Alangaa Goddinaa fi Abukaatoo Ittisaa bar-gaaffii guutan 94 keessaa 45(%47.87) ta'aniin sadarkaa 3ffaa ta'uun filatameera. Qabatamaan namni shakkame yeroo hunda qabamee yookiin to'atamee qoratamuun kan jiru ta'uu hubatameera.<sup>75</sup> Dhuma irratti, mirga wabii poolisiin bu'uura kwt.28 tiin kennu irratti gahee Abbaa Alangaa maal ta'uu qaba qabxii jedhu irratti xiyyeeffatamuu akka qabu yaada bar-gaaffii irratti guutame irraa hubatameera.

### **IV) Dhimmoota Biroo**

Ijoo leenjii dhimmoota biroo jedhu jalatti Bilisummaa hojii fi naamusa ogummaa sadarkaa 1ffaa, hundeeffama, faayya'iinsaafi diiggaa Waldaa Dhuunfaa Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'ee (PLC) fi Waldaa Aksiyoona (share company) sadarkaa 2ffaa fi Mirga namoomaa kabachiisuu keessatti gahee qaamolee haqaa sadarkaa 3ffaa irratti filatamaniiru. Bu'uruuma

---

<sup>73</sup> Af-gaaffii Obboo Malaakuu Kumsaa, BHOtti Abbaa adeemsa Bulchiinsa human namaa waliin gaafa 6/12/06 taasifame

<sup>74</sup> Af-gaaffii Obboo Qaasim Galgaloo, BHOtti Abbaa Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa Fi Murtii Haqaa Kennisiisuu waliin gaafa 6/12/06 taasifame

<sup>75</sup> Af-gaaffii Obboo Geetuu Gaddaata a, Hogganaa Waajjira Haqaa Godina Jimmaa waliin gaafa 12/12/06

kanaan yaada bar-gaaffiifi af-gaaffii taasifame irratti hunda'uun qabxiwwan ijoowwan leenjii kanneeni jalatti xiyyeeffatamuu qaban akka itti aanutti xinxaalameera.

### **A. Bilisummaa Hojii fi Naamusa Ogummaa**

Mata dureen kun Abbootii Alangaa Aanaa, Godinaa, A/ittisaa, Abbootii Alangaa BHO fi Abbootii Alangaa Koomishinii Naamusaafi farra malaammaltummaa Oromiyaa bar-gaaffii guutan 105 keessaa keessaa 56(%53.33) ta'aniin sadarkaa 1ffaa ta'uun filatameera. Qajeelfama ittiin bulmaata Abbootii Alangaa, itti gaafatamummaa A/Alangaa,<sup>76</sup> fi Naamusa Ogummaa irratti xiyyeeffatamee leenjiin kennamu akka qabu fedhii leenjii bifa af-gaaffiin walitti qabame irraa hubatameera.<sup>77</sup>

### **B. Galmeessa Ragalee fi Kenna Hayyamaa**

Hojii caasaan biiroon Haqaa Sadarkaa sadarkaadhan jiru hojjetu keessa inni tokko galmeessa ragaalee fi kenna hayyamati. Ijoon kun akka filatamu filadhoodhaaf dhiyaatu illee Abbootii Alangaa Aanaa, Abbootii Alangaa Biiroo fi KNFM bar-gaaffii guutan 65 keessaa 19( %29.23) ta'aniin filatamee sadarkaa 7ffaa argateera. Haa ta'u iyyuu malee, ijoon leenjii Hundeeffama, Faayya'iinsaafi Diiggaa Waldaa Dhuunfaa Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'ee (Plc) Fi Waldaa Aksiyoona (Share Company) jedhu Abbootii Alangaa Godinaa fi Abukaatoo Ittisaa bar-gaaffii guutan 40 keessaa 19 (%47.5) ta'aniin sadarkaa 2ffaa ta'uun filatameera. Akka

---

<sup>76</sup> Af-gaaffii Obboo Kabbadaa Hoogganaa waajjira haqaa godina Baalee waliin gaafa guyyaa 19/12/2006

<sup>77</sup> Af-gaaffii Obboo Kabbadaa Hoogganaa waajjira haqaa godina Baalee waliin gaafa guyyaa 19/12/2006 Af-gaaffii Kom.Geetachoo Gabbisaa Hoogganaa qajeelcha poolisii godina Baalee waliin gaafa guyyaa 20/12/2006

Af-gaaffii Obboo Galatoo Annootaa,Abbaa adeemsa qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa fi B/B hooggana waajjira haqaa Aanaa Arsii Nageellee waliin gaafa guyyaa 12/12/2006

Af-gaaffii Saj.ol Isheetuu Balaachoo ,abbaa adeemsa kutaa qorannaa yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira poolisii Aanaa sinaana waliin gaafa guyyaa 21/12/2006

Af-gaaffii Insp.ol Amaan Aliyyii,abbaa adeemsa kutaa qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa qajeelcha poolisii

Af-gaaffii Obboo Amiin Adam, Hoogganaa wajjira haqaa godina arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 14/12/2006

Af-gaaffii Obbo Yaasiin Ibraahiim,pirezidaantii mana murtii Aanaa Gadab hasaasaa waliin gaafa guyyaa 15/12/2006

waliigalatti af- gaaffii taasifame fi yaada bar-gaaffii irraa dabalataan walitti qabame hojiin akka ijoo leenjiitti sadarkaa 2ffaa ta'ee filatme kun hojii galmeessa ragaalee fi kenna hayyama jalatti kan kufu ta'uu isaa, hojii muumichi jechuun hojii galmeessa ragaalee ilaalchisee raawwii irratti haqinnoota kan qabu ta'uun isaa, ijoo leenjii sadarkaa 2ffa argate hojii muumicha jalatti hammatamee leenjiin kennamuu akka qabu ni agrsiisa. Bu'uuruma kanaan ijoo leenjii sadarkaa 2ffaa Galmeessa Ragalee yoo ta'e mannicha bu'aa buusa yaada jedhu irratti waliigalameera.

Bu'uuruma kanaan ijoo leenjii kana irratti dhimmoonni irratti xiyyeeffatamuu qaban bar-gaaffiifi af-gaaffiin adda bahaan jiru. Haaluma kannanIjoo leenjii kana keessatti keesstuu Hundeeffama, Faayya'iinsaafi Diiggaa Waldaa Dhuunfaa Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'ee (Plc) fi Waldaa Aksiyoona (Share Company) , labsii dhaabbilee tola ooltootaafi waldaalee galmeessuufi bulchuuf bahe (charities and societies proclamation) fiseera hariiroo hawaasaa keessaa immoo seera waliigaltee bakka bu'uummaa (Agency) irratti xiyyeeffatamuu akka qabu yaada bar-gaaffii irratti guutame irra hubatameera.

Galmeessa ragaleefi kenna hayyamaa haguuggii seera hin qabne ta'uu isaa, bakka bu'uuma galama'uu ilaalchisee hojimaanni isaa kan Naannoo Oromiyaa, kan federaalaafi naannoo kibbaa garaagarummaa qabachuu isaa ibameera. Fakkeenyaaf, Hojimaata nannoo oromiyaa yoo fudhanne qabeenya dhaabbata ilaalchisee bakka bu'uummaa mirkaneessuf ragaan fuudhaa heerumaa akka uulгаа tokkotti dhiyyachuu kan qabu ta'uu isaa, hojimaanni Eejansii galmeessa ragaalee federala garuu ragaan fuudhaa heerumaa bakka bu'uummaa galmeessuuf akka ulaagatti kan dhiyyaneefi hin barbaachise ta'uu fi ragaan fuudhaa heerumaa gaafa namni bakka bu'uuma fudhate qabeenyicha qaama sadaffaatti dabarsu qofa akka ulaagatti kan fayyadaman ta'uu agrsiisa waan ta'eef hojimaanni kun qoratamee leenjiin irratti kennamuu akka qabu ibsameera<sup>78</sup>

Duma irratti, ijoo leenjii kanaan walqabatee gama Abbootii Alangaatiin ulaagaalee galmeessa ragaaleef barbaachiisan maal maal akka ta'an adda baasuu irratti, baratamaan hojjechaa kan jiran ta'uu fi seeraan deegganii hojjachuu irratti hanqina kan qaban ta'uu ibsameera.<sup>79</sup>

---

<sup>78</sup> Af-gaaffii Obboo Magarsaa Adduuynaa Goonfaa , Hogganaa Waajjira haqaa G/Shawa Lixaa, waliin gaafa 20/12/06 taasifame

<sup>79</sup>Af-gaaffii Obboo Dajanee Waaqumaa, B/b Itti/Gaafatamaa WH aanaa Baabbilee, gaafa 13/12/2006 taasifame.

### **C. Mirga Namoomaa Kabachiisuu Keessatti Gahee Qaamolee Haqaa**

Mata dureen Kun Abbootii Alangaa Godinaa fi Abukaatoo Ittisaa ,Abbootii Alangaa BHO fi Abbootii Alangaa Koomishinii Naamusaafi Farra Malaammaltummaa bar-gaaffii guutan 51 keessaa 18 (%35.29.5) ta'aniin sadarkaa 3ffaa ta'uun kan filatamee yoo ta'u, Kabajamuu mirga namoomaa sadarkaa addunyaatti jiruufi raawwii qabatamaa sadarkaa biyyatti jiruu ilaalamuu akka qabu yaada bar-gaaffii irratti kenname irraa hubatameera.

#### **V) Sakkata'a Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Bifa Af-Gaaffiin Argamanii fi Kanneen Sadarkaa Hinarganne**

Sakkata'iinsi fedhii leenjii Abbootii Alangaa hoggantoota Waajiiraalee Haqaa Aanaa Kaasee hangaa Biroo Haqa Oromiyaatti jiraniifi KNFMotti bifa af-gaaffiin taasifameera. Haaluma kanaan hoggantoonii kunnin haala qabatamaafi hojimaata mana hojicha, rakkinoota hojiirratti guyyaa guyyaan isaan qunnamu irratti hunda'uudhan ijoowwan leenjii hedduu Abbootiin Alangaa Bara 2007 irratti leenji'uu qaban eeraniiru. Ijoowwan leenjii bifa bar-gaaffiin walitti qabamaniifi sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> hanga 3<sup>ffaa</sup> aragatan jalatti yaadni hoggantooni kun kennan kan xinxaalame yoo ta'u, kanneen hafan immoo manni hojii keenya human qabu waliin yoo ilaalamu bara baajata kanatti leenjii irratti kennuu hin danda'u. Haa ta'u malee, ijoowwan leenjii yaadni irratti kenname barbaachisummaan isaanii ol'aanaa waan ta'eef, leenjii gara fuuladuratti kennamu fi qo'annoo taasifamuuf akka galteetti kan tajaajilanuufi mata duree irratti hojjetamuu qabu adda baafachuuf kan gargaaruu waan ta'eefi fedhii bal'aa maammiltoota keenya bira jiru kan agarsiisuu waan ta'eef gara fuulaa durattis mannichi gamanuma akka irratti hojjetu waan taasisuuf akka itti aanutti xinxalamaniis ibsamaniiru.

#### **I. Seera Yakkaa**

- **Dhimma yakkaa fi hariiroo adda baasuu** - A/Alangaa dhimma hariiroo ta'e qorachuudhaan yemmuu yeroo guban ni mul'ataa.
- **Saamichaa**
- **Murtii Yakkaa Daangessuu** - Manneen murtii bu'ura seeraa malee murtii yakkaa daangessuutu mul'ata.
- Kutaa waliigalaa seera yakka fi kutaa addaa keessatti dhimoota filatamoo ta'aniif kan akka hirmaatoota yakkaa, irraa deedebbi, daddabalamaa fi k.k.f irratti

- **Jeequmsa kwt.486** – hojii irratti hiikoo lamatu akka jiru af-gaaffi taasifameera hubatameera. Yadni inni tokko jeequmsi uumamu qaba kan jedhu yoo ta’u, yaadni inni lamataa immoo oduun ta’e sun uummata gara fuuladuratti kakaasuu danda’uu isaatu ilaalamu qaba Yaadni jedhu Abbootii Alangaa fi Abbootii Seeraa tokko tokko biratti ni calaqisa waan ta’eef leenjiidhaan kallattiin tokko qabsiifamuu qaba yaadi jedhu kaa’eera.
- **Baala Sammuu Namaa Haddochu**
- **Godaansa Seeraan Alaa** - adeemsa qorannaa, dhagahaa( adeemsaa saffisaa) ; Humna daa’imani saamu:hojimaata isaa
- **Abuukaatoo Dhunfaa** ilaalchisee qaamni kun akkumaa qaamolee haqaa biroo fooyya’iinsaa sirna haqaa naannoo keenyaatiif gumaacha taasiisuu kan qabu yoo ta’e illee xiyyeeffannaa argatee leenjii argacha hin jiru. Hanqina qaamoolee haqaa biratti mul’atu keessatti hirmanaan isaan qaban garuu guddaa waan ta’eef Imaamataa yakka Itoophiyaa irratti,sirna adabbii, Aangoo fi Naamusaa Abukaatummaa irratti leenjiin kennamuu qaba. Dhimmoota akkami qabaachu qabu, sirna haqaaf garaagarsaa isaan taasisan keessaa hojiin isaan hojjetan yakkamtoota bilisaan baasuuf qofa hojaachu qabu moo? Kallattii lamaan hojjiin isaan gaggeessaan akkami ta’u qaba (fkn garee wal-falman lachuu irratti waa fudhachuun falmii garee tokko laafisuu, ragaa sobaa qindeessuun akkamitti ilaalamaa qabxiiwwan jedhaman ilaalamnii leenjiin kennamu akka qabu Af-gaaffiin yaada walitti qabame irraa hubatameera.
- **Qajeelfama adabbii yakkoota** gatiin isaanii hin tilmaamane irratti raawataman. F akkeenyaaf, meeshaa waranaa, dhoksaa fi yakkoota biroo gulantaafi sadarkaan hin baanee irratti fi qajeelfama fooyya’ee irratti leenjiin kennamuu qaba

## II. Labsiiwwan Adda Addaa

- **Labsii Filannoo** - naamusa paartiileen siyaasaa hordofuu qaban; akkaata hojiira oolmaa isaanii, qaamoolleen siyaasaa haala kamiin deeggarsa kennaa jiru? Seera filannoo, danbii fi qajeelfama jiru irratti, yakkoota filannoo wal-qabatanii raawwataman irratti fedhii leenjii kan qaban ta’uu hubatameera.

## III. Seera Deemsa Falmii Yakkaa

- **Dhaga’aa dhimmayakkaa** – Ijoo kana ilaalchisee A/Alangaa biratti haqinni garagara ni mul’ata. Fakkeenyaaf, gaaffii qaxxaamuraa sirnaan fayyadamuu dhabuu, ragaa ittisaa gaaffi qaxaxamuraa gaafachuu dhabuu, Ragaan yeroo ‘hostile’ ta’u dhiibanii itti deemuu dhabuun, gaaffii keessa deebii gaaffachuu dhabuu ni jira. Manneen murtiis sababa gaaffii qulqulleessatin gaaffii qaxxamuraa yeroo gaafatan jira. M/Murtii gaaffii qulqulleessuu sadarkaa kam irratti gaafata? Daangaa hin qabu? Dhimmoon jedhaman sakkata’amanii leenjiin irratti kennamu akka qabu yaada af-gaaffiin walitti qabame irra hubatameera.
- **Yakka Gudeeddii Dubartoota irratti raawwatamu.** Miidhamtuu qorachuuf qaamni aangoo qabu eenyu kan jedhu ilaalamuu qaba. Yeroo baayyee maatiitu qorachisa. Yeroo tokko maatiin qorachiisuuf human yeroo dhaban qabatamaan ni mul’ata waan ta’eef dhimmi kun ilaalamee furmaata argachuu qaba yaadni jedhu af-gaaffi taasifame irra hubatameera.
- **Ol’iyyata Dhimma Yakkaa Irratti** - Calisanii falmuu, galmee kallattii qofa hordofu, ol’iyyanni yeroo gaafatamuufi falmii afaanii irratti ijoo dubbii barbaadamu qabataniin xinxaaluu falmuu dhabuu, waanuma ol’iyyataniif qofa dhimma falmsiisuu hin qabne irratti falmuu ni mul’ata.
- **Aangoo Abbaa Seerummaa Dhimma Yakkaa ilaaluu irratti fakkeenyaaf,** yakka waajjiralee fi dallaa Waajjiraalee Mootmmaa Naannoo Oromiyaa Magalaa Finfinnee keessatti argaman keessatti raawwataman, Hanna, saamicha fi kkf M/M Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee hin fudhatu. Godinaalee Addaa Naannawa Finfinneetti wayita ergaman aangoo hin qabnu jechuun yeroo deebisan ni mul’ata waan ta’eef furmaata argachuu qaba. Aangoo mana murtii wal qabatee waa’een lammii biyya ala yakka naannoo keenya keessatti raawwate/tus ilaalamuu qaba yaadni jedhu ibsameera.

#### **IV. Dhimoota Hariiroo Hawaasaa**

- Dubbii Fixootaa Mootummaaf. Qabeenyi motummaa qisaasamatti jira. Kanaaf Waliigaltee bulchiinsaa, investimantii, seera deemsa falmii sivilii fi kkf irratti leenjiin kennamuufi qaba.

#### **V. Dhimoota Biroo**

- Wixinee Seeraa Sirnaa Fi Teekinika Isaa Irratti



- Hoggansi Biiroo Haqaa Duudhaalee Goonfachuu Qaban Irratti
- Qaadiif Mirga Dubartootaa Irratti
- **RTD**

## **VI) Dhimmoota Dabalataan Abbootiin Alangaa fi A/Ittisaa fedhii Leenjii irratti qaban Bar-Gaaffirra Kan Walitti Qabaman**

Dhimmoota biroo Abbootiin Alangaa Aanaa, Godinaa, Naannoo, A/Ittisaa fi Abbootii Alangaa KNFMO fedhii leenjii irratti qaban hedduu unka bar-gaaffii irratti dabalataan tarreessaniiru. Bu'uuruma kanaan seera yakkaa, labsiiwwan adda addaa, seera deemsa falmii yakkaa, seera hariiroo hawaasaa fi dhimmoota biroo seeroota kana jalatti hammatamanii fi hin hammatamane adda baasuu akka itti aanutti xinxalamanii ibsamaniiru.

### **I. Seera Yakka Irratti**

1. Jeequmsa kwt.486
2. Baala sammuu namaa haddoochu
3. Dhimma dantaa uummataafi mootumaa
4. Garaagarummaa kwt.539 fi 540 – himataafi murtii kennaman
5. Kwt.543/3fi danbii 143/2004
6. Adabbii daangeessuu: sababoota (ulaagaalee) adabbii daangessuuf kaa'amaniiifi raawwii isaa.
7. Cyber crime... & cptr crime
8. Garaagarummaafi walitti dhufeenya yakka malaammaltummaa, seera cabsuudhaan gibiraafi taaksii kaffaluu dhabuu( tax-evasion) fi maallaqa seera ala argame seera qabeessa fakkeessuu( money laudering)

### **II. Labsiiwwan Adda Addaa**

1. Labsii Kooppii Raayitii
2. Labsii Mana Murtii Hawaasummaa
3. Labsii Daldala Xaa'oo Lakk137/99
4. Labsii Dhaabbilee Siiviilii ‘Charities & Civil Societies Proc.’, Labsiilee Galmeessa Waldaalee Bu'aa Maleefi NGO

5. Labsii Hojjetoota Mootummaa
6. Seeroota Hiriira Nagaa
7. Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Hundeessuuf Bahe; Raawwatiinsa Isaa /Hojiimata Waliin
8. Labsii Paartilee Siyaasaa Hundeessuuf Bahe
9. Labsii Gumuruukaa
10. Labsii Bosonaafi Bineensoota Bosonaa
11. Labsii itti fayyadamaafi bulchiinsa qorichaa
12. Labsii Bittaafi Bulchiinsa Meeshaalee Dhaabbilee Mootummaafi Miti- Mootummaa
13. Labsii Gibiraa (Aangoo Abbaa Seerummaa Irratti)
14. Labsii Lakk. 208/2003
15. Money Laundering Proclamation Vs Corruption Proclamation
16. Anti Terrorism Proc Vs Money Laundering Proclamation
17. Money Laundering Proclamation Vs Tax Evasion Proclamation/Labsii Gibiraafi Taaksii

### **III. Seera Deemsa Falmii Yakkaa Irratti**

1. Mirga wabii poolisiin buura kwt.28tiin kennu irratti gahee Abbaa Alangaa,
2. Hoggansa Kutaa/Adeemsa Qrannaa Yakkaa
3. Hojii Abbaa Alangaafi qorataa poolisii;seerrifi JBHA'n wal-makuu,aangoo Abbaa Alangaafi poolisii addaan baasuun tarreessuu irratti
4. Dhimmoota Mana Murtiin alatti ilaalaman adda baasuu irratti
5. Dhimma “justiciable’ ta’an irratti
6. Garaagarummaa fi tokkummaa aangoo mana murtii Federaalaafi Naannoo fakkeenyaaf, yakka lammiin biyya alaa raawwate, dhimma yakkaa aangoo mana murtii aanaatii ilaalamuufi aangoo mana murtii ol’aanaatti ilaalamu qabu irratti, fknf mana gubuun bakka tokko tokkotti godinatti yeroo ilaamu biratti immoo

aanaarratti ilaalamaa jira. Godina Qeellamitti Mana Murtii ol'aanatti yeroo ilaalamu, I?A?booratti immoo aanarratti ilaalama. Aanan yeroo fudhachuu didu ni mula'ta. Labsiin yeroo sirna dargii aangoo Mana Murtii hundeessuuf hahe osoo ilaalamee.

7. Gaheefi shooraa, barbaachisummaa Abukaatoo Ittisaa, tumaalee A/ittisaa ilaalatan(sdfy)
8. Ajjeechaa Dagannoofi Mirga Wabii Kwt 67: Seeraa Fi Raawwii Isaa

#### **IV. Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa**

1. Seera hariiroo hawaasaa keessaa seera waliigaltee bakka bu'uummaa (Agency) irratti
2. Akkaata hundeeffama, faayya'iinsaafi diiggaa Waldaa Dhuunfaa Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'ee (PLC) fi Waldaa Aksiyoona (share company) fi
3. Dhimma Dantaa Uummataafi Mootummaa irraatti fedhiin leenjii akka jiru hubatameera.

#### **V. Dhimmoota Biroo**

1. Heerummaa Murtii Dhaddacha Ijibbaata
2. Aangoo seera tumuu moortummaa naannoolee, heeraa fi regional autonomy wajjin
3. Kabajamuu mirga namoomaa sadarkaa addunyaatti jiruufi raawwii nqabatamaa sadarkaa biyyatti jiru
4. Caasaa Mana Murtii Siiviil Sarvaantii, sadarkaa gadiitti diriire dhabamuu

### **3.1.3. Fedhii Lenjii Qoratoota Poolisiitiif Dhiyaatee**

Fedhii leenjii raawwattoota koomishinii poolisii naannoo oromiyaa kan ta'an qoratoota garagaraa irra jiran irraa bifa bar-gaaffitiin daataan funaanameera. Gaaffiin bar-gaaffiin dhiyaatee kutaa sadii kan qabu yommuu ta'u, kunis qorannoo yakkaa, labsiiwwan adda addaa fi dhimmoota biroo kan jedhu dha. Bar-gaaffii leenjiin qoratoota poolisii kun sadarkaa aanaa irraa kaasee hanga koomishinii poolisii qoratoota jiraniif oggeessoota 62 guuchisuuf kan karoofamnee yommuu ta'u, qoratoota 62 ta'an bargaaficha guuchisuu danda'ame jira. Kunis persantaadhaan

yommuu shallagamu %100/100 ta'a. Bu'aa daataa bifa bar-gaaffiin sassaabamee akka armaan gadiitti gabateen ibsameera.

**Gabatee : 3.10 Baay'ina Daataa Fedhii Leenjii Poolisii Agarsiisu**

Mata duree leenjii	Baay'ina namoota af-gaaffii taasifaman	Baay'ina namoota ijoo kana filatan	Dhibbentaan %	Sada rkaa
<b>Qorannaa yakkaa</b>				
Haala ragaan ittiin funaanamuu fi madaalamu	62	49	79	1ffaa
Saayinsii foreensikii (ashaaraa) fi xinsammuu shakkamaa	“””””	39	63	3ffaa
Adeemsa qorannoo shakkamtootni ijoollee hordofan	“””””	27	43.5	4ffaa
Qabiinsa shakkamaa fi eegumsa ciraa	“””””	7	--	
Balaa tiraafikaa fi gahee qaamolee haqaa	“””””	40	64.5	2ffaa
Falmii mirga wabii fi ragaa dhiyeessuu	“””””	8	--	
<b>Labsiiwwan</b>				
Labsii malaammaltummaa	“””””	25	40	1ffaa
Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa shammattotaa	“””””	20	32	2ffaa
Labsii galmeessaa fi hayyama daldalaa	“””””	8	--	--
Labsii shororkeessummaa	“””””	25	40	1ffaa
Labsii Invaastimantii	“””””	15	24	4ffaa
Labsii Bunaa	“””””	5	----	---

Labsii liizii		12	--	--
Labsii daldala beeyladaa		10	--	--
Labsii godaansa namaa seeraan alaa		13	--	--
Labsii VAT fi gumurukaa		9	---	--
Labsii filannoo	“”””””	18	29	3ffaa
Labsii ijaarsaa	“”””””	-	--	--
<b>Dhimmoota Biroo</b>				
Naamusa ogummaa	“”””””	9	-	-
Qabiinsa abbaa dhimmaa fi kenninsa tajaajila uummataa	“”””””	13	-	-

Gabatee kana irraa hubachuun kan danda’amu fedhii leenjii bar-gaaffii qoratoota poolisii sadarkaa gar-garaa funaanameen kutaa tokkoffaa keessaa sadarkaa duraa irratti kan filatame mata duree *Haala ragaan ittiin funaanamuu fi madaalamu* jedhu dha. Kunis sadarkaa duraa irratti filatamuu kan danda’e qoratoota bar-gaaffichaa guutan jahatami lama keessaa namoota 49 (72%)’n ta’an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Kutumaa kana keessatti sadarkaa itti aanu qabachuun kan filatame immoo mataduree *Balaa tiraafikaa fi gahee qaamolee haqaati*. Kun immoo qoratoota bar-gaaffichaa guutan jahatami lama keessaa namoota 40 (64.5%)’n leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Akkasumas, sadarkaa 3ff<sup>aa</sup> ta’uun mata dureen filatame waa’ee Saayinsii foreensikii (ashaaraa) fi xinsammuu shakkamaati. Kunis sadarkaa 3ff<sup>aa</sup> argachuun filatamuu kan danda’eef bar-gaaffichaa guutan jahatami lama keessaa namoota 39 (63%)’n leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi dha.

Kutaa lamaffaa gabatee kana keessaa akkuma kaa’ameti fedhii leenjii bar-gaaffii qoratoota poolisii sadarkaa gar-garaa funaanameen mata dureewwan *Labsii Malaammaltummaa fi Labsii*

**Shoororkeessummaan** sadarkaa wal-qixaan sadarkaa dura argatani filatamaniru. Kunis sadarkaa duraa irratti filatamuu kan danda'e qoratoota bar-gaaffichaa guutan jahatami lama keessaa namoota 25 (40%)'n ta'an leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Kutumaa kana keessatti sadarkaa itti aanu qabachuun kan filatame immoo mataduree Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa shammattotaa ti. Kun immoo qoratoota bar-gaaffichaa guutan jahatami lama keessaa namoota 20 (32%)'n leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi. Akkasumas, sadarkaa 3ff<sup>aa</sup> ta'uun mata dureen filatame waa'ee **Labsii filannooti**. Kunis sadarkaa 3ff<sup>aa</sup> argachuun filatamuu kan danda'eef bar-gaaffichaa guutan jahatami lama keessaa namoota 18 (29%)'n leenjiin mata duree kana irratti nuuf haa kennamu jechuun waan filataniifi dha.

Sadarkaan armaan olitti kaa'ame akkuma jirutu ta'e,

- ❖ Kutaa adda fi waliigalaa seera yakka ilaalchisee,
- ❖ Labsii Lakk-163/2003 hojii irraa oolma isaa fi hanqinaalee inni qabu irratti,
- ❖ Dhimma daa'imanni fi dubartoota irratti,
- ❖ Yakkoota fedha fi dantaa uummataa fi hawaasaa irratti raawwatamu danda'an irratti, fi kkf matadureewwan biroo leenjii irratti otoo kenname fedha kan qaban ta'u isaan bar-gaaffii qoratoota poolisii sadarkaa adda addaa irraa funaaname irraa hubachu ni dandenyee jira.

Kana malees, qorattoo poolisii fi abbaa alangaa sadarkaa adda addaa irratti argamaniif qorannoo waajjiin wal-qabatee Haala ragaan ittiin funaanamuu fi madaalamu, keessattuu qorannaa gaggeessuun biiroo keessatti ta'ani jecha fudhu qofa otoo hin ta'iin hanga iddoo yakkichi itti raawwatameeti qaamaan dhaquun akkaataa ragaa jiru itti funaanamu irratti rakkoon waan jiruuf irratti xiyeefatame leenjiin kennamu akka qabu Ins/ol'aanaa Addisu duubatani jiru.<sup>80</sup> Kana malees, qorannoo gaggeeffamu keessatti mirgaalee kabajamuu qaban kan himatamaa qofa otoo hin ta'iin kan miidhamaa fi kan qaamaa sadaffaa xiinxalamu akka qabu eerameera.

---

<sup>80</sup>Ittigaafatamaa Adeemsa Qajeelcha Poolisii Godina Adda Finfinnee kan ta'an Ins.Ol'aanaa Addisuu Mangashaa Waliin gaafa 18/12/2006 af-gaaffii gaggeeffamee

Matadureewwan bar-gaaffii qoratoota seeraaf kaa'ame akkuma jiruti ta'e, hojii qorannoo keessati waliin qorachuu abbaa alangaa fi poolisii wajjiin wal-qabatee kanaan dura kallattiin gama ILQSO waajjiralee poolisii fi A/Alangaatiif kan kennamaa ture yoo ta'eilee dhimmi kun hanga ammaatii hojii keessatti rakkoo uummaa waan jiruuf ammaalee bal'inaan leenjii kennuun otoo kallattiin tokko qabamee gaarii akka ta'e af-gaaffii hoggantootaa wajjiin taasifne irraa hubachu dandeenyeera.<sup>81</sup> Abbootiin alangaa dhimmaa qorannoo gaggeessuu wajjiin wal-qabatee hubannoo gahaa waan hin qabaneef qorannoo gaggeeffamuu keessatti hirmaana gaha ta'e akka qabaatan qoratoota poolisii irra isaaniif xiyeeffannoo kennuun leenjiin bal'aa fi itti fufinsaa qabu kennuun akkaumaa qoratoota poolisiitti gama kanaan hubannoo gaha ta'e akka argatan gochuuf hojiiin hojjatamu qaba.<sup>82</sup>

### 3.2. Daataa Sakatta'a Fedhii Qorannoo Agarsiisu

Hojiin inni guddaan biroon iniistiitiyuutii kanaan hojjatamu hojii qorannooti. Rakkoo sirna haqaa naannichaa qorannoon hiikuuf kaayyoolee tarsii moowaa qulqullina fi uwwisa qorannoo dabaluu jedhu qabatee sochoo'aa jira. Kaayyoo kana galmaan gahuuf qorannoon gaggeeffamu fedhii irratti kan hundaa'ee ta'u qaba. Kanaaf, fedhii ogeessota qaamolee haqaa garagaraa (Mannen Murtii, Wajjiralee Haqaa, Wajjiralee Poolisii, Komishini Naamusaa fi Farraa Malaamaltumma, sakatta'uuf daataan bifa bar-gaaffii fi af-gaaffiin sassaabameera. Gaaffiin bar-gaaffiin dhiyaatee mata dureewwan qorannoo adda addaa kan qabudha; Bu'aa daataa bifa bar-gaaffiin sassaabamee akka armaan gadiitti gabateen ibsameera.

Gabatee 3.11. mata dureewwan fedhiin qorannoo irratti sassabamee sadarkaa fi sagalee argatan waliin

Lakk.	Mata duree fi yaadoota akka irratti xiyyeeffatamu ibsame	Baay'inna sagalee	Dhibbentaan % dhaan	sadarkaa
-------	---	----------------------	------------------------	----------

<sup>81</sup>Ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Godina Shawaa Kaabaa Jamaal Bahiir waliin af-gaaffii gaaffaa 12/12/2006 gaggeeffame.

<sup>82</sup>Ittigaafatamaa Waajjira Haqaa Godina Adda Naannoo Finfinnee obbo Tafarraa waliin af-gaaffii gaaffaa 20/12/2006 gaggeeffame

1	Raawwii Seera Liizii	115	43.23%	4ffaa
2	Raga sobaa barreefamaa	170	63.90%	1ffaa
3	Waligaltee hojjataaf hojjachiisa	70	26.31%	7ffaa
4	Qorannoo fooreensiikii:	126	47.36%	3ffaa
5	Rakkoolee naamusa oggeessoota qaamoolee haqaa	84	31.57%	6ffaa
6	Rakkoowwan wixinee seeraa, adeemsa seera baasuu fi hojirra oolmaa seeroota caffee	138	51.88%	2ffaa
7	Daangaa fi walitti dhufeenya hojii bulchiinsa m/murtii fi bulchiinsa dhimmaa	70	26.31%	8ffaa
8	Hojirra oolma kominitii poolisiingii naannoo oromiyaa	58	21.80%	9ffaa
9	KGT keessatti milkaa'inna qaamoolee haqaa	36	13.53%	11ffaa
10	Gurmaa'inna fi walitti dhufeenya biroo bulchiinsa fi nageenya naannoo oromiyaa fi komishinii poolisii oromiyaa	46	17.29%	10ffaa
11	Dhimma hariiroo hawaasaa keessatti gahee A/A	102	38.34%	5ffaa



Gabatee armaan oliirraa hubachu kan dandeenyu mata dureewwan fedhii qorannoof qaamolee haqaa garagaraatiif dhiyaatan keessaa mata dureen **Raga sobaa barreefamaa** jedhu sagalee **166** argachuun **1ffaa** yoota’u mata dureen **Rakkoowan wixinee seeraa, adeemsa seera baasuu fi hojirra oolmaa seeroota caffee bahan** jedhu sagalee **135** argachuun sadarkaa **2ffaa** argateera. Mata dureen **Qorannaa Foransiikii** jedhu sagalee **126** argachuun sadarkaa **3ffaa** yoo argatu, matadureen **Raawwii seera liizii** sagalee **112** argachuun sadarkaa **4ffaa** yoo argatu, matadureen **Dhimma hariiroo hawaasaa keessatti gahee A/A** jedhu sagalee **101** argachuunsadarkaa **5ffaa** yoo argatuu mata dureen **Rakkoolee naamusa oggeessoota qaamoole haqaa** sagalee **83** argachuun sadarkaa **6ffaa** yoo argatu mata dureen **Waligaltee hojjataaf hojachiisa** jedhusagalee **69** argachuunsadarkaa **7ffaa** yoo argatu mata dureen **Daanga fi walitti dhufeenya hoji bulchiinsa mana murtii fi bulchiinsa dhimmaa** jedhu sagalee **67** argatuun sadarkaa **8ffaa** yommuu argatu mata dureen **Hojirra oolmaa kominiitii poolisiingii** jedhu sagalee **58** argachuudhaan sadarkaa **9ffaa** argachuu danda’eera.

Ijoowwan seeraa armaan oliitti ibsaman kana irratti qorannoon kan barbaachisu ta’uu isaa xiinxala taasifame irratti ibsameera. Xiinxala daataa bifa bar-gaaffii fi af-gaaffiin waliitti qabameen rakkoolee mata dureewwan ibsamaniin wal-qabatanii jiran eeramaniiru. Sababootni bar-gaaffii fi af-gaaffiin ibsaman akka kanaa gadiitti xiinxalamaniiru.

### 1. Raga Sobaa Barreefamaa

Murtii haqa qabeessa ta’e tokko kennuuf ragaan baay’ee murteessaa dha. Ragaan gocha tokko mirkaneessuuf dhiyaatu ammo raga barreeffamaa ykn raga namaa taa’uu danda’a. Ragaaleen barreeffamaa dhiyaatan kunis qaamolee garagara irraa waliitti qabamuu danda’u. Isaan keessa tokkoo qaamolee mootummaa adda addaa ti. Kanaan wal-qabatee hanqinaaleen kan jiran ta’uu af-gaaffii fi bar-gaaffii waliitti qabameen hubatameera.

Af-gaaffii taasifameen ragaaleen barreefama waajjiralee mootummaa irraa kenaman akkasumas mana yaalaa adda addaa irraa miidha dhaqabee fi umrii namoota ilaalchisee dhimma wal-fakkaatu irratti barreefaman garaagarummaa qabachuu isaanii haqummaa muriti kennamuu irratti dhiibba mataa isaa uumaa jira.

Kana malees, ragaaleen mana qopheessaa fi Waajjira bulchiinsa lafaa fi eegumsa naannoo irraa lafa tokko irratti kaartaa lama kennuu, lafa shallaganii mana murtiif akka ergan yeroo ajajaman raga sobaa barreessuun ni mul'ata<sup>83</sup>

Qormaata COC osoo hin darbiin raga sobaan hojii fayyaa irratti ramadamuu, qabxii kutaa 10ffaa sobatti jijjiiru, dipilooma sobaan qacaramuu, hayyama konkolachisummaa sobaa qabatani qaxaramuu.<sup>84</sup>

Af-gaaffii taasifameen dabalataan bar-gaaffii waliitti qabameenis ragaa sobaa barreeffamaa irratti hanqinaaleen kan jirani fi qorannoon kan barbaachisu ta'uun isaa ibsameera. Hanqinaaleen bar-gaaffiin ka'an keessaa: Ragaan sobaa karaa gandaa, bulchiinsa magaalaa, hospitaala buufata fayyaa fi kkf kennamaa kan jiran ta'uu, Ragaa sobaa qulqulleessuun adabsiisuun sadarkaa barbaadamu irra gahuu dhabuu, Hoospitaalootni baay'een qaamolee feedaraalaa jala waan bulaniif yeroo ragaa sobaa kennan tarkaanfii isaan irratti fudhachuun rakkisaa ta'uu fi Raagaalee waliitti bu'an qaamolee adda addaa irraa dhiyaachuu kan jedhan isaan muraasa dha.

Kanaaf, xiinxala armaan olii taasifameerraa akka hubatamu ragaan barreeffamaa qaamolee haqaa garagaraa (waajjiraa fayyaa, qaamolee raawwachiftuu fi qaamolee haqaa) garagara irraa kennaman keessaa ragaawwan qulqullina hin qabnee fi sobaan kennaman waan jiraniif kenninsa taajaajila haqaa irratti danqaa ta'uutti jiru. Kana waan ta'eef ragaa sobaa barreeffamaa irratti qorannoo gaggeessuun barbaachisaa dha.

## **2. Rakkoowwan Wixinee Seeraa, Adeemsa Seera Baasuu fi Hojirra Oolmaa Seeroota Caffee Bahan Walqabate Rakkoowwan Mul'atan**

Seerri tokko yeroo wixineeffamu adeemsa mataa isaa kan qabuu fi kaayyoo mataa isaa kan qabu ta'uun isaa ifa gala dha. Haa ta'u malee, yeroo seerri tokko bahuu adeemsa deemamuu qabu keessa darbuun yoo tumamuu baate kaayyoo yaadamee fi fedha hawaasaa guutuu hin danda'an

---

<sup>83</sup> Af-gaaffii Obboo Diinagdee Toliisaa, Pireeziidantii Mana Murtii Aanaa Sayyoo waliin gaafa 14/12/06 taasifame

<sup>84</sup> Af-gaaffii Itti aanaa Koomandaraa Nuurasaa Akkaanaa Gabaabee, Qajeelcha Poolisii G/Qeellam Wallaggatti Abbaa Adeemsa Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu, Waliin Gaafa 14/12/06 taasifame

Xiinxala daataa af-gaaffii taasifameerraa fi yaadota dabalataa bar-gaaffii keessatti ibsaman irraakan hubatamu seerootni akka naannoo keenyatti bahan hanqinaalee tokko tokko kan qaban ta'uun yaada ogeessota haqaa garagara irraa funaanameerraa hubatamuun ni danda'ama. Isaanis, seeroota jiraniif dambii fi qajeelfama baasuu yommuu ta'u seerii tokkoo hojiirraa oluu kan dandaa'u seeroota raawwachiisanni ta'uun isaa ifa yoo ta'eelee labsiileen caffeehaan tumaman baay'een isaani qajeelfama fi dambiidhaan yommuu deegraman hin mul'atu,<sup>85</sup> qaamoonni dhimmi ilaalu mari'achuu dhabuu, Seeroonni qaamoota raawwachiisan bira gahuu dhabuu<sup>86</sup>, wixinee seroota irratti qaamooleen haqaaf beektoonni adda addaa akka irratti mari'atan gochuu dhabuu.<sup>87</sup> Dabalatanis seroonni yeroo wixineeffaman heera fi seroota sadarkaa sadarkaan jiran biroo yaada keessa galchuu dhabuu,<sup>88</sup> Akkaataa seerri itti wixinaa'u irratti dambiinii fi qajeelfamni dhabamuu, gama biraatiin seroonni keenya yeroo bahan faayidaa waligalaa hawaasaa osoo hin taanee rakkina tokko qofa irratti xiyyeeffatuu kanumarraa kan ka'e seeroota hojitti hiikamuu hin dandeenye baasuu.<sup>89</sup> Namoonni gama kanaan akka seera wixineessaniif sadarkaa adda addaa irratti ramadamanis dandeettiif ogummaa gahaa kan hin qabne ta'u.<sup>90</sup>

Kana malees, Labsiileen bahan dambii kan hin qabnee ta'uu isaani fi kan qabanis ofumaa kan walitti bu'an ta'uu fkn labsii lafa baadiyyaa fi dambii isaa.<sup>91</sup> Dhimmoota seera irratti baasuuf aangoo hin qabne irratti baasuu, hiikkaan afaan seeroota ittiin maxxanfaman waldiduu fi seroonni bahan qaawwa qabaachuu dha.<sup>92</sup> Seeroonni naannoo keenya adeemsa seera baasuu kan hin hordofneef seeroonni bahanis heera mootummaan kan walitti bu'an fi hanqina iftoomina qabani irraa salphatti hubachuuf rakkisoo ta'uun ni mul'ata. Dabalatanis yeroo bahan duudhaa hawaasa osoo ilaalcha keessa hin galchiniif faayidaa gara fuula duraa hin ilaaliin bahuun hanqinoota gamakanaan eeraman keessa dha.<sup>93</sup> Manneen hojii qaama raawwachiiftuu wixinee Biiroo Haqa

---

<sup>85</sup> Af-gaaffii obbo Mallasaa Abaayneh miseensa koree dhaabbii dhimma seera waliin gaaffaa 07/12/2006 taasifame.

<sup>86</sup> Af-gaaffii dajanee Amiin Adam Hussein Jirruu Kabbadaa Ina. Edasoo kadiir Girmaa Lammaafi yaada bar-gaaffiin sassaabame irraa

<sup>87</sup> Af-gaaffii Obboo Kabbada Giddumaa, Pireezidaantii MM aanaa Fantaallee, gaafa 22/12/2006 taasifame. fi Af-gaaffii Obboo Iyoob Dastaa, Itti/Gaafatamaa WH aana Dugdaa, gaafa 26/12/2006 taasifame.

<sup>88</sup> Af-gaaffii obbo Mallasaa Abaayneh miseensa koree dhaabbii dhimma seera waliin gaaffaa 07/12/2006 taasifame fi yaada bar-gaaffiin sassaabame irraa

<sup>89</sup> Akkuma oliitti

<sup>90</sup> Akkuma oliitti lakk.88.

<sup>91</sup> Akkuma oliitti lakk.88

<sup>92</sup> Akkuma oliitti lakk.88

<sup>93</sup> Akkuma oliitti lakk.88

Oromiyaatti yeroo fidan barabaachisummaa isaa qorannoon deeggarnii dhiyeessuu dhabuu. Gama Biiroo Haqaatiin namoota dandeettii fi ogummaa Afaan Ingiliiffaa qaban ramaduu irratti haqina kan qaban ta'uu fi Wixinee seera qopheessuu irratti Maandeettiin Biiroo Haqaa fi Waajjira Pireezidantii waliirratti bu'uun rakkolee gama kanaan mul'atan keessa dha.<sup>94</sup>

Kana malees, daataa bifa bar-gaaffiin waliitti qabamee irraa akka hubatamu seera wixineessuu waliin wal-qabatee hanqinaaleen bal'aa kan jiran ta'uun hubatameera. Isaanis, Seerotni bahan yeroo baay'ee akka fooyya'an ta'uun isaanii adeemsi seera baasuu bilchina kan hin qabne ta'u agarsiisa. Akkaataa seerri itti wixinaa'u irratti dambiinii fi qajeelfamni dhabamuu, Dambii irratti adabbii kaa'uu, Hikkaan afaan garagaraan hojjataman adda addaa ta'uu kan jedhanii fi kkf dha.

Kanaaf, seerotni wixineeffaman kaayyoo yaadame guutummaan guutuu galma kan gahan akka ta'anii fi haanqinaalee armaan oliitti ibsaman furuuf adeemsa seera wixineessuu caffee irratti qorannoo gaggeessuun barbaachisaa dha.

### 3. Qorannoo Fooreensiikii

Yakkoota ciccimoo ta'an qorachuun murtii haqaa akka kennamu taasisuuf sirna qorannaa cimaan barbaachisaa dha. Sirna qorannaa kanneen keessaa tokko qorannaa fooransiikiin tokko dha. Kanaaf, yakkoota keessattuu ciccimoo ta'an qorachuuf qorannoon fooransiikii murteessaa dha. Haa ta'u malee, akka naannoo keenyatti kallattii kanaan hanqinaaleen garagaraa kan mul'atan ta'uu daataa bifa bar-gaaffii fi af-gaaffiin waliitti qabamee irraa ni hubatama.

Daataa af-gaaffiin waliitti qabame ilaalchisee qorannoo fooransiikii ilaalchisee bu'aan ragaa qorannaa ifa ta'uu dhabuu akkasumas murtii kennisiisuufis ta'e dhugaa baasuu kan nama danaddeesisuu ta'uu dhabuu.<sup>95</sup> Kana malees, ragaan yeroodhaan waan hin arganneef si'oomina galmee irratti rakkoo uumaa jira.<sup>96</sup> Hojichaaf meeshaaleen fayyadan hundi waan hin jirreef hojiirra oolchuu irratti rakkoon ni jira.<sup>97</sup> Hanqinni jiddu galeessa qorannoo waan jiruuf qorannoon

---

<sup>94</sup> Af-gaaffii Obboo Magarsaa Addunyaa Goonfaa, Hogganaa Waajjira Haqaa G/Shawaa Lixaa waliin gaafa 20/12/06 taasifame

<sup>95</sup> Af-gaaffii Obboo Jaabir Nuuree, B/B Pri/MMO God/Harargee Bahaa, gaafa 12/12/2006 taasifame.

<sup>96</sup> Af-gaaffii Obboo Jaabir Nuuree, B/B Pri/MMO God/Harargee Bahaa, gaafa 12/12/2006 taasifame.

fooreensiikii dhaqabamaa mitii.<sup>98</sup> Haala qabiinsa fi funaansa raga forensiikii irrattattis rakkoon hubannoo fi hojmaataa ogeessota qaamolee haqaa, poolisii biratti ni mul'ata.

Daataa bar-gaaffiin waliitti qabame ilaalchisee qorannaa fooransiikii waliin wal-qabatee hanqinaaleen garagaraa kan jiran ta'uun ka'eera. Isaanis, Sababa qorannoon kun hin jirreef shakkamtoota yeroo dheeraa tursiisuu, Qorannaa fooransiikii keessatti rakkoon naamusaa ni mul'achuu, Dhaqqabamaa ta'uu dhabuu, Bu'aan isaa duchaa ta'uu isaan mana murtiitti akka ragaatti gargaaruu dhabuu fi kkf jedhan hanqinaalee mul'atan akka ta'an bar-gaaffii waliitti qabameerraa hubatameera.

Kanaaf, sirni qorannoo fooransiikii cimaan akka jiraatu rakkoowwan gama qorannaa fooransiikiin jiru irratti qorannoo gaggeessuun barbaachisaa akka ta'e daataa bifa bar-gaaffii fi af-gaaffiin waliitti qabameerraa hubachuun ni danda'ama.

#### 4. Raawwii Seera Liizii

Seerota bulchiinsa lafaa waliin wal-qabatanii tumaman keessaa seerri liizii tokko dha. Liizii waliin wal-qabatees labsiin, dambiinii fi qajeelfamni kan jiru ta'uus isaan seerotni kunneen haalaan hojjiirra oolaa hin jiran darbees seerotni kunneen hanqinaalee garagaraa kan qaban ta'uun daataa bar-gaaffii fi af-gaaffiin waliitti qabameerraa hubatameera.

Daataa bifa af-gaaffiin waliitti qabameen Seerri liizii qaamolee bulchiinsaatiif aangoo bal'aa kan kennaf qaamoleen kunneen ammo aangoo isaanii ala bahuun kan hojjachaa jiran dha. Dabalataniis Aanaaleen labsii liizii jala hin galle akkaataa labsii kanaan tarkaanfii fudhachaa jiru.<sup>99</sup>Kunis, hojjiirra oolmaan seerri liizii kun hanqina kan qabu ta'uu isaa agarsiisa. Gaheen qaama raawwachiiftuu fi kan mana murtii ifa ta'e taa'uu dhabuun isaa Aangoo qaamolee adda addaa gama liiziin jirus hubachuu irratti rakkoo uumee jira.<sup>100</sup>Yeroo Caalbaasiin liizii bahuu lafa

---

<sup>97</sup> Af-gaaffii Obboo Jibriil Jamaal, Itti/Gaafatamaa WH aana/meettaa, gaafa 14/12/2006 taasifame

<sup>98</sup> Af-gaaffii obbo.Eebbisaa Asaffaa Ho/Q/Poolisii Godina Jimmaa waliin gaafa 15/12/2006 taasifame

<sup>99</sup> Af-gaaffii Obboo Jaabir Nuuree, B/B Pri/MMO God/Harargee Bahaa, gaafa 12/12/2006 taasifame.

<sup>100</sup> Af-gaaffii Obboo Dajanee Waaqumaa, B/b Itti/Gaafatamaa WH aanaa Baabbilee, gaafa 13/12/2006 taasifame.

liiziif dhiyaachuu qabu dhooksuun akka qabamee fakkeessuun ibsuu.<sup>101</sup> Gama biratiin immoo namootni yakka liiziin himatamanii sadarkaa adda addaatti haala wal-fakkaatuun keessummaa'uu dhabuu. Namoonni erga kanfalttii liizii raawwatanis lafti yeroodhaan harka gahuu dhabuu<sup>102</sup> Dambii fi qajeelfamni tumamuu labsiicha waliin wal-simmuu dhabuu.<sup>103</sup> Koreewwan komii dhaggeeffatam liizii waliin wal-qabatani hundeeffamuu akka qaban seerichi ni kaa'a yoo koreewwan kun jiraachuu baatan adeemsi akkamii hordofamu qaba kan jedhu irratti osoo qorannoon gaggeeffame.<sup>104</sup>

Daataa bifa bar-gaaffiin waliitti qabameen seera liiziin wal-qabatee hanqinaaleen kan mul'atan ta'uun ibsameera. Isaanis, Labsichii iftoomina gahaa kan hin qabne ta'uu, Hojmaata haaraa waan ta'eef hawaasa keessatti qixa barbaadamuun akka beekamuu fi rakkoowwan sababa hoj-maatichi haaraa ta'eef jiran akka furaman taasisuu dhabuu, Dambii liizii fi qajeelfama liizii naannoo oromiyaa irratti hanqinni adda addaa jiraachuu, Dhimmootni yakkaa seera liizii waliin wal-qabatani kan raawwaataman ta'uu, Raawwii liiziin wal-qabatee naannoo Oromiyaa keessatti rakkoon naamusaa fi dandeetti kanmul'atu ta'uu fi Hubannoon qaamolee haqaa wal-fakkaataa ta'uu dhabuu jedhan hanqinaalee gama kanaan ka'anii dha.

Kanaaf, yaadota ogeessota adda addaa irraa argame kanarraa akka hubatamuutti labsii liizii hojii irra oolchuu waliin wal-qabatee hanqinni hubannoo, dambiif qajeelfamaa akkasumas, rakkoon naamusaa ogeessota qaamolee garagara bira kan jiru waan ta'eef hanqinaalee kana furuun adeemsi liizii haqa qabeessa fi seera kan hordofe akka ta'u qorannoo gaggeessuun barbaachisaa dha.

## **5. Dhimma Hariiroo Hawaasaa Keessatti Gahee A/A**

Abbootiin alangaa dhimmoota yakkaa fi dhimmoota hariiroo hawaasaa keessatti hirmaannaa kan qaban ta'uu seerota garagaraa keessatti ibsamaniiru. Dhimmoota hariiroo hawaasaa keessatti gaheen abbaa alangaa maal ta'uu qaba kan jedhu kan haguuguu sirni diriirfame hin jiru.

---

<sup>101</sup> Af-gaaffii Obboo Kabbada Giddumaa, Pireezidaantii MM aanaa Fantaallee, gaafa 22/12/2006 taasifame

<sup>102</sup> Yaada bar-gaaffiin sassaabame irraa

<sup>103</sup> Akkuma oliitti.

<sup>104</sup> Af-gaaffii Obboo Diinagdee Toliisaa, Pireeziidantii Mana Murtii Aanaa Sayyoo waliin gaafa 14/12/06 taasifame

Kanarraa kan ka'e hanqinaaleen addaa kan jiran ta'uun daataa bifa bar-gaaffii fi af-gaaffiin waliitti qaban irraa hubachuun ni danda'ama.

Af-gaaffii taasifameen dhimmoota dantaa mootummaa ta'an irratti A/A dhimmoota hariiroo hawaasaa keessa galee falmachuu akka danda'u seera irra taa'e jira. Haa ta'u malee, waliitti dhufeenyi abbaa alangaa fi waajjirri mootummaa sun dhimma isaaf **Abbaan Alangaa** dhaabbatuuf maal ta'u akka qabu sirni diriiree hin jiru. Abbaan alangaa fedhii waajjiraa fi qaama dhimmi ilaaluun hojjachuu qaba moo? Rakkoo fi kasaaraa sanaan wal-qabatee jiruuf eenyuutu itti gaafatama? Baasii abbaa alangaa fi hojjichaaf barbaachiisuu eenyuutu haguuga? Hojii kana abbaa alangaa dhimma yakkaa ilaalutu ilaala moo? Abbaan alangaa dhimma kanaaf ramadamee taa'u ni jira? Abbootiin alangaa dhimmoota yakkaarratti malee dhimmoota hariiroo hawaasaaf dhaabbatanii falmuuf hangam gahuumsa qabu?<sup>105</sup>

Abbaan alangaa dhimmoota hariiroo hawaasaa keessa galee falmachuu kan qabu ta'uu isaa JBAH keessattis kan tumame ta'uus kun haala maaliin raawwatamuu qaba kan jedhu haala gad-fageenyummaa qabuun hin ibsamne.<sup>106</sup> Akka waligalatti seeraan A/A dhimma hariiroo irrattis Aangeefamus;<sup>107</sup>

- Adeemsi mataa ufii danda'e jiraachuu dhabuun
- Kanfaltii abbaa seerummaan wal qabatee hojmaanni sirrii ta'e jiraachuu dhabuun

---

<sup>105</sup> Af-gaaffii Obboo Miliyoon Wandaafraash, Itti/Gaafatamaa WHG Harargee Bahaa, gaafaa 12/12/2006 taasifame fi Af-gaaffii Obboo Dajanee Waaqumaa, B/b Itti/Gaafatamaa WH aanaa Baabbilee, gaafa 13/12/2006 taasifame.

<sup>106</sup> Af-gaaffii Obboo Iyoob Dastaa, Itti/Gaafatamaa WH aana Dugdaa, gaafa 26/12/2006 taasifame.

<sup>107</sup> Af-gaaffii obboo Isheetuu gizaw Obboo Isheetuu Gizaaw ,hoogganaa waajjira haqaa Aanaa Goobbaa waliin gaafa guyyaa 20/12/2006

Af-gaaffii obboo Galatoo Annoota adeemsa qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa fi B/B hooggana waajjira haqaa Aanaa Arsii Nageellee waliin gaafa guyyaa 12/12/2006

Af-gaaffii Insp. Edaasoo BaatiiInsp.Edaasoo Baatii abba adeemsa kutaa qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira poolisii Aanaa arsii Nageellee waliin gaafa guyyaa 12/12/2006

Af-gaaffii Obboo Kabbadaa Yaa'ii Hoogganaa waajjira haqaa godina Baalee waliin gaafa guyyaa 19/12/2006

Af-gaaffii Obboo Amiin Aadam, Hoogganaa wajjira haqaa godina arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 14/12/2006

Af-gaaffii Obboo Hussein Jirruu,B/B Pireezidaantii mana murtii ol'aanaa godina arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 14/12/2006

Af-gaaffii Obboo Salamoona Taaddasaa Hoogganaa waajjira haqaa Aanaa Sinaanaa waliin gaafa guyyaa 20/12/2006

- Baasii fi kasaaraa ilaalchisee waanti ifaan kaa'ame jirachuu dhabuun
- Waraqaa yaamichaa eenyutuu dhaqabsiisa akkasumas murtii booda raawwii eenyutuu dirqamaa<sup>108</sup>

Qabxiileen jedhan akka rakkinnaatti ilaalamuu kan danda'an ta'uun isaanii af-gaaffii taasifameerraa hubatameera.

Kana malees, bar-gaaffii waliitti qabameen ijoo seeraa kanarratti hanqinaaleen kan jiran ta'uun hubatameera. Isaanis, Abbaan alangaa dhimmoota hariiroo hawaasaa keessa galee akka hin falmanne muuxannoon gahaa dhabuu, sirna waamichi itti qaqqabsiifmu irratti hoj-maatni diriire dhabamuu kan jedhuu fi Qajeelfamni akka biirootti osoo baheedhabamuun hanqinaalee bar-gaaffiin ibsamani dha.

Kanaaf, barbaachisummaan abbaa alangaa dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa uummataa waliin wal-qabatan irratti murteessaa ta'uun isaa seeraan erga tumame haala maaliin qabatamaatti hojiirraa ooluu qaba kan jedhu irratti qorannoo gaggeessuun adeemsicha sirnaawaa taasisuun barbaachisaa waan ta'eef mata duree kana irratti qorannoo gaggeessuun barbaachisaa dha.

## 6. Rakkoolee Naamusa Ogeessoota Qaamoole Haqaa

Tajaajila haqaa keessatti naamusni ogummaa baay'ee murteessaa dha. Naamusa qaamolee haqaa waliin wal-qabatee waantootni hojjataman kan jiran ta'uus rakkoon naamusaa kun haala barbaadamurra hin geenye kanaaf gama kanaan wanti hanqatu waan jiruuf osoo qorannoon gaggeeffame kan jedhu yaadota ka'an keessaa kan eeramu dha.<sup>109</sup>

Rakkooleen naamusaa kunis haala garagaraan kan mul'atan akka ta'an xiinxala taasifameerraa hubachuun ni danda'ama. Kunis firoominaan akkasumas loogiidhaan hojjachuu gama biraatiin keewwattota seeraa haala hin malleen jijjiiru fi kkf kan hammatuu dha.<sup>110</sup> Kana malees, rakkoon kun rakkoo dandeettii waliin wal-makee kan jiruu fi adda baasuun isaa rakkisaa yeroo itti ta'u

<sup>108</sup>Marii Abbootii Alangaa Waajjira Haqaa Go/shawaa Lixaa wajjin taasifame irraa yaada walitti qabame

<sup>109</sup>Af-gaaffii obbo Damoozee Maammee PMMWO waliin gaafa guyyaa 06/12/2006

<sup>110</sup> Af-gaaffii Obboo Dajanee Waaqumaa, B/b Itti/Gaafatamaa WH aanaa Baabbilee, gaafa 13/12/2006 taasifame.



kan jiru akka ta'e af-gaaffii taasifameeraa hubatameera.<sup>111</sup> Gama waajjira poolisiin rakkoon naamusaa kun immoo namoota callisanii hidhuu fi gadhiisuun ni mul'ta.<sup>112</sup>

Koreewwan inspeekshinii haala barbaadamuun naamusa irratti hojjachuu dhabuu innis namootni naamusaa akka to'atan rammadaman mataa isaaniitiin rakkoo naamusaa qabaachu, rakkoo naamusa qulqulleessuuf gahumsaa dhabuu, fi dandeetti raawwachiisummaa dhabuu akkasumasNaamusni leenjii gahaan deeggaramu dhabuun rakkoowwan gama kanaan mul'atan keessaa muraasa dha.<sup>113</sup>

Dabalataan koodiin naamusa abbootii seeraa ogeessota badii naamusaa raawwataniif adabbii gahaa kennuu dhabuu fi sirni itti gaafatamummaa ofiseeroota seeraa qarshii mootummaa fudhatanii badan haalaan tumamee kan hin jirree ta'uun rakkoo gama kanaan ka'uu danda'uu dha.<sup>114</sup>

Qaamolee haqaa biratti hanqinni naamusaa kallattii garagaraan kan mul'atu akka ta'e xiinxala taasifameerraa kan hubatamuu dha. Rakkoon naamusaa kunis taajajila haqaa qaamoleenhaqaa kun kennaniif hudhaa cimaa waan ta'eef madda rakkoo kanaa xiinxaluun naamusni qaamolee haqaa akka fooyya'u taasisuun barbaachisaa waan ta'eef mata duree kanarratti qorannoo gaggeessuun barbaachisaa dha.

## **7. Waliigaltee Hojjataaf Hojjachiisaa**

Waliitti dhufeenya hojjataa fi hojjachiisaa bulchuuf seerri hojjataa fi hojjachiisaan tumamee jira. Haata'u malee, seera kana hojiirra oolchuu waliin hanqinaaleen garagaraa gama qaamolee haqaa fi dhaabbattoota garagaraan kan mul'atu ta'uun isaa daataa bifa bar-gaaffii fi af-gaaffiin waliitti qabameerraa hubachuun ni danda'ama.

Af-gaaffii taasifameen waliigaltee hojjataa fi hojjachiisaa ilaalchisee yeroo qacarriin raawwatamu warshaalee adda addaa keessatti raawwatamu akkaataa seerri jedhuun ulaagaa

---

<sup>111</sup> Af-gaaffii Obboo Dajanee Waaqumaa, B/b Itti/Gaafatamaa WH aanaa Baabbilee, gaafa 13/12/2006 taasifame.

<sup>112</sup> Af-gaaffii Obboo Dajanee Waaqumaa, B/b Itti/Gaafatamaa WH aanaa Baabbilee, gaafa 13/12/2006 taasifame.

<sup>113</sup> Af-gaaffii Obboo Mahaammad Abdumajiid, Pireezidaantii MM aana/meettaa, gaafa 14/12/2006 taasifame.

<sup>114</sup> Af-gaaffii Obboo Amsaaluu Olaanii Dhugumaa, Pireezidantii M/M/O/G/shawaa Lixaa , gaafa 20/12/06 taasifame

seeraa haala guuteen kan dhaabbii fi yeroo jechuun akkasumas gahee hojii isaanii ibsuun kaa'uu irratti hanqin ni jira. Kanarra kan ka'ee mana murtii biratti dhimmoota kana keessummeessuu waliin wal-qabatee rakkooleen uumamaa jiru.<sup>115</sup> Kana malees miidhaa hojiirra gahuu waliin wal-qabatee rakkooleen garagaraa ni jiru. Yakkootni fi miidhaawwaan warshaalee adda addaa keessatti raawwataman gara qaamolee seeraa akka hin deemne taasisuun, yoo darbee dhufe namoota ragaa ta'ani dhaqan hojiirraa dhaabsiisuun ni jira. Ogeessotni seeraa isaanii akkaataa seeraan akka hin hojjanne taasisuun fa'a ni mul'ata.<sup>116</sup> Boordiin waan hundaa'ee hin jirreef dhimma boordiin ilaalamu qabu koreedhaan ilaalluun dhiyyeessuu.<sup>117</sup> Kana malees, akkaataa sanadoota idil addunyaatti hojjachuu waliin wal-qabatee hanqinni kan jiru waan ta'eef dhimmi kun qorannoo kan barbaadu akka ta'e ibsameera.<sup>118</sup> Waliigalteen akkaataa seeratiin hin taasifamu. Akkaataa kaffatiin (severance payment) herreegamu irratti, kwt 43/3 kaffaltii kam faa hammata? Boqonnaan waggaa kuufamee waliigalteen yoo citu kan waggaa lama ol kaffalamuu ni danda'aa? Garaagarummaa qaxarii kwt 9fi 10 gidduu jiru addaan baasuu irratti. Dhimma kana ilaalchisee ragaan kan hubachisu hiamataadhamoo himatamaadha? Darbiinsa yeroo waggaa 3 jedhu fi inni waggaa ifa miti dhimmaan deeggaramee osoo hubachiifamee. Faayidaan miidhaa qaama dhaamoon akkamitti darbuu danda'a? kan jedhu irratti qorannoon kan barbaachisu akka ta'e af-gaaffiin ka'eera.<sup>119</sup>

Kana malees, bar-gaaffii waliitti qabameen seera hojjataa fi hojjachisaa ilaalchisee hanqinaaleen garagaraa kan jiran ta'uun hubatameera. Isaanis, Dhaabbatni hojjachisuu waa'ee seerichaa hubannoo dhabuu, Kaffaltii *provident fund* kaffalchiisuu ilaalchisee hanqinni jiraachuu, Mirga hojjattootaa ILO fi kan biroo biyyattiin raggasifte waliin yeroo ilaalamu hanqina qabaachuu, Boordiin gaaffii dhimma waliinii ilaallatu gad-bu'uu dhabuu, Kaffaltii hojiirraa gaggeeffamuu haala wal-fakkaataan kaffalamuu dhabuu, Hojjachiisaan hojjattota umuriin isaanii hin geenye qacaruu fi kkf hanqinaalee mul'atanii fi qorannoo barbaadan akka ta'an eeramaniiru.

---

<sup>115</sup>Af-gaaffii Obboo Bojaa Taaddasa Itti/Aanaa Pireezidaantii MMWO, gaafa 07/12/2006 taasifame.

<sup>116</sup>Af-gaaffii Obboo Kabbada Giddumaa, Pireezidaantii MM aanaa Fantaallee, gaafa 22/12/2006 taasifame.

<sup>117</sup>Af-gaaffii Obboo Diinagdee Toliisaa, Pireeziidantii Mana Murtii Aanaa Sayyoo, gaafa 14/12/06 taasifame

<sup>118</sup>Af-gaaffii Obboo Amsaaluu Olaanii Dhugumaa, Pireezidantii M/M/O/G/shawaa Lixaa, gaafa 20/12/06 taasifame

<sup>119</sup>Af-gaaffii Obboo Hordofaa Toleera, Pireezidantii M/M/O/G/Qeellam Wallagaa, gaafa 13/12/06 taasifame

Kanaaf, akkaataa seeratiin waliigaltee hojjataa fi hojjachiisaa raawwachuu dhabuunii fi sababa rakkoowwan garagaraa warshaa keessatti uumamu irraa kan ka'e mirgi hojjattotaa irra dhibbaa uumaa jira kana malees, qaamolee haqaa biratti heddummini dhimmootaa akka jiraatu taasiseera waan ta'eef dhimma qorannoo barbaadu dha.

#### **8. Daangaa fi Walitti Dhufeenya Hoji Bulchiinsa Mana Murtii fi Bulchiinsa Dhimmaa**

Hojiin mana murtii galma akka gahuu hojii bulchiinsa dhimmaa fi hojiin bulchiinsa mana murtii baay'ee murteessaa dha. Daangaa hojii bulchiinsa dhimmaa fi mana murtii adda baasuun hojjachuun bu'aa qabeessummaa mana murtiif baay'ee murteessaa dha. Haata'u malee, gama kanaan hanqinaaleen kan jiran ta'uun xiinxala taasifameerraa hubachuun ni danda'ama. Isaanis,

Akka biyya keenyaa fi naannoo keenyaa qajeelfamootni, dambiileenii fi seerotni waa'ee daangaa hojii hoggansaa preezidaantii mana murtii fi hojii abbootii seeraa ilaalchiisee haala gahaa ta'een tumamanii hin jiran.<sup>120</sup> Kanarraa kan ka'e hojjiin bulchiinsa mana murtii fi bulchiinsa galmeedha walitti makamee jira.<sup>121</sup>

Kanaaf, daangaa hojii abbaa seerummaa fi hojii bulchiinsa mana murtii haala ifa ta'een adda baasanii kaa'uun adeemsa kenna tajaajila haqaa sirnaawaa taasisuun waan barbaachisuuf mata duree armaan oliitti eerame kanarratti qorannoo gaggeessuun barbaachisaa dha.

#### **9. Hojirra Oolmaa Kominiitii Poolisiingii**

Koominiitingii poolisiin hawaasa keessatti yakkii akka hin raawwatamne taasisuu keessatti gahee guddaa kan taphatu dha. Haata'u malee, sakatta'aa taasifameerraa akka raawwii isaa irratti hanqinaaleen garagaraa kan jiran ta'uun hubatameera. Kunis, bakka tokko tokkootti koominiitingii poolisii kaayyoo isaati ala fayyadamuun jira fkn (bakka hidhaa taasisuu). Ogeessotni achirratti hojjatan kaayyoo isaa baruu dhabuu. Bakka tokko tokkootti yakka ilaaluutti argamu jiru. Caasseeffamni isaa hojjattootaaf mijataa ta'uu dhabuu kanarraa kan ka'e hojjattotni gadhiisuun ni jira.<sup>122</sup> Koominiitingii poolisiin kaayyoon isaa yakka salphisu ta'ee osoo jiru gama kanaan bu'aan argame baay'ee xiqqaa waan ta'eef dhimmi kun osoo sakatta'aman yaadotni

---

<sup>120</sup> Af-gaaffii Obboo Bojaa Taaddasa Itti/Aanaa Pireezidaantii MMWO, gaafa 07/12/2006 taasifame.

<sup>121</sup> Af-gaaffii Obboo Amsaaluu Olaanii Dhugumaa, Pireezidantii M/M/O/G/shawaa Lixaa , gaafa 20/12/06 taasifame

<sup>122</sup> Af-gaaffii Obboo Makonnin Shallama, Ab/ad/Ho/Quo/Yakkaa fi Mu/ha/Ke, God/Harargee Bahaa, gaafa 12/12/2006 taasifame.

jedhan ka'aniiru.<sup>123</sup>Kana maleef, bar-gaaffii waliitti qabameen koominiitingii poolisii waliin wal-qabatee hanqinaaleen kan jiran ta'uun ka'eera. Isaanis, Hojiin koominuyiitii poolisii bu'aa argamsiisaa kan jiru ta'uus beekamtii seeraa fi Poolisootni achiirra hojjatan rakkoo naamusaa qabaachuu jedhanii fi kkf dha.

Kanaaf, koominingiin poolisiin yakka ittisuu keessatti gahee guddaa kan taphatu waan ta'eef akkaataa raawwii isaa ilaalchisee deeggarsa seeraa akka qabaatuu fi kaayyoo isaa akka galma gahu taasisuuf qorannoo gaggeessuun hanqinaalee gama kanaan jiran furuun barbaachisaa dha.

## **Dhimmoota Qorannoon Akka Irratti Gaggeeffamu Akeekaman Biroo**

Mata dureewwan bar-gaaffiin tarreeffaman irratti dabalataan bar-gaaffii fi af-gaaffii taasifameen mata dureewwan qarannoon biroo ka'anii fi gara fuula duraatti inistitiyuutichi irratti hojjachuu qabu akka armaan gadiitti ibsamani jiru. Isaanis,

### **1. JBHA ilaalchisee**

JBAH'n fi seerotni garagaraa yeroo wal-bira qabamani ilaalaman kan waliitti bu'an fakkaatu waan ta'eef dhimmoota kana irratti osoo qorannaan gaggeeffame yaadni jedhu ka'eera. Hanqinaalee gama kanaan mul'atan keessaa Istaandardiin seerri tumee fi JBHA'n qoratame gargara ta'uun isa tokkoodha. Fakkeenyaaf, falmiin dhirsaa fi niitii hangaa ji'a sadii turuu akka danda'u seerritumeera. JBHA'n immoo ji'a lama keessaatti dhumuu akka qabu olkaa'a, Caalbaasii ilaalchisee yeroon seeras ta'e kan JBAH irra taa'e itti darbu jira, falmii Afaanii fi ragaa fuudhuun – yeroo dheearaa fudhachaa jira, gahee Ofisara seeraan wal-qabatee- waa'ee *qarshii imaanaa* ilaalchisee JBHA'n waan inni jedhu hin jiruu waan ta'eef osoo dhimmoota kanarratti qorannoon gaggeeffame.<sup>124</sup>

### **2. Hojjirra Oolmaa Heerafi Seera Irratti**

Dhimma kana biiroon haqaa akka toora xiyyeeffannaa tokkotti qabateera. Kanaaf, seerri akkaataa immaataafi heeratti bahaa jira moo miti? Seronni bahan Heeraa fi imaammataan walitti

---

<sup>123</sup>Af-gaaffii Obboo Itti/Aanaa/Inspeektaraa, Abdallaa Mohaammad, B/B Ab/ad/Ho/Qo/Yakkaa fi Mu/ha/Kennisisaa Aanaa Baabbilee, gaafa 13/12/2006 taasifame.

<sup>124</sup> Af-gaaffii Obboo Diinagdee Tolisaa, Preezidantii Mana Murtii Aanaa Sayyoo, gaafa 14/12/06 taasifame

bu'u moo miti? Kan bahan hojira oola jiru moo miti? Kan jedhan dhimma qorannoo barbaaduu dha.<sup>125</sup>

### 3. Caaseeffama Biiroo Haqaa

Caaseeffama yookiin gurmaa'iina Biiroo haqaa irratti qorannaan gaggeeffamuu qaba. Aangoon Abbaa Alangummaa Waajjiraalee adda addaatiif kennammera. Alangaa waliigalaa hojii fi bulchiinsa Abbaa Alangummaa hunda bakka tokkotti hogganu jiraachuu qaba. Itti gaafatamuummaafi bilisummaa Abbaa Alangaa irratti qorannaan taasifamuu qaba yaadni jechu ka'eera.<sup>126</sup>

Qabxii biraa akka qoratamu barbadame waa'ee gurmaa'inafi sirna faayidaafi mirga Abbootii Alangaa qorachuun qaama ilaalatuuf dhiyyeessu akka ta'e hubatmeera. Gurmaa'inniifi sirni isaa laafaadha. Humni namaa adeemsa kana keessa jiran hedduun isaanii hojjetoota bulchiinsaatti. Caasaan gahuumsa qabu kan Abbootiin Alangaa dhaabbatan keessatti hirmatanii hin jiru. Kanaaf, faayidaa A/Alangaa qoratani dhiyyeessuu irratti haqinni ni jira. Caasaan hojjeeta bulchiinsaa yeroo sadi hojjeetameera. Mindaan ka'uumsa Abbootii Alanagaa bara 1998 hojjetme. Ergasii hin hojjetamne. Kanaaf qaamni sirna mirgaafi faayidaa Abbootii Alangaa eegsiisu qoratee diriirsuufi kabachiisu cimuu qaba<sup>127</sup>

Danbiin Ittiin bulmaata irraa caalaa isaa dirqama Abbaa Alangaa ka'aa. Mirgaafi faayidaa Abbaa Alangaa kaa'uu irratti hanqina qaba. Qajeelfamni mirgaa fi faayidaa A/Alangaa eegisiisu jiraachuu qaba. Dhimma naamusaa ilaalchisee keessattu mirga ofirraa ittisuu Abbaa Alangaa Balleessaa naamusaa raawwate ilaalamuu qaba. Caasaan hordoofii fi too'annaa (inspection) sadarkaa Godinaatti hin jiru qoratamee gad bu'uu qaba yaadnj jedhu dhiyaateera.<sup>128</sup>

---

<sup>125</sup> Af-gaaffii Obboo Magarsaa adduunyaa Goonfaa, Hoggabaa Waajjira Haqaa Go/Shawaa Lixaa, gaafa 20/12/06 taasifame

<sup>126</sup> Marii Abbootii Alangaa Waajjira Haqaa Godina Shawaa Lixaa waliin gaafa 19/12/06 taasifame irraa yaada fudhatame

<sup>127</sup> Af-gaaffii Obboo Magarsaa Adduunyaa Goonfaa, Hogganaa Waajjira Haqaa Go/Shawaa Lixaa, gaafa 20/12/06 taasifame

<sup>128</sup> Marii Abbootii Alangaa Waajjira Haqaa Godina Shawaa Lixaa waliin gaafa 19/12/06 taasifame irraa yaada fudhatame

### **1. Labsiin Abukkatummaa**

Hayyama Abuukaatummaa baafachuuf Abbaan Alangaa ykn Abbaan Seeraa hojii gad-lakkisee ji'a jahaa taa'uu akka qabu seeraan taa'ee jira. Adeemsi kun mirga hojii barbaadan hojjachuu jechuun seeraan taa'e waliin akkamiitti akka ilaalamu osoo qorannoon irratti gaggeeffame yaadni jedhu jira.<sup>129</sup>

### **2. Mirga Wabii fi Qarshii Wabummaaf Qabsiifamu**

Mana murtiittis ta'e waajjira poolisiitti akka haala isaatti qaamni aangoo qabu dhimmicha ilaaluun mirga wabii eeguu akka danda'u seeraan taa'e jira. Haa ta'u malee, yeroo qarshiin wabummaan qabamu ogeessota garagaraa biratti haala wal-fakkaataan itti hojjatamaa hin jiru. Shallagii qarshii wabiidhaaf qabsiifamu irratti garaagarummaan ni jira.<sup>130</sup> Kanaaf, dhimmoota kanneen irratti osoo qorannaan gaggeeffame yaadni jedhu ka'eera.

### **3. Dhimmoota yakkaa Iyyata Abbaa dhimmaan falmiif dhihatan.**

Dhimmoota yakkaa dantaa uummataa of-keessatti hin qabannee irratti himannaan dhunfaa dhiyaachuu akka danda'u seeraan tumamee jira. Haa ta'u malee, qabatamaatti haala kanaan hojjatamaa hin jiru. Himannaan Abbaan Alangaa hundeessu keessaa harki caalu , Fakkeenyaaf, sadarkaa Zoonitti % 68 kan ta'u iyyannaa abbaa dhimmaan dhiyaatan irratti rarra'uu,%32 kan ta'an immoo harcaa'anii kan hafaniif fi eeruu nama kamiinuu kanneen dhihataniidha.<sup>131</sup> Kanaaf, akkaataa sirni iyyata dhunfaa itti diriiruu danda'u irratti qorannaan kan barbaachisuu ta'uun ibsameera.

### **4. Guddifata Aadaa fi Seera maatii Oromiyaa**

Bu'uura Seera Maatii Oromiyaa kwt.197tin guddifatni aadaa akkataa firoomni itti uumaman keessaa tokkoodha. Haata'u malee guddifatni akkataa adaatiin raawwatu Mana murtiitti

---

<sup>129</sup>Marii Abbootii Alangaa Waajjira Haqaa Godina Shawaa Lixaa waliin gaafa 19/12/06 taasifme irraa yaada fudhatame

<sup>130</sup> Af-gaaffii Obboo Hordofaa Toleera, Pireezidaantii M/M/O/G/Qeellam Wallagaa, gaafa 13/12/06 taasifame

<sup>131</sup> Af-gaaffii Obboo Qaasiim Galgaloo, Biiroo Haqaa Oromiyaatti Abbaa Adeemsa hojii Qoranaa Yakkaafi murtii Haqaa Kennisiisuu waliin gaafa 6/12/06 taasifame

dhiyaatee yoo hin raggaane gaatii aakka hin qabne tumameera.<sup>132</sup> Hawwaasni keenya garuu barsiifata guddifata bu'uura aadaa taasifamu kana Mana Murtiitti raggaasisuu bay'inaan hin qabu. Sababa kanaaf guddifata booda yommuu falmii qabeenya dhaalaa ka'u namoonni akkaataa aadaatiin guddifataman mirga isaanii yommuu dhaban ni mul'ata. Kaayyoo tumaa kanaa fi qabatamaa hawwasaa wal bira qabuun rakkoo gama kanaan jiru furuuf qorannoon osoo taasifamee gaaridha.<sup>133</sup>

#### **5. Labsii Lafa Baadiyyaa lakk.130/99 fi dambii 151/2005**

Labsii lafa baadiyyaa irratti armaan dura qorannoon kan gaggeeffame ta'uus ijoowwan qorannoon yeroo sana gaggeeffame hin hagugne irratti ammallee qorannoo gaggeessuun kan barbaachisu ta'uun xiinxala taasifame irraa hubachuun ni danda'ama. Kunis, Dambiin lakk. 151/2005 adabbii tumeera kun labsii irra osoo hin taa'in dambiin adabbii kaa'uun dhimma qorannoo barbaadu dha.<sup>134</sup>

#### **6. Dambii Dhimmoota Bulchiinsa, iyyannoo fi komii uumta Naannoo Oromiyaa keessummeessuuf bahe lakk.154/2005**

Dhimmi mana murtiin ilaalama jiru, dhimma farra malaammaltummaa fi kkf dambii kanaan kan hin keessumeeffamne ta'uu ni ibsa. Abbaan Alangaa dhimmoota dantaa mootummaafi uummata gurguddaa ta'an kan keessumeeessa jiruu fi, komii dhimma irratti ka'u sadarkaa sadarkaadhaan akka ilaalu sirna dandeesiisu kan qabu waan ta'eef barbaachisummaan danbichaa ilaalamuu qaba.<sup>135</sup>

#### **7. Labsii Dandiiwwan Oromiyaa Fi Beenya Lafa Baadiyyaaf kaffalamu irratti.**

Labsichi qaamni daandii lafa baadiyyaa hojjetu lafaa fi cirracha ijaarsaaf ta'u tola (bilisa) argata jedha. Manni qonnaan bulaa yeroo diigamu beenyaan hin kanfalamuuf, maasiis dhaabatti jira. Bulchiinsi ykn qaamni ilaallatu laficha bilisa godhee qaama daandii ijaaruuf kennaa hin jiru. Qonnaan bulaafi Abbaan Taayitaa daandii Baadiyyaa Oromiyaa giddutti walitti bu'iinsi

<sup>132</sup> Seera Maatii Oromiyaa labsii 83/1996 kwt.211.

<sup>133</sup> Afgaaffii ob. Takkaaliny.A B/B/Preezdaantii MMO/Go/I/A/Booraa waliin gaafa 22/12/2006 taasifaame

<sup>134</sup> Af-gaaffii ob.Balaay hundumaa,B/B/preezidantii MM/A/ejjeeree, gaafa21/12/06 , Ob.Taayyee Wayyeessaa,hogganaa W/Haqaa/A/amboo,19/12/06 taasifame

<sup>135</sup> Af-gaaffii Ob.Taayyee Wayyeessaa , Hogganaa W/Haqaa/A/Amboo,19/12/06 taasifame

uumamee dhimmoonni gara mana murtiitti yeroo dhufan ni mul'ata. Abbaan Taayitaa daandiiwwan Federaalaa garuu beenyaa ni kaffala. Bakka biyyee itti gateef illee beenyaa yeroo kaffalu ni mul'ata. Labsiin Oromiyaa kun labsii kaffaltii beenyaa Motummaan federaalaa baase waliin walitti bu'a.Hojiirratti/raawwiiratti ejjennoo garagara lamatu qabatamaa jira. Hiikkoorratti kaan labsii federalaa bu'uura godhachuun hiikuun murtii yeroo laatan warri kun immoo labsii dandiiwwan Oromiyaa irratti hundaa'uudhan hiiku. Kanaaf, hoj-maata kana sirreessuuf qorannoon kan barbaachisu ta'uun xiinxala taasifameen ka'eera.<sup>136</sup>

#### **10) Maanuwaalii Qorannaa Yakkaa**

Akkaataa qorannoon yakkaa itti gaggeeffamuu qabu irratti istaandardiin akka naannoo keenyatti tumamee hin jiru waan ta'eef akkaataa maanuwaaliin kun bahuu danda'u irratti qorannoon osoo gaggeeffame gaariidha yaadni jedhu ka'eera.<sup>137</sup>

#### **11) Bu'a qabeessummaa leenjii ILOQHQS'O'n kennamu**

Inistiitiyuutiin kun leenjii erga kennuu jalqabe yeroo dheeraa tureera haa ta'u malee, leenjiin kennamu hanga barbaadamu jijjiran fidaa hin jiru, kanaaf, hanqinni jiru maal akka ta'e osoo qoratamee gaarii dha.<sup>138</sup> Kana malees, mata dureewwan leenjii inistiitiyutichi irratti leenjii kennaa ture irratti ammallee hanqinni waan jiruuf osoo qoratame gaarii dha.<sup>139</sup>

Kana malees bar-gaaffii waliitti qabame irratti mata dureewwan qorannoo garagaraa ibsamaniiru. Isaanis,

- 8) Qoodinsa Qabeenya Abbaa Manaa fi Haadha Manaa
- 9) Dhagaha guutuu irratti (kwt. 69-78) - gareen wal-falman yoo hafan tarkaanffiiwwan fudhatamuu qaban.
- 10) Sirna daataa/istaatiksiin galmee qorannaa yakkaa itti qabamu irratti.
- 11) Sirna Ramaddii Ogeessootafi hoggantoota Poolisii.

---

<sup>136</sup> Af-gaaffii Obboo Asfaaw Nagaraa, preezidantii Mana Murtii Aanaa Amboo waaliin gaafa 20/12/06 taasifame

<sup>137</sup> Af-gaaffii Obboo Bojaa Taaddasa Itti/Aanaa Pireezidaantii MMWO, gaafa 07/12/2006 taasifame.

<sup>138</sup> Af-gaaffii Obboo Abdukarim Hussein, Pireezidaantii MM aanaa Baabbilee, gaafa 13/12/2006 taasifame.

<sup>139</sup> Af-gaaffii Obboo Mohaammad Jimaa, Pri/MMO God Shawaa bahaa, gaafa 19/12/2006 taasifame.



- 12) Seera shororkeessummaa fi adeemsa qorannoo isaa.
- 13) Adeemsa falmii yakka malaammaltummaa
- 14) Garaagarummaa mana murtii idilee fi mana murtii bulchiinsaa gidduu jiru.
- 15) Seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa keessatti adeemsa caalbaasiif daangaa yeroo kanaan wal-qabatee jiru.
- 16) Seerotni feedaraalaa fi naannoo haala kamiin hawaasa bira gahuu qabu?
- 17) Daangaa waliitti dhufeenya mana murtii fi sagantaa fooyya'insa sirna haqaa
- 18) Eegumsa dubartoota fi daa'immaniif gaa'ela keessas ta'e gaa'elan alaa taasifamuufii qabu.

### **3.3. YAADA GUDUUNFAA**

Fedhii leenjii fi qorannoo gaggeessuu kessaatti rakkoon guddaan mudatu yeroo gabaabaa fi bajata xiqqoo ramadamuun odefannoo gahaa fi guutuu ta'e argachuun murtii irraa gahuu danda'uu dha. Kana malees, odeffaannoon qaamota gaafataman irraa kennamu murtii fedhii leenjii fi qorannoof dursa kennuu kessaattii bakka ol'aanaa qaba. Odeffannoo argamu irraa ka'uun kaayyoo qorannoon kun galmaan gahuuf barbaade fedhii leenjii fi qorannoo adda baasuun kaa'u dha.

Fedhiwwaan leenjii fi qorannoo dursa argachuun kennaman rakkiinoota fi hanqinaalee hubannoo, beekumsaa fi ilaalchaa ogeessotni qaamolee haqaa qaban furuu kessaattii bakka ol'aanaa ni qabaatu. Haa ta'u malee, leenjiin hojiiirraa bu'aa akka armaan olitti ibsame kana argamsiisuu kan danda'u, rakkoon qabatamaan ogeessota kanneen hojiirratti quunnamu dursee kan beekame yoo ta'ee fi sagantaan leenjii qophaa'u kunis qabatamaa fi fedhii leenjii ogeessotaa kan bu'uureffate gochuun yoo danda'ame qofaa dha.

Institiyuutiin kun bara hojii 2007 tti ogeessota qaamolee haqaa garagaraaf mata-dureewwan leenjii adda addaa irratti Leenjii Hojiiirraa yeroo gabaabaa qopheessuufi rakkoo hoj-maata fi seeraa qaamolee haqaa gama dandeettii, naamusaa fi ilaalchan jiru furuuf qorannoowwan gaggeessuuf karoofatee jira.

Kanaaf qorannoon kun fedhii leenjii ogeessota qaamolee haqaa garagaraa dursa argachuu qaban adda baasuuf kutaawwan seeraa garagaraa bifa bar-gaaffii fi af-gaaffiin ogeessota kanaaf dhiyeessee jira. Mata dureewwan kutaawwan seeraa garagaraa keessatti filannoof dhiyaatan

keessaa kanneen sadarkaa 1<sup>ffaa</sup>-2<sup>ffaa</sup> jiranii fi af-gaaffii taasifameenis rakkoo cimaa qaamolee haqaa ta'uun isaanii ibsaman fedhii leenjii dursa argachuu qabanii fi instiitiyuutichi dursa kennee sagantaalee leenjii irratti qopheessuu qabu yaada furmaataa kanaaf filatamaniiru. Kana malees, mata dureewwan leenjii wal-deeggarruu danda'aniifi moojuulii tokko ta'uu hin dandeenye bakka tokkootti akka waliitti dhufan taasifamaniiru. Fakkeenyaaf, aangoofi itti gaafatamummaa Abba Alangaa adda baasuu, bilisummaa hojii fi naamusa ogummaa kan jedhu "Aangoo, bilisummaafi itti gaafatamummaa Abba Alangummaa", ijoon leenjii hundeeffama, fooyya'iinsaafi diiggaa waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'ee (Plc) fi Waldaa aksiyoona (Share Company) jedhu mata duree "galmeessa ragaaleefi kenna hayyama" jalatti akka hammatamu ta'eera.

Mata dureewwan kunis:

1. Dhimmoota qorannoo yakkaa waliin walqabatan (yeroo bellamaa, mirga wabii) (Abbootii seeraa sadarkaa hundaaf, abbootii alangaa sadarkaa hundaaf)
2. Addaan citiinsa falmii yakkaa fi darbiinsa yeroo (Abbootii seeraa sadarkaa hundaaf, abbootii alangaa sadarkaa hundaaf)
3. Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa shammattotaa (Abbootii seeraa sadarkaa hundaaf, abbootii alangaa sadarkaa hundaaf, Qorattoota poolisii)
4. Rogummaa, Fudhatamummaa fi madaallii ragaa dhimmoota yakkaa irratti. (Abbootii seeraa sadarkaa hundaaf, )
5. Itti gaafatamummaa ijoollota yakka raawwatanii, adabbii fi tarkaanfii isaan irratti fudhatamu. (Abbootii seeraa sadarkaa hundaaf, )
6. Labsii liizii (Abbootii seeraa sadarkaa hundaaf, )
7. Hariiroo hojii, daangaa raawwii hojjetaaf hojjechiisaa, Hundeeffama, Addaan citiinsa fi falmii hojjetaa fi hojjechiisaa, Darbiinsa yeroo, Miidhaa Sababa hojiin dhufuu fi bu'aa inni hordofsiisu (Abbootii seeraa sadarkaa hundaaf, )
8. Hanga beenyaa murteessuu (Abbootii seeraa sadarkaa hundaaf, )
9. Dhaaltummaa mirkaneeffachuu, qulqulleessuu fi darbiinsa yeroo. (Abbootii seeraa sadarkaa hundaaf, )
10. Jeequmsa qabiyyee fi qabeenyaan wal qabatu (Abbootii seeraa sadarkaa hundaaf, )

11. Murtii kennan irra deebi'uun ilaalu(Review of judgement in court of rendition) (Abbootii seeraa sadarkaa hundaaf, )
12. Gidduulixummaa, makaminsa garee 3ff<sup>aa</sup> fi murtii mormuu (Abbootii seeraa sadarkaa hundaaf, )
13. Sanadoota maallaqa daddarboo (*Negotiable instrument*) (abbootii seeraa mana murtii olaanaa fi waliigalaa)
14. Seera inshuraansii (abbootii seeraa mana murtii olaanaa fi waliigalaa)
15. Mirga namoomaa kabachiisuu keessatti gahee mana murtii(judicial activism fi judicial self restraint)( Abbootii seeraa sadarkaa hundaaf)
16. Hiikkaa wal diddaa Filannoo (ADR) (Abbootii seeraa sadarkaa hundaaf, )
17. Yakkoota sanada dirqamaa ykn wabummaa fi qarshii sobaa qopheessuu (abbootii alangaa godinaa fi naannoo)
18. Aangoo, bilisummaa fi itti gaafatamummaa Abbaa Alangummaa (abbootii alangaa sadarkaa hundaaf)
19. Kenna hayyamaa fi galmeessa ragaalee (abbootii alangaa sadarkaa hundaaf)
20. Haala ragaan ittiin funaanamuu fi madaalamu (qorattoota poolisiif)
21. Balaa tiraafikaa fi gahee qaamolee haqaa (qorattoota poolisiif, fi abbootii alangaa sadarkaa hundaaf)
22. Labsii malaammaltummaa (qorattoota poolisiif, fi abbootii alangaa sadarkaa hundaaf)
23. Labsii shororkeessummaa((qorattoota poolisiif, fi abbootii alangaa sadarkaa hundaaf)

Matadureewwan kunnen kan filataman kutaawwan seera gara garaa (seerota bu'uura fi seerota adeemsaa fi labsiilee garagaraa) keessaa sagalee caalmaadhaan ogeessota qaamolee haqaa gara garaa (abbootii seeraa, abbootii alangaa, qorattoota poolisootaa fi abbootii alangaa idilee fi farra malaamalatummaa akkasumas abuukaatoo ittisaa) biratti fedhii leenjii ta'anii sadarkaa 1ffaa-2ffaa irratti kanneen filamanii dha. Dhimmootni mata duree sagantaalee leenjii ta'uun filataman kunneen qabiyyee akkamii qabaachuu akka qabanii fi ijoowwan irratti xiyyeeffatanii qophaa'uu qaban ilaalchisee xiinxala armaan olitti gaggeeffame irraa yaada ka'uumsaa argachuun ni danda'ama.

Matadureewwan armaan olitti ibsaman fedhii leenjii abbootii seeraa, abbootii alangaa, abbootii alangaa koomishinii naamusa fi farra malaamaltummaa, abuukaatoo ittisaa, qorattoota poolisii kan agarsiisuu yoo ta'u, dabalataan daataan fi ofiiseeroota seeraa, irraa kan funaaname yoo ta'u mata dureen fedhii leenjii dhiyaatee kaan irraa adda waan ta'eef, qofaa isaa agarsiisuun barbaachisaa dha. Kanaaf, matadureewwan fedhii leenjii ofiseerota seeraafkuta adda addaa keessatti dhiyaate keessaa kanneen sagalee guddaa argachuun sadarkaa 1<sup>ffaa</sup>-2<sup>ffaa</sup> argatan akka kanaa gadiitti ibsamaniiru.

1. Aangoo manneen murtii (jurisdiction courts), iyyatni, himanni fi ol'iyyatni dhiyaatu ulaagaalee seeraa kan guute ta'uu adda baasuu
2. Adeemsa Raawwii murtii fi caalbaasii.

Gara dhimmoota qorannoon irrattii gaggeeffamu qabutti yoo dhufnu mata dureewwan qorannoo rakkoo sirna haqaa naannichaa hiikuuf danda'an garagaraa qaamolee adda addaa haala giddu galeessa godhateen filannoof dhiyaatan keessaa kanneen sadarkaa 1ffaa-9ffaa argatan akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

1. Raga sobaa barreefamaa
2. Rakkoowwan wixinee seeraa, adeemsa seera baasuu fi hojirra oolmaa seeroota caffee
3. Qorannoo fooreensiikii:
4. Raawwii Seera Liizii
5. Dhimma hariiroo hawaasaa keessatti gahee A/A
6. Rakkoolee naamusa oggeessoota qaamoolee haqaa
7. Waligaltee hojjataaf hojjachiisa
8. Daangaa fi walitti dhufeenya hojii bulchiinsa m/murtii fi bulchiinsa dhimmaa
9. Hojirra oolma kominitii poolisiingii naannoo oromiyaa

HUB:- Matadureewwan qorannoon armaan olitti ibsaman rakkoowwan qorannoo barbaadan haala waliigala ta'een kan agarsiisan malee qorattoota dhimmoota kanarratti qorannoo gaggeessan daangeessuuf kan qophaa'an miti. Kanaaf, qorattootni mata dureewwan armaan olitti ibsaman kana haala rakkoo agarsiifame hammachu danda'uun sirreessuu ni danda'u.

---

### ❖ **Maddoota**

- ✓ *Sirna madaallii bu'aa karoora tarsiimoo ILQSO, bara 2003 kan hin maxxanfamne*
- ✓ [Http://en.wikipedia.org/wiki/Needs\\_assessment](http://en.wikipedia.org/wiki/Needs_assessment)
- ✓ [Http://en.wikipedia.org/wiki/needs\\_assessment](http://en.wikipedia.org/wiki/needs_assessment)
- ✓ [www.statetraining-ca.gov/files/TNA\\_DOE.ppt](http://www.statetraining-ca.gov/files/TNA_DOE.ppt)
- ✓ *Review of Judicial Training and education in other Jurisdiction*  
[Http://www.ucl.ac.uk/laws/judicial-institute/docs/Judicial\\_Training\\_Report.pdf](http://www.ucl.ac.uk/laws/judicial-institute/docs/Judicial_Training_Report.pdf)

### ❖ **Maqaa Namoota Af-gaaffiin Waliin Taasifame**

- 1 Af-gaaffii Obbo Naannoo badhadhaa, qindeessaa garee qorannaa himannaa yakka malaammaltummaa KNFMNO waliin gaafa guyyaa 06/12/2006
- 2 Af-gaaffii Obboo Galatoo Annootaa, Abbaa adeemsa qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa fi B/B hooggana waajjira haqaa Aanaa Arsii Nageellee waliin gaafa guyyaa 12/12/2006
- 3 Af-gaaffii Insp. Edaasoo Baatii abba adeemsa kutaa qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira poolisii Aanaa Arsii Nageellee waliin gaafa guyyaa 12/12/2006
- 4 Af-gaaffii Obboo Kabbadaa Tasammaa pirezidaantii mana murtii Aanaa Arsii Nageellee waliin gaafa guyyaa 13/12/2006
- 5 Af-gaaffii Insp. ol Amaan Aliyyii, abba adeemsa kutaa qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa qajeelcha poolisii godina arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 13/12/2006
- 6 Af-gaaffii Obboo Amiin Adam, Hoogganaa waajjira haqaa godina arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 14/12/2006

- 7 Af-gaaffii Obboo Hussein Jirruu,B/B Pireezidaantii mana murtii ol'aanaa godina arsii lixaa waliin gaafa guyyaa 14/12/2006
- 8 Af-gaaffii Obbo Yaasiin Ibraahiim,pirezidaantii mana murtii Aanaa Gadab hasaasaa waliin gaafa guyyaa 15/12/2006
- 9 Af-gaaffii Obbo Culuqee Qaabatoo,hooggana waajjira haqaa Aanaa Gadab hasaasaa waliin gaafa guyyaa 15/12/2006
- 10 Af-gaaffii Ins.Balaay W/Tsaadiq,abbaa adeemsa kutaa qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira poolisii Aanaa Gadab hasaasaa waliin gaafa guyyaa 15/12/2006
- 11 Af-gaaffii Obboo Kabbadaa Yaa'ii Hoogganaa waajjira haqaa godina Baalee waliin gaafa guyyaa 19/12/2006
- 12 Af-gaaffii Obboo Girmaa LammaaPirezidaantii mana murtii ol'aana godina Baalee waliin gaafa guyyaa 20/12/2006
- 13 Af-gaaffii Obboo Fayyisaa Nugusee,pirezidaantii mana murtii Aanaa Sinaana waliin gaafa guyyaa 20/12/2006
- 14 Af-gaaffii Obboo Salamoon Taaddasaa Hoogganaa waajjira haqaa Aanaa Sinaana waliin gaafa guyyaa 20/12/2006
- 15 Af-gaaffii Kom.Geetachoo Gabbisaa Hoogganaa qajeelcha poolisii godina Baalee waliin gaafa guyyaa 20/12/2006
- 16 Af-gaaffii Saj.ol Isheetuu Balaachoo,abbaa adeemsa kutaa qorannaa yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira poolisii Aanaa sinaana waliin gaafa guyyaa 21/12/2006
- 17 Af-gaaffii Obboo Isheetuu Gizaaw ,hoogganaa waajjira haqaa Aanaa Goobbaa waliin gaafa guyyaa 20/12/2006
- 18 Af-gaaffii G/saj.Abaataa Girmaa B/B abbaa adeemsa kutaa qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira poolisii Aanaa Goobbaa
- 19 Af-gaaffii Obboo Boruu Guyyee pirezidaantii mana murtii Aanaa Goobbaa waliin gaafa guyyaa 20/12/2006
- 20 Af-gaaffii Obboo Damoozee Maammee, Pirezidaantii MMWO, gaafa 07/12/2006 taasifame.
- 21 Af-gaaffii Obboo Bojaa Taaddasa Itti/Aanaa Pirezidaantii MMWO, gaafa 07/12/2006 taasifame.

- 22 Af-gaaffii Obboo Miliyoon Wandaafraash, Itti/Gaafatamaa WHG Harargee Bahaa, gaafaa 12/12/2006 taasifame.
- 23 Af-gaaffii Obboo Makonnin Shallama, Ab/ad/Ho/Qo/Yakkaa fi Mu/ha/Ke, God/Harargee Bahaa, gaafa 12/12/2006 taasifame.
- 24 Af-gaaffii Obboo Jaabir Nuuree, B/B Pri/MMO God/Harargee Bahaa, gaafa 12/12/2006 taasifame.
- 25 Af-gaaffii Obboo Itti/Aanaa/Inspeektaraa, Abdallaa Mohaammad, B/B Ab/ad/Ho/Qo/Yakkaa fi Mu/ha/Kennisisaa Aanaa Baabbilee, gaafa 13/12/2006 taasifame.
- 26 Af-gaaffii Obboo Abduukarim Hussein, Pireezidaantii MM aanaa Baabbilee, gaafa 13/12/2006 taasifame.
- 27 Af-gaaffii Obboo Dajanee Waaqumaa, B/b Itti/Gaafatamaa WH aanaa Baabbilee, gaafa 13/12/2006 taasifame.
- 28 Af-gaaffii Obboo Ins/Olaanaa Girmaa Maammoo, Ab/ad/Ho/Qo/Yakkaa fi Mu/ha/Ke/Aa/Meettaa, gaafa 14/12/2006 taasifame.
- 29 Af-gaaffii Obboo Jibriil Jamaal, Itti/Gaafatamaa WH aana/meettaa, gaafa 14/12/2006 taasifame.
- 30 Af-gaaffii Obboo Mahaammad Abdumajiid, Pireezidaantii MM aana/meettaa, gaafa 14/12/2006 taasifame.
- 31 Af-gaaffii Obboo Mohaammad Jimaa, Pri/MMO God Shawaa bahaa, gaafa 19/12/2006 taasifame.
- 32 Af-gaaffii Obboo Dabalee Baqqalaa, B/B pri/Waj/Haqa/Go/Shawaa Bahaa, gaafa 20/12/2006 taasifame.
- 33 Af-gaaffii Obboo Kabbada Giddumaa, Pireezidaantii MM aanaa Fantaallee, gaafa 22/12/2006 taasifame.
- 34 Af-gaaffii Obboo Saj/Xiilaahuun Waaqumaa, B/B Ab/ad/Ho/Qo/Yakkaa fi Mu/ha/Ke A/Fantaallee, gaafa 22/12/2006 taasifame.
- 35 Af-gaaffii Addee Geexee Badhaadhaa, B/B Itti/Gaafatamaa WH aanaa Fantaallee, gaafa 22/12/2006 taasifame.
- 36 Af-gaaffii Obboo Saj Birhaanuu Dhaabii, Ab/ad/Ho/Qo/Yakkaa fi Mu/ha/Ke/Aa/Dugdaa, gaafa 26/12/2006 taasifame.

- 37 Af-gaaffii Obboo Iyoob Dastaa, Itti/Gaafatamaa WH aana Dugdaa, gaafa 26/12/2006 taasifame.
- 38 Af-gaaffii Obboo Kabbada Tashooma B/B Pireezidaantii MM aanaa Dugdaa, gaafa 26/12/2006 taasifame.
- 39 Af-gaaffiiKom. Addunyaa Dabalaa Ho/Ko/Po/O gaafa 07/12/2006
- 40 Af-gaaffiiKom. Asaffaa A/Ad/Qo/Tak/ko/Po/O gaafa 07/12/2006
- 41 Af-gaaffii Kom. Tsagayee A/Ad/Qo/Tek/ko/Po/O gaafa 07/12/2006
- 42 Af-gaaffiiOb.Takkaliny Asfaa BB/Pireezdaantii MMO/Go/I/A/Boor – gaafa 22/12/2006
- 43 Af-gaaffiiOb. Gammachuu Baqqalaa Pireezdaantii MMO/Go/jimmaa – 20/12/2006
- 44 Af-gaaffiiOb. Geetuu Gaddataa Ho/W/H/Go/Jimmaa - gaafa 12/12/2006
- 45 Af-gaaffiiOb. Pheexiroos gaafa A/A/Go/I/A/Boor – 14/12/2006
- 46 Af-gaaffiiInsp. Akliiluu Araggaa I/Ku/Qo/W/Po/A/Mattuu gaafa 14/12/2006
- 47 Af-gaaffiiKom. Eebbisaa Asaffaa Ho/Q/Po/Go/Jimmaa – 15/12/2006
- 48 Af-gaaffiiOb. Mohammad Saadiq Preezdaantii MMA/Mattuu –14/12/2006
- 49 Af-gaaffiiob .Jamaal A/Foggii Preezdaantii MMA/Jimmaa – 15/12/2006
- 50 Af-gaaffii Ob. Ibraahim Shariif Ho/W/H/A/Jimmaa – 16/12/2006
- 51 Af-gaaffiiOb. Birratuu Waaqjiraa Ho/W/H/A/Beddellee-13/12/2006
- 52 Af-gaaffiiInsp. Habtee Wadaajoo I/Ku/Qo/W/Po/A/Beddellee gaafa 13/12/2006
- 53 Af-gaaffiiObboo Malakuu Kumsaa, Biiroo Haqa Oromiyaatti Abbaa Adeemsa Hojii Adeemsa Bulchiinsa Humna Namaa, 6/12/06
- 54 Af-gaaffiiObboo Qaasim Galgaloo, Biiroo Haqa Oromiyaatti Abbaa Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaafi Murtii Haqaa Kennisiisuu, 6/12/06
- 55 Af-gaaffiiObboo Gammachuu Leencaa , Hogganaa Waajjira Haqaa Godina Qeellam Wallagaa , 13/12/06
- 56 Af-gaaffiiItti Aanaa Koomandaraa Nuurasaa Akkaanaa Gabaabee,Abbaa Adeemsa Hojii Qomannaa Yakkaafi Murtii Haqaa Kennisiisaa Qajeelcha Poolisii Godina Qeellam Wallagaa, 14/12/06
- 57 Af-gaaffiiObboo Hordofaa Toleeraa, Pireezidantii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Qellam Wallaggaa, 13/12/06
- 58 Af-gaaffiiObboo Amsaaluu Olaanii Dhugumaa,Preezidantii Mana Murtii Ol'aanaa Go/Shawaa Lixaa,20/12/06



- 59 Marii Gaafa 19/12/06 Abbootii Alangaa Go/Sh/Lixaa Waliin Taasifame Irra Yaada Walitti Qabame
- 60 Af-gaaffiiObboo Magarsaa Adduunyaa Goonfaa, Hogganaa Waajjira Haqaa Go/Sh/Lixaa, 20/12/06
- 61 Af-gaaffiiObboo Balaay Hundumaa Daboo, B/bu'aa pirezidantii mana Murtii Aanaa Ejeree,21/12/06
- 62 Af-gaaffiiHayiluu G/Maariyaam, Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Ejeree,21/12/06
- 63 Af-gaaffiiObboo Taariku Sabeessaa, Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Sayyoo,
- 64 Af-gaaffiiObboo Galalchaa Bojaa B/bu'aa Abbaa Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisu,14/12/06
- 65 Af-gaaffiiTasfaayyee Wayyeessaa Baqqaanaa ,Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Amboo, 19/12/06
- 66 Af-gaaffiiObboo Asfaaw Nagaraa, Pirezidantii Mana Murtii Aanaa Amboo, 20/12/06
- 67 Af-gaaffiiObboo Misgaanuu Qaabataa B/Bu'aa Pirezidantii Mana Murtii Aanaa Daallee Sadii, 15/12/06
- 68 Af-gaaffiiObboo Toleeraa Fufaa ,Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Daallee sadii,15/12/06
- 69 Af-gaaffii Itti aanaa /Saj/ Zalaalam Namoomsaa Hogganaa Poolisii fi Gargaaraa/Saj/Lammaa Magarsaa, Abbaa Adeemsa Qorannaa yakkaa Waajjira Poolisii Aanaa Daalee Sadii, 15/12/06
- 70 Af-gaaffiiInspeektar Naatinaa'eel Abbabaa, hoggana poolisii Waajjira Poolisii Aanaa Sayyoo,Gargaraa/Saj/ Habtamuu, Abbaa Adeemsa hojii Qorannaa yakkaa Fi murtii Haqaa kennisiisuu Waajjira Poolisii Aanaa Sayyoo,14/12/06
